BAAFATA

05 CE'UMSI EESSA GA'E?

10 IYYA HIRRISNEE HOJIITTI JIRRA

18 IRRA DEEBII SEENAAFI YAADDOSAA

21 BAANDII BILISUMMAA IRRAA HANGA GAAZEXAA URJII HUNDEESSUUTTI /SEENAAFI GA'EE ARTIST DAGIM MOKONNON

35 MAAYIKALAAWWII MUUZIYEEMII TA'EEFI, MUUZIYEEMII MAAYIKALAAWWII TA'E

BADHAASA NOOBELA NAGAAFI NAGEENYA BIYYA KEESSAA

Sochii warraaksa uummata Oromoo walitti fufiinsaan waggoota baayyeef godhame booda, biyyi Itiyoopiyaa jijjiirama mullatoo ta'an agarsiisuutiin sadarkaa mootiin biyyichaa dhageettii addunyaalessaa argachuudhaan badhaasa guddaa akka addunyaatti maqaa qabu badhaafamuurra qaqqabde. Sababoota jijjiirama biyya keenyaa dhugoomsan keessaas kan jalqabarratti heeramu sochii walta'aa uummtni Oromoo dheebuu jijjiiramaaf taasise yeroo ta'u, haala kana keessattis, dhiibbaan uummatichaan taasifame, paartii siyaasaa uummatasaa waan ganeef uummataan jibbame keessaa namni masaraa mootummaatti dhihoo ta'e akka dhiibee ba'uuf dirqisiise. Haaluma kanaanis jijjiirraa mootummaa biyyattii keessatti, ilmi Oromoo akka mootii Itiyoopiyaa ta'uuf karaan baname. Paartii uummatni 'gantuu' jedhee waamu keessaas, afaanni rakkoo uummataa haasa'u, harki madaa uummataa hooqu argamuusaaf, uummatnis carraa paartichaaf laatee dhaggeeffachuuf akka dirqamu isa taasise.

Adeemsota jijjiirama biyyattii keessattis, namni Oromummaasaa himatuufi mullinatti paartii Oromoo keessaa ba'e, yeroo duraaf biyyattii waan bulcheef, jechamoonni sababa jibba Oromoof uumaman kanneen akka 'Oromoon biyya bulchuu hin danda'u' jedhanfaa carraan oduu duwwaa ta'ee darbuusaa calaqqise. Mootiin biyyattii saba Oromoo keessaa ba'e kun sadarkaa biyya bulchuutti, bulchitoota biyya keessaarra darbee akka addunyaalessaattuu, tooftaawwan bulchiinsa isaa dinqisiifatamanii badhaasa addunyaaf isa qaqqabsiisuu danda'an. Haaluma kanaanis badhaafamaa Noobelaa kan bara 2019 ta'uutiin, nama 100ffaa badhaasicha fudhate ta'uun galmee badhaafamtoota Noobelaa keessaa toora, 'Mo'aa Nagaa' keessa galuu kan danda'e, Mooti biyya Itiyoopiyaa saba Oromoo keessaa ba'e Dr.Abiyyi Ahimad Aliidha.

Badhaasni Noobelaa waggaatti si'a tokko badhaafamaa baraatiif kan kennamu yeroo ta'u, ulaagaaleen badhaasichaa inni guddaan sadarkaa irratti hojjetaniin dhiibbaa dinqisiisaa yookaan tooftaa haaraa kanaan dura hin barataminiin, hojii kalaqaas ta'u kan biraa nama hojjechuu danda'eef kan kennamudha. Namootni hanga har'aatti badhaafamtoota Noobelaa ta'anis golee arfan addunyaa keessaa walitti kan dhufan yeroo ta'u, dhiibbaa addaa bara sana keessatti raawwataniin madaalamanii kan badhaafamanidha. Kana jechuunis, badhaafamaan badhaasa noobelaa tokko waan haaraa yookaan waan dadhabame tokko hojjechuu nama danda'e jechuudha. Haaluma kanaanis Ministeerri Muummee Itiyoopiyaa Dr.Abiyyi Ahimad sababoota badhaafamaa Noobelaa isaan taasisan keessatti warreen caqasaman, dhimmoota nageenyaa gaanfa Afirikaa irratti of kennanii hojjechuudhaan dhiibbaa gochuu isaaniiti. Dhimmoota kana keessattis wantoonni caqafaman, waldhabdee Eertiraafi Itiyoopiyaa waggoota 20 oliif ture furuun, biyyoota lamaan walitti araarsuu danda'uu isaaniitiin, miirri waldhabdee Eertiraafi Etiyoopiyaa gidduu tures furamuudhaan gara miira jaalalaatti yoo deebi'utti, rakkoon biyyattii lamaanii furamuudhaan harki wal waraanuuf afaan qawwee utubee ture, qawwee lafa kaa'ee akka wal hammatu taasifame. Addunyaanis gocha kana raajeffachuudhaan ijasaa tooftaa bulchiinsa Dr.Abiyyirra ka'ate. Ijni addunyaan isaanirra godhates, kaadhimamaa badhaasa noobela nagaa akka ta'uuf Dr.Abiyyiin afeerte.

Badhaasni Nobelaa kunis gita biyyoota walitti fiduun nagaa buusuu danda'uu mootummichaatiin dhugumattuu kan isaan madaaludha jedhamee faarfamuun, uummatni Oromoo bakkeewwan garaagaraatii gaafa onkoloolessa 2 dirreetti ba'uun "Baga nuuf badhaafamte" jechuudhaan gammachuusaa ibsate. Haa ta'u malees namoonni haala nageenya biyya keessaa wajjin wal bira qabuudhaan, badhaasni kun Dr.Abiyyiin hin madaalu jedhanii qeeqanis heddumminaan mullataniiru. Namoonni kunis akka ragaatti sababoota isaan akka ragaatti dhiheeffatan keessaa tokko nageenyi biyya keessaa dhibuusaa yeroo ta'u, keessattuu gama lixaafi Kibba Oromiyaatiin nagaan duraan ture amma dhibuutiin lubbuun uummata nagaa ba'aa utuu jiruu mootummaan kun badhaasa Noobelaa argachuun dogoggora jechuutiin namoonni dubbatan heddummataniiru.

Nutis dandeettiin Eertiraafi Itiyoopiyaa walitti araarsee, kellaa jibbaa duraan ture diiguu danda'e, dandeettiin uummataafi mootummaa Sudaaniif gurra wal dhaggeeffatu akka qabaatan taasise sun, dandeettiin biliisummaa miidiyaa uumuuf yaalee dinqiosiiffannaa argamsiisuun 'mo'aa nagaa addunyaa' jedhamee badhaasaaf isaan qaqqabsiise sun, biyya keessattis deebi'ee rakkoo golaa qabnu furuu danda'uu qaba. Erga abidda ofirraa fuudhanii, ormarraa kaasu waan ta'eef, nagaan biyya keenyaa dursuu akka qabuuf hojjechuun mootummaa yeroonsaa amma. Akkuma Oromoon "Ofii ba'an, ambaa na'an!" jedhu san, ijni mootummaafi yaadnisaa gara qe'eetti deebi'uutu irra jiraataan dhaamsa keenya isa 'baga gammadde' jechuu dursuudha!

Barruu Gullallee Post
Dhaabbata Beeksisaafi Maxxansaa Gadaa Gullallee
BAKKI ARGAMA
Kutaa qopheessaa, Magaalaa Finfinnee,
Qiirqos Ganda 1ffaa, Lak. Manaa 199/2/2-6
Daandii gara Atilaasitti geessurraan, Gamoo
Inshuraansii Awwaash irra
Lak.Bil.0115577965
e.mail. gulale.post2019@gmail.com

Qopheessaa Olaanaa:
Lalisaa Indiris Adam
Teessoo, Finfinnee Gullallee 03

Qopheessitoonni:
Qaasim Amaanoo Olbaanaa Tuuchoo

Maarkeetiingiifi Beeksisa
Solomoon Alamaayyoo
Bilb.0911430584

Hirmaattota
Pirofeser Isqeel Gabbisaa
Yaayyaa Bashir
Moonenus Hundarraa
Dassaaleny Alamaayyoo
Gargaaraa Pirofeesaraa,
Fedhasaa Taaddasaa
Toleeraa Fiqiruu
Abboomaa Taaddasaa
Abboomaa Margaa

Bakka Maxxansaa
Kutaa B/M Araadaa
Aanaa 10
Lak.Manaa 066/A
0911223335
0911223335/0911420506

ARROO



Moonenus Hundarraa
(MA; Qorataa Siyaasaa fi Federaalizimii)

OROMOON KIBBATTI HAFE; ODP'N KAABATTI GALE

(BIYYOORRAA DHUFTE; BIYYOOTTI DEEBITE)

Xiinxalaa fi qorannoo siyaasa addunyaa keessatti,'kallattiin' bakka guddaa qaba; hiika mataasaa danda'es of keessatti ni qabaata. Fakkeenyaaf, siyaasa addunyaa kana garaagarummaa ilaalchaa (ideology) irratti hundoofnee yoo ilaalle, qoqqoodama kallattii 'Addunyaa gara Dhiyaa (Kaappitaalizimii kan hordofan)' fi 'Addunyaa gara Bahaa' (Sooshaalizimii kan hordofan) jedhutu jira. Gama biraan immoo, addunyaan kun kallattiiwwan 'Kaabaa fi Kibba' jedhamuudhaan qoodamti.

Kaabaa-Kibba jechuudhaan addunyaa kana ibsuun kan barbaachiseef wantoota lama ibsuuf jedhameeti. Inni jalqabaa, seenaa sirna kolonii yaadachuu fi dhiibbaawwan isaan wal-qabatan ibsuun yeroo barbaadamu, addunyaa gara Kaabaa akka Koloneeffataatti; addunyaa gara Kibbaa immoo akka Koloneeffatamaattikallattiidhaan qoodsamanii ibsamu.Inni lammataa immoo sadarkaa jiruu fi jireenya hawaasaa ibsuuf jecha addunyaa gara Kaabaa duuressaa fi qaroomaa.Addunyaa gara Kibbaa immoo hiyyeessaa fi boodatti hafaa akka ta'eetti ibsuudhaaf kallattiiwwan Kaabaa-Kibba jedhutti dhimma bahama.

Haala qabatamaa siyaasaa, jiruu fi jireenya impaayera Xoophiyaa ibsuun yoo barbaadames 'Ibsa Kallattiiwwaniin' dhimma bahuun akka danda'amu gamanumaan isin yaadachiisaa barreeffama mata-duree "Oromoon Kibbatti Hafe; ODP'n Kaabatti Gale" jedhu kana keessatti haala qabatamaa siyaasa Oromoo kan har'aa ibsuufan yaala.

"Mootummaan Wayyaanee impaayera Xoophiyaa fi Oromiyaa keessatti akka ijaaramu gochuu keessatti oolmaa guddaa ABUT'f kan oole DhDUO akka ta'e Oromootu ragaadha."

Seenaa fi Akeeka Qabsoo Oromoo Gabaabaatti

Bara 1855 ALA irraa kaasee sirni ijaarsa impaayera Xoophiyaa fi hundeeffamni mootummoota ishee garee aangoorra jiruu fi Uummata bal'aa jidduutti hariiroo hucuuccaa (suppression), bittaa (oppression), irraa-mulquu (dispossession), qe'eerraa harii'uu (displacement) fi humna dhabsiisuu (disempowerment) gidu-galeessa taasifate irratti hundaa'e. Lafaa fi qabeenya Uummattootaa erga fudhatanii booda qorqalbii, eenyummaa, aadaa, afaanii fi amantaa Uummattootaa balleessanii kan ofii isaanii irratti fe'an. Waggoota 150 oliif sirna akkasii diriirsanii dhimma itti ba'anis gama tokkoon hawwiin isaan 'Biyya tokko; Saba tokko' ijaaruuf qabatanii ka'an hin milkoofneef; gama biraan immoo egeree impaayera Xoophiyaa fi Uummattootaa irratti dhiibbaa hamaa uumee darbe. Garuu, dhiibbaan jaarraa tokkoo fi walakkaaf Oromoo fi Oromiyaa irratti taasifamaa turee fi ammas taasifamaa jiru otoo hin jaallatiin waan lama fiduuf waan dhiyaate fakkaata: (1) impaayera Xoophiyaa dimokiraatessa; ykn (2) biyya Oromiyaa Walaba taatetu ijaarama.

Kan sirnoota Mootummaa Dhaalaa fi Dargii dhiisnee waan waggoota soddoman darban kana keessatti ta'anii fi ta'aa jiran ilaaluun gahaa dha jedheen abdadha.Mootummaan Wayyaanee maqaa 'ADWUI' jedhuun impaayera Xoophiyaa to'achuuf tooftaa garee booji'amtoota waraana Dargii walitti qabuu baafatee humna maqaa Oromootiin Oromiyaa fi Oromoo keessatti ergamaa jiraatuu fi humnoota Oromoo immoo diineffachuu danda'u 'Dhaabbata Dimokiraatawaa Uummata Oromoo' (DhDUO) jedhee gammoojjii Tigiraay, Adeetti hundeesse. DhDUO's suutuma suuta gara Oromiyaatti dhufuudhaan bakka dhalootaa Adeet irraa gara Darraatti jijjiirrate. Qabsoo Bilisummaa Oromiyaa keessatti daraaree ija godhachuuf reefu hudhaa jiru cooligsuudhaan

bifa buqqaafamuu hin dandeenyeen Mootummaan Wayyaanee impaayera Xoophiyaa fi Oromiyaa keessatti akka ijaaramu gochuu keessatti oolmaa guddaa ABUT'f kan oole DhDUO akka ta'e Oromootu ragaadha.

Oromiyaan qabsaa'ota akka Haayilamaariyaam Gammadaafaan dhiigaa fi lafeen sararamtee turte karaa kallattii hundaan mootummoota naannoo fi mootummaa federaalaaf qircaa taate hiramte.Hireen Sabboontota Oromoo immoo hidhamuu, ajjeefamuu, biyyaa baqachuu, qaama-qalbii dhabuu fi hiyyoomuu ta'e.Hunda caalaa immoo quuqamaa fi hubannaa Oromoo fi Oromiyaaf qabaniif jecha 'Shororkeessaa' jechuudhaan Xoophiyaa fi biyyoota ollaa keessa akka bilisaan hin jiraanne taasifaman.Miidhama Oromoo fi Oromiyaa irra gahaa ture kana Oromoon otoo beekuu wallaalaa; otoo humna qabuu dadhabaa fakkaatee bara eeggate; ilmaan itti guddifate.

Qabsoo Qeerroo fi Qarree Oromoo

Dhiignii fi Lafeen 'Jaagamaa Badhaaneefaa' sanyii qabsoo bilisummaa Oromoo deebisee biqilchee abdii dukkanaa'ee fi haamilee Oromoo gadi-bu'e bifa deebisuu danda'uun qabsoo Qeerroo fi Qarree bara 2005tti dhalche. Dadhabinaa fi kufaatii qabsoowwan Jaarmiyaalee Siyaasa Oromoodhaan (JSO) gaggeeffamaa turan irraa barachudhaan; gorsaa fi qajeelfama qabsaa'ota gameessotaan deeggarameeijaarsi Qeerroo fi Qarree bifa diinni beekuu fi hubachuu hin dandeenyeen bakkaa fi sadarkaa hundumaatti jalqabe.Waajjira mootummaa sadarkaa sadarkaan jiru keessatti; jaarmiyaalee mormitoota Oromoo keessatti; mana amantaa keessatti; manneen barnootaa sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa akkasumas Koollejjiiwwanii fi Yuunivarsiitiiwwan hundumaa keessatti; sochii dandalaa, jireenya qotee bultootaa fi horsiisee-bultootaahunda hirmaachise. Qabsoo waggoota jaa'aa (6) booda of haaressuudhaan bara 2011tti qajeelfama, naamusaa fi akeeka mataa ofii baafachuudhaan haalota qabsoo Warraaqsaaf haala mijeessan irratti hojjechuu ittuma fufe. Isaa boodas, bara 2014 tti labsiin 'Maaster Pilaanii' Mootummaa Wayyaanee qabsoo Qeerroo fi Qarreef haala mijataa uume. Bara 2014 keessa sochiin jalqabame filannoo biyyoolessaa bara 2015'niin waan walirra bu'eef akeeka filannoo booda Warraaqsa finiinsuu jedhuun hanga Fulbaana bara 2015tti eeguun dirqama ta'e.

Seenaa Oromoo keessatti bifa firas diinas ajaa'ibsiiseen qabsoon Qeerroo fi Qarree Oromoo tokkoomse; qalbii fi ija Mootummaa Wayyaanee jaamse. Tooftaa fi qajeelfama injifachuun massakamee Mootummaa Wayyaanee aangoo irraa buusuun abjuu kan ture sana dhugoomse. Qabsoo Qeerroo fi Qarree Oromoo kana keessatti, jaarmiyaaleen Siyaasaa Oromoo hundi, DhDUO dabalatee, hanga danda'an gumaachaniiru.

Adeemsaa fi kaayyoo Qabsoo Qeerroo fi Qarree Oromoo (QQQO) kan hubate Mootummaan Wayyaanee ADWUI'n durfamu, jijjiirama keessoo fiduudhaan umurii bittaasaa dheereffachuuf carraaqqiiwwan hedduu taasisuu fi maqaawwan adda addaa itti kennaa ture. Isaan keessaa tokko rakkoo bulchiinsa gaariidha jechuun, gamaaggama gadi-fagoo (deep gimgema) gaggeessuu fi ammas gamaaggama gadi fagoo-gadi-fagoo (deep deep gimgema) taasiseera jechuudhaan Uummattoota Xoophiyaaf waadaa seenuu jalqabe.
Haata'u malee, gareen DhDUO keessaa xiqqoo mataa ol qabachuudhaan qorqalbii Oromummaa horachaa dhufe maqaa "Team Lammaa" jedhuun adeemsa ADWUI gara mataa isaatti deebifate.Carraawwan keessoo fi alaatti fayyadamuudhaan Xoophiyaa fi Oromiyaa kufaatii Mootummaa Wayyaanee booda bulchuuf gahumsaa fi qophii akka qaban Uummattoota Xoophiyaatti ibsuu jalqaban.Oromoonis deemsa TeamLammaa kana amanuu fi fudhachuutti deebi'e.Keessumaa, haasaan gama Pirezidaantii Oromiyaa duraanii, obbo Lammaa Magarsaa yeroo adda addaatti taasisan, akka Oromoon deebi'ee DhDUO amanuu fi abdatu taasise. Haaluma kanaan, Waaqnis jedhee; Uummannis waliigalee jennaan Mootummaan wayyaane fuulduraan kufe.Bifa nama ajaa'ibuun mootummaan DhDUO/ADWUI akka 'Mootummaa Filannoodhaan gara aangootti dhufeetti' deeggarsa Uummata Oromoo fi Uummattoota Xoophiyaa biraa argatee, Dr Abiyyi Ahimadis Muummee Ministeera Xoophiyaa tahuuf carroome.

Mootummaa DhDUO/ADWUI

Akkuma gara aangootti dhufeen, Mootummaan MM Dr Abiyyistarkaanfiiwwan siyaasaa jajjaboon fudhate.Hidhamtoota siyaasaa hiikuu; Oromiyaa bulchiinsa waraanaa jalaa baasuu; Diyaasporaa fi miidiyaalee Shororkeessitoota jedhaman gara biyyaatti galchuu; jaarmiyaalee siyaasaa hundaaf waamicha gara biyya isaaniitti akka galan taasisuu; yakkamtootaa fi hattoota gurguddoo seeratti dhiyeessuuf yaaluu fi kkf. Guyyaa jalqaba Mana Maree Bakka Buutotaatti dhiyaatee haasaa taasisee kaasee hanga har'aatti yaad-rimeewwan kabaja mirga namoomaa, dimokiraasii fi birmadummaa yaadaa, obbolummaa jaarmiyaalee morkattootaa wajjin, jaalalaa fi tokkummaa, dhiifamaa fi araara, ida'amuu fi Xoophiyaa tokkummeessuu fi kkf Dr Abiyyi irraa dhageenya. MM Dr waa'ee shororkeessummaa gaafa dubbatus, "Shororkeessaan ADWUI dha" haasaan jedhu nama hundumaa kan gammachiisee fi haqa qabsaa'otaa kan ifatti baase akka ta'e hunduma keenyatu hubate.

Gara fuula 8tti naanna'eera

Qaasim Amaanoo

ARROO

Ceehumsi eessa gahe?



Biyyi Itoophiyaa sabaa fi sab-lammoota,aadaa,afaan,seenaa fi duudhaa adda addaa qaban of keesstti kan hammatteedha.Sababa garaagarummaa fi heddumina kana haalaan hoogganuu dhabuu irraa kan ka`e sirnoota bulchiinsa mootummoota garagaraa keessatti rakkoolee adda addaa keessummeessuudhaan har`a geesse.Akkuma gaaffiin eenyummaa fi baayyinni ummataa dabalaa deemuun ammas rakkooleen biyya kanaa dabalaa dhufaa jira.Gaaffii ummataa bifa adda addaatiin ka`u deebisuun kan danda`amu haalaa fi seenaa ummatichaa sirritti beekanii karaa dimokiraatawaa fi ammayyaawaa ta`een hooganuudhaani.

Akkaataa dhufaatii seenaa Itoophiyaa,rakkoolee muudatanii turanii fi qabsoon akkamii gaggeeffamaa akka ture hunda qophii keenya kanaan xumuruu waan hin dandeenyeef,ceehumsa biyyattiin keessa jirtuu fi rakkoolee gurguddoo ceehumsa danqaa jiran irratti xiyyeeffachuun xiinxalaa fi qorannoo hayyoota garagaraatiin deeggarree isiniif dhiyeessina.

Hayyuun Erwiin van Veen jedhamu waraqaa qorannoo mata-dureen ishii`` Ethiopia's political settlement and the organization of security,CRU : Sept. 2016`` jettu irratti rakkoolee jeeqamuu Itoophiyaatiif bu`uura ta`an gurguddoo akka armaan gadiitti eere. Itoophiyaa keessatti paartiin biyya bulchu Addi Bilisummaa Ummata Tigraay/ADWUI fi humni nageenya biyyaa eegsisu tooftaadhaan siyaasa olaantummaa saba tokkoo qofa keessummeessu gaggeessaa akka turan illee ragaa ba'a. Qaamninageenya biyyaa qixatti eegsisuuf waadaa gales meeshaa paartii tokkoo qofa ta`e jechuun qeeqa.

Gama biraatiin waraqaan qorannoo kun akka addeessuttisirni qoodiinsa aangoo naannolee maqaadhaaf kan caaseffame malee sochiin siyaasaa fi diinagdee hundi mootummaa federaalaatiin raawwatama. Kunis naannolee giddutti loogiin gaggeeffamaa akka ture mirkaneessa.Dhimmi akka madda rakkootti ka`e inni biroo immoo,humni waraana biyyattiiolaantummaadhaan diinagdee kan hoogganaa ture ta`uu isaati. METEK fakkeenya fudhachuun adeemsi akka kanaa kunniin malaammaltummaaf karaa akka saaqu ibsee jira.

Haaluma wal-fakkaatuun Xiinxalaan Siyaasaa Obbo Jawaar Muhaammad, Sababoota sochii fincila diddaa gabrummaa yommuu ibsu:moo'amuu,dhumaatii suukanneessaa fi biyya ofiitti Salphachuu ummata Oromooti jechuun tarreesse. Gama biraatiin immoo Sirna naafxanyaatiin Lafti irraa fudhatamee buqqa'ee amba jalatti buluun hiyyoomuu ummata keenyaa fa`a akka sababoota gurguddootti fudhate. Galmi qabsichaas, lafa keenya deebifachuun diinagdee keenya guddifachuu,mootummaa abbaa irree ofirraa fonqolchuun eenyummmaa keenyaan mataa ol qabannee jiraachuu fa`a akeekuun qabsoof bu`uura kaa`e. **(Waraqaa qorannoo Obbo Jawaar Muhaammad Ebla 3, 2010, Yuunivarsitii Minisootaatti dhiyeesse irraa kan qindaaheedha.)**

Itoophiyaan waggoota afuriif mormii ummata Oromootiin raafamte.Mootummaan biyyattii mormii jabaa isa qunname booda labsii yeroo hatat-

tamaa ji'oota 10 ture labsee namoota dimshaashaan mana hidhaatti guure; hedduus ajjeesise.Qabsoon fincila diddaa gabrummaa ittuma fufe. Yeroo mormiin deemaa turetti namoonni dhibbaan lakkaawwaman ajjeefamanii; kumaan lakkaawwaman to'annaa jala oolfamaniiru.

Buqqaatii fi dararamni uummata Oromoo irra gahaa ture itti cimnaan Qeerroo fi Qarreewwan bahanii lapheesaanii rasaasaatti kennuun lubbuu isaanii gumaachaniiru. Qeerroon dhaloota aarsaa olaanaa kanfaluun taankii fi matarayyasii fashaleesseedha. Kanaaf yeroo hunda maqaan Qeerroo ka`a. Mootummaa gabroomfataa maqaa dimokiraasiitiin ummata dararaa turetti dubbiin cimee muummichi ministeeraa biyyattii aangoo gadi-lakkisuun gareen Obbo Lammaa carraa biyya hoogganuu argate. Gareen masara mootummaa seene kunis ``biyya tana ceesisuu qabna; tooftaa siyaasaa jijjiiruun seenaa haarawa galmeessina;`` jechuun ummata hawatanii gara hojitti seenan. Kanarratti maaltu fooyya`e?maaltu rakkoo ta`e? walumaan ilaalla.
Yooseef Badwaazaa:waraqaa qorannoo`` Reform in Ethiopia: Turning Promise into Progress``irratti haaromsa Itoophiyaa akka armaan gadiitti xiinxale.Erga mootummaan Dr.Abiyyiin durfamu hojii jalqabeen booda jijjiiramootni dirree siyaasaa bal`isuu, seerota daangessoo fooyyessuu,filannoo haqa qabeessaaf haala mijeessuu,hidhamtoota siyaasaa gadi-lakkisuu fi koreen araara biyyoolessaa akka hundeeffamu taasisuunfa`akaroorfamee ture.Ji`oota muraasaan boodas hidhamtoonni siyaasaa kumaatamaan laakka`aman gadi-lakkifamuun manni hidhaa guddichi Maa`ikalaawii jedhamu akka cufamu ta`eera.

Akka qorataan kun jedhutti mootummaan Dr. Abayyi karoora guddaa fi hawwataa qopheessee hojitti seenuuf tattaaffii taasisuuun isaa ummataaf abdii kennee akka ture eera.Biyya keessa socho`ee araaraa fi dhiifama labsuu, magaalotatti waltajii ummataa gaggeessuu fi qaamolee ummataa fi paartilee siyaasaa waliin mari`achuun isaa uummata keessatti kaka`umsa guddaa uumuun deeggarsa olaanaa akka argatu taasise.

“

Haa ta`uu malee godaannisaa fi gaddi hidda jabeeeffatee jiru ammas mullachuunsaa guutumaan guututti hin dhaabbanne.

Gama diinagdeetiinis dhaabbilee gurguddoo mootummaa qofaan qabamanii turan kanneen akka Teeleekoom,albuudotaa fi daandii qilleensaa fa`a haaromsuuf yaalii guddaa taasisus raawwii irratti rakkooleen akka muudatan qorannoon kun ni ifoomsa.

Hariiroo Itiyoo-Ertiraa waggaa hedduuf diinummaan ture sirreessuun gaanfa Afrikaatti Jibuutii fi somaaliyaa dabalatee sochiin nageenya buusuu,gorsitoota haqaa fi mana maree araaraa hundeessuu,caasaalee haqaa fi nageenyaa sirreessuu keessatti hojiin Dr. Abiyyi hojjetan qorannoo kana keessatti jajamee jira.

Mootummaanbiyya bulchu kunakkaataa barbaadameen jijjiirama fiduu akka hin dandeenye sababoota danqaa ta`anis qorataan kun tarreessee jira.Paartileen Afran ADWUI jijjiirama deeggaruu caalaa aangoodhaaf wal-qoqqoodanii rakkoo uumaa akka turan ibsameera. keessoo paarichaattis rakkoon hammaachaa deemuudhaan biyya taasgabbii akka dhoorge eera.

Haaromsi Dr.Abiyyi paartii fi mootummaa gargar baasee sirna ijaarsa dimkoraasii shaakaluuf socho`uun isaa hawaasa biratti fudhatama argachuu yommuu jalqabu,qaamoleen paarticha keessatti seeraan ala aangotti fayyadamaa turan haaromsicha gufachiisanii ummata burjaajessuun taasgabbii dhoorgaa akka jiran qorannichi ni ibsa.

Rakkooleen walitti bu`iinsa sabummaa,Oromiyaa,Amhaara,Naannoo Sabaafi Sab-laammoota Kibbaa,Beenshaangul-Gumuzii fi Somaalee fa`a giddutti uumamaniin ajjeechaa fi buqqaatiin raawwataa turandanqaa haaromsichaa akka ta`an ifoomee jira. Qorannoon kun akka ibsutti mootummaan rakkoolee kanniiniif furmaata waaraa kaayuu hin dandeenye .Sababniisaatis rakkoolee kana uumuu keessatti adda-durummaan kan hirmaatan hooggantoota mootummaa ta`uu isaa irraa kan ka`e sirna haqaa fooyyessuu fi yakkoota ittisuun hin danda`amne jedha.

Bilisummaan dirree siyaasaa fi mirgi

yaada ofii ibsachuu laatames murnoota siyaasaa tokko tokko biratti akka komiitti ka`aa jira. Sabummaa fi eenyummaa irratti hundaa`anii biyya gaggeessuun hin danda`amu jechuun komii isaanii bifa adda addaatiin ummata ittiin kakaasu;kunis biyyattii taasgabbii dhoorgaa akka jiru qorannoon kun ni addeessa.

Akka qorannoon kunifoomsutti Rakkooleen ceehumsatti danqaa ta`an inni biraa irra deeba`anii ijaaramuu humna tikaa biyyattiiti. loltoonni maqaa paartii mormitootaa adda addaatiin biyyattiif sodaa ta`aa turan kanneen akka WBO fi Loltoota waraana Bilisummaa Ogaadeen fa`a waamicha nagaa fi araaraa mootummaan taasiseen ummatatti makamanii qabsoo karaa nagaa akka gaggeessan affeeramanii galan.

Haalli dhufaatii loltoota kanneenii,haaromsi isaaniif taasifamee fi haalli isaan humnoota nageenyaa biyya keessa turanitti ittiin makaman iftoomina hin qabu jedha qorannichi. Rakkoon kun waljibbiinsa sabummaa fi siyaasaa duraan turanitti dabalamuun biyyattiin nageenya akka hin arganne taasiseera. Rakkoo nageenyaa humnoota waraanaa federaalaa fi loltoota adda addaa kan Oromiyaa keessatti raawwatamaa jirus ni eera.

Haaromsi gama filannootiin taasifamuuf waadaa galames qabatamaan hojirra hin oolle. Dhimmi laakkofsa manaa fi ummataa bara 2017 A.L.A sababa rakkoo nageenyaatiin dabres maal irra akka gahe hin beekkamu; kunis danqaa ceehumsaati jechuun ibsame.
Walumaagalatti ceehumsi biyya kanaa dhaabbilee siyaasaa fi caasaa mootummaa bu`uurarraa sirreessanii dargaggoota gama hundaan hirmaachisuun sirni dimokiraasii fi wal-qixxuummaan sabootaa akka dhugoomu taasisuu akka qaban ergaa dabarsuudhaan qorannichi guduunfame.

Akka naannoo Oromiyaatti yaadotaa fi komiiwwan ummata keessaa ka`an irratti hundaa`uun qabxiileen armaan gadii xiinxallamanii jiru.Erga Dr. Abiyyi Ahimad angootti dhufanii jijjirrama hiikaa qabuutu dhufuuf deema abdii jedhu fideera. Haata`uu malee godaannisaa fi gaddi hidda jabeeeffatee jiru ammas mullachuunsaa guutumaan gututti hin dhaabbanne.Miseensoonni paartiilee siyaasaa fi namoonni ilaalcha mootummaa irraa adda ta'e qaban hedduun ammas kallattii biraatiin miidhamaa jiru. Ummatasababa jaalalaa fi kabaja hooggantoota jijjiiramaatiif jecha cal`isu abdatanii gaggeessitoonni ODP gara gadii hawaasa qoqqooduun miidhaa jiru.Kunis bifa adda addaatiin mul`ataa jira.

Kaabineen sadarkaa adda addaa irra jiran neetwoorkii isaanii diriirsuun maqaa hooggantoota jijjiiramaa kanneen akka Obbo Lammaa,Dr Abiyyii fa`aan daldalaa jiru.Maqaajara kanaa ummata fuuldura qabaa ummata dararaa jiru.Nama isaan morme yoo barbaadan maqaa itti moggaasanii sodaachisu.Yoofedhan immoo shira xaxanii ummata amantaadhaan, sabummaadhaan,gandaa fi faaydaa adda addaatiin akka walitti bu`an godhu.Kana raawwachuuf tooftaa adda addaa fayyadamu; waltajii irratti haasawa bareedaadhaan ummata hawwatu; namoota bebbeekkamoo faaydaa adda addaatiin ofitti qabu; manguddoota,abbootii amantaa fi qeerroowwan muraasa qoqqooduun neetwoorkii hojii dabaa ittiin raawwatan godhatu. Tooftaan shira akkanaa kunniin gara baha Oromiyaatti keessattuu naannawa Arsii Asallaatti jeequmsa yeroo hedduu kaasaa tureen lubbuun namaa akka dabru taasiseera.

Gaafffiin ummata Oromoo kan yeroo dheeraaf lubbuun itti wareegamaa ture heddutu jira. Waa'ee Afaan Oromoo, dhimma Finfinnee fi abbaa biyyummaa mirkaneeffachuu fa`a akka fakkeenyatti kaasuun ni danda`ama. Haata`uu malee ammas gaaffiiwwan bu`uuraa osoo hin deebi`in qaamoleen hooggansa irra jiran hedduun gahee isaanii bahuu dhabuudhaan ceehumsatti danqaa ta`aa jiru. Rakkooleen akkanaa kunniin yoo hin furamin taasgabbiin biyyaa ni dhufa jedhanii eeguun hin danda`amu.

Ummanni cimina Dr Abiyyi qabuu fi garaagarummaa mootummaa ykn paartii inni hoogganu jidduu jiru sirriitti beeka.Maqaa Dr Abiyyiitiin paartiin hanga dhumaatti jaalatamu jiraachuu hin danda`u jechuu kooti.Milkaahinni hooggansa Dr. Abiyyi dandeettii isaan xaxaa siyaasaa jiru adda baasuudhaan bu'aa fiduu danda'an irratti qabaniin murtaaha.Kanaafuu,mootummaan Dr Abiyyiin hoogganamu ummata miidha taanaan ummatni paartii isaaf ta`u adda baafatee filachuu danda`a waan ta`eef dhimma yeroon furee nu agarsiisudha.

Fuula 4 irraa kan naanna'e

Itti dabalees, "Hidhuu fi ajjeesuun aadaa kaleessaati; ajjeesuun injifatamuudha.Yoo akkuma kaleessaa kan ajjeesnuu fi hiinu ta'e garaagarummaan keenya maalidharee?" jechuudhaan abdii guddaa lammiilee Xoophiyaatti horee ture.

Fulbaana bara 2018 keessa, hooggantoonni DhDUO maqaan 'Dhaabbata Dimokiraatawaa Uummata Oromoo' jedhu sadarkaa qabsoo Oromoo ammaa wajjin hin deemu jechuudhaan gara 'Oromoo Democratic Paartii' tti kan jijjiiran yommuu ta'e. Jijjiiramni maqaa ODP kunis mammaaksa "Jaartiitti uffata haaraa uffisuu-the old lady with new dress" akka jechuutti ilaalamuun isaa waan hafe hin turre.

Mootummaan ODP Mootummaa Jijjiiramaa (Reformist Governmnet) jedhamee akka addunyaatti maqaa-gaarii argachuu danda'eera. Seerota tokko tokko fooyyessuu; dhaabbilee ministeerotaa jijjiiruu fi fooyyessuu; imaammata diinagdee fi qunnamtii biyya alaa fooyyessaa jiraachuu fi tarkaanfiiwwan keessoo kan lammiileen hin beekne tokko tokkos fudhachaa akka jirutu dhaga'ama. Akka carraa ta'ee garuu, bara mootummaa ODP kana keessa nagaa fi tasgabbiin dhibamuun, gadadoon lammiileetti hammachuunii fi wal-shakkii guddaan Uummattoota gidduutti babal'achuun daran itti fufee jira.

Hunda caalaa garuu, naannoleen tokko tokko, kanneen akka Tigiraay, guutummaa guutuutti ajaja Mootummaa Federaalaa fudhachaa kan hin jirre ta'uutu hubatamaa jira. Egaa, ODP'n otoo ADWUI hin bulchiin attamitti uummattoota Xoophiyaa bulchuu danda'aree?Kan nama gaddisiisu immoo ODP jidduutti murni adda addaa uumamuudha. Yeroo kamiyyuu caalaa ODP gargar faffaca'eera.Bifa debi'ee walitti itituu hin dandeenyeen ODP'n kutaadhaan; faayidaadhaan; akkasumas ilaalchaan qoqqoodameera. Ifaan ifatti immoo gareen lama ODP gidduutti uumameera.Garee gaaffiin Oromoo deebi'era jedhuu fi garee gaaffiin Oromoo hin deebine jedhu. "Alaa hamma Gaalaa; manaa hamma baalaa" jedhe Oromoon!

Oromoon Kibbatti Hafe: Gaaffii Mirga Abbaa Biyyummaa Oromoo?

Kaayyoon Warraaqsa Oromoo kan Qeerroo fi Qarreedhaan hoogganamaa turee inni bu'uuraa 'Gaaffii Mirga Abbaa Biyyummaa Oromooti'. Mirga Abbaa Biyyummaa Oromoo gaafa jennu, dimshaashatti "Oromiyaan Walaba; Oromoon Bilisa ta'uu" jechuudha. Muuxannoon siyaasa addunyaa akka ibsuutti, impaayerri tokko carraa sadii qaba: (1) Impaayera ta'ee itti fufuu; (2) Impaayerichi diigamuudhaan biyyootaa fi mootummoota muraasatti (baayyeetti) deebi'uu fi (3) Impaayerichi dimokiraatawuudhaan amala impaayerummaa amala dimokiraasii fi federaalizimiidhaan bakka buufamuudha.

Egereen impaayera Xoophiyaas kanarraa adda hin ta'u.Kanaaf, qabsoon Qeerroo fi Qarree, jalqabaa mootummaa impaayera Xoophiyaa kuffiisuudha.Isaa boodammoo Mootummaa Oromoo jabaa Oromiyaa keessatti hundeessuudhaan akkaataa egeree Xoophiyaa keessatti Oromoon gaheesaa bahatu mijeessuudha.Kana jechuun Oromoon Oromiyaa keessatti ofiin of bulchaa (self-rule); Xoophiyaa immoo Saboota kaan wajjin walin bulcha (shared-rule) jechuudha. Bifa kanaan gaaffiin Abbaa Biyyummaa Oromoo ni deebi'a jechuudha. Asirraa wanti hubannu, sirni federaalawa-dimokiraatawa dhugaa ta'e Xoophiyaa keessatti mirkanoofnaan gaaffiin mirga Abbaa Biyyummaa Oromoo akka deebi'u beekamaadha.Yoo Impaayerri Xoophiyaa fedha federaalawuu fi dimokiraatawuu hin qabdu ta'e garuu Qabsoon Oromoo hanga impaayera Xoophiyaa kuffiisee Ripaabilika Oromiyaa Walaba taate hundeessee Mootummaa Oromoo Sirna Gadaa irratti bu'uureffame ijaaruuf akka itti fufu hubachuun dirqama ta'a.

Haalli qabatamaa Oromiyaa fi Oromoo ammaa kan agarsiisu gaaffiin mirga abbaa biyyummaa Oromoo hafee gara abbummaa impaayera Xoophiyaa fudhachuutti aggaamamaa jira. Oromoon otoo abbummaa impaayera Xoophiyaa fudhatee gaarii ture garuu tasumaa bifa Oromummaa giddu galeessa taasifateen impaayera Xoophiyaa haaressuun jaarraa tokkoo ol kan fudhatu ta'uu fi kunis salphaatti kan hin milkoofne ta'uu ODP'n waan hubate hin fakkaatu. Sirnaa fi mana abbaa qabutti yoo ol galan qajeelfamaa fi naamusa mana sanaa eegaa bulchu, bulus malee kan ofii mana ormaatti hojiirra oolchuuf waan salphaa hin ta'u. Kanaafuu, Oromoon gaaffii mirga abbaa biyyummaasaa qabatee Kibbatti hafe.Yeroo kamiyyuu caalaa Oromoo dhiibbaa hamaa keessa galee jira. Garaagarummaan har'aa fi kaleessaa yoo jiraate waan tokko: kaleessa Mootummaa Wayyaanettu Oromoo al-kallattiidhaan karaa DhDUO Oromoo fi Oromiyaa cunqursaa ture; har'ammoo ODP tu mootummaa ta'ee kallattiidhaan Oromiyaa fi Oromoo boqonnaa cunqursaa kan biraatti dabarsaa jira. Isa kaleessaa himachuufis ta'e mormuuf haalli mijataadha; ormis yoo himanne nu dhaga'aa ture.Har'a, Oromiyaa fi Oromoon eenyuun eenyutti haa himatan?ODP tu Oromoo ajjeesaa, hidhaa fi saamaa jira; mirga Oromoo sarbaa jira jennee eenyutti himannu? Oromiyaan akka isaaniif ta'utti na kukkutanii halagaaf na kennaa jiru jettee eenyutti haa himattu?

ODP'n Kaabatti Gale: Ergama Mootummaa Impaayera Xoophiyaa Itti Fufsiisu

Tokkummaan Oromoo dhigaa fi lafee Qeerroo fi Qarreen deebi'ee ijaarame amma laaffachaa fi diigamaa jira.


Mootummaan ODP/ADWUI erga gara aangootti dhufee reefu waggaa tokkoo fi ji'a jaa'a waan ta'eef gamanumaan abdii irraa kutachuun yaada bilchaataa ta'uu baatus "Buddeena nama quubsu eelee irratti beeku"jedha Oromoon.Mee deemsa ODP haguggiin (framework'n) madaala keenyaa 'ODP'n gaaffii Oromoo (Oromo Cause) hubatee, bifa kanaan Mootummaa isaa ijaaree deebisuuf aggaamaa jiraa?' irratti hundaa'een ilaaluu fi xiinxaluu haa yaallu.

Tokkummaan Oromoo dhiigaa fi lafee Qeerroo fi Qarreen deebi'ee ijaarame amma laaffachaa fi diigamaa jira.Oromoon kutaa kutaan qoodamee impaayera Xoophiyaa wajjin firoomaa fi diinomaa jira. Harki caalaan godinoota Oromiyaa humna waraanaa impaayera Xoophiyaa itti-fufsiisuuf ijaaramaneen to'atamanii jiru.Godinaalee muraasa immoo fira-yeroo fakkeessuudhaan Oromoo fi Oromiyaa irraa gargar baasuuf hojjetamaa jira.Hidhaanii fi ajjeechaan Oromoof yeroo kamiyyuu caalaa daran hammaatee jira.Magaalonni gurguddoon Oromiyaa keessa jiranis maqaaf bulchiinsa ODP jala jiru malee ABN fi EZEMA'n dhuunfachaa jiru.Hunda caalaa immoo Ministeerri Barnootaa imaammata barnootaa haaraa kan 'Dhaloota Ilaalcha Biyyoolessaa qaban oomishuuf'akeekkate bifa sirna barnootaa fiwudaalizimiin hojiirra ooluuf jedha.

Dimshaashatti haalli qabatamaa Oromoo akka Oromoon impaayera Xoophiyaan cunqurfamaa jiru nutti agarsiisa.Oromoon har'as sodaataa fi bir'ataa jiraata.Qe'ee fi qabeenya isaa irra nagaan jiraachuun abjuu itti ta'aa jira.Dhalasaa Koollejjiiwwanii fi Yunivarsiitiiwwanitti ergatee barsiifachuu yaadda'aa jira.Yakka tokko malee sababa ilaalcha siyaasaa ODP irraa adda ta'e qabuuf dargaggoonni, manguddoonnii fi shamarran ajjeefamaa, hidhamaa fi qe'eerraa buqqifamaa jira.Walumaagala, yeroo ammaa kana Oromoo fi Oromiyaan ukkaamsaa sirnaawaa (systemic suppression) jalajiru.Gama tokkoon Oromoon Bilisoomeera jechaa gama biraan immoo Oromoo haala daran walxaxaa keessatti kuffiisuuf aggaamaa jiraachuun ODP Oromoo biratti xiiqii guddaa kan uumuu fi qabsoo hadhaawaaf kan qopheessaa jiru ta'uu gamanumaan tilmaamuun nama hin rakkisu. Dhali Oromoo Oromiyaa sharafamtee fi Oromoo qoqqoodame lubbuudhaan otoo jiruu arguu fi dhaga'uu barbaadu hin jiru.Akkuma Macaafni Qulqulluun "Addaam biyyoorraa dhufte; akkasuma immoo biyyootti deebita" jedhu ODP'n Kaabaa dhufee Kaabatti gale.

OPDO'n Adeetitti dhalatee, Darraatti guddatee, Adaamaatti dulloomee, Finfinneetti du'e; OPDO'n karaa ODP Jimmatti 2ffaa dhalatee, Finfinneetti daaddee jechuu jalqabee, Naqamteetti dhukkubsatee, Finfinnee galma Minilik II keessatti umurii malee du'e; OPDO'n karaa EZEMA Finfinneetti 3ffaa dhalatee, masaraa Mootummaa keessatti guddifamee, Oromiyaa fi Xoophiyaa tokkoomsee bulchuuf shaakalaa fi qophiirra jira!

Barruu kana irratti barreeffamootni namoota dhuunfaan barreeffaman ilaalcha dhaabbatichaa kan bakka bu'an miti.



“ Iyya Hirrisnee Hojiitti jirra ”

Proofeesar Mararaa Guddinaa

Sochii uummattoota Itiyoopiyaa keessatti warraaksa saboota cunqurfamoo garaagaraatiin godhameen, sabootni biyyattii paartiilee siyaasaa akka sabaatti qabaniin taligamaa sirna garboomfataa Dargii ofirraa galagalchanii, mootummaa sirna federaalaan geggeeffamu dhaabbachuun isaanii har’a waggaa 29 lakkoobsiseera. Erga mootummaan Federaalaa ADWUI / Adda Diimokiraatawaa Warraaksa Uummattoota Itiyoopiyaa/ hundeeffamee, dambooba dhaabota siyaasaa 4 ta’uun biyya bulchuu eegalees, walitti fufiinsaan umurii dheeraatiif carraa biyya bulchuu argatan utuu gad hin dhiisin itti fufuu danda’aniiru.

Paartiilee siyaasa Oromoo keessaa tokko kan ta’e KFO’nis filannoo marsaa 3ffaa bara 2002 geeggeffamerratti, miseensa hedduu horachuudhaan dorgommiitti hirmaate. Akkuma baratames sagaleen uummatni isaaf kenne hatamee, boordiin Filannoo Biyyaalessaas dorgomtoota barasanaa keessaa ADWUI’n dhibbantaa 100%’n injifachuusaa labse. KFO’nis sagaleensaa ammallee hatamuusaatiif murtii amilee nama kutachiisu osoo hin taane, adeemsa jijjiiruutiin uummata gurmeessuufi fincilaaf kakaasuutti seene. Sochii kana keessattis, dhimma master Pilaanii waliin wal qabatee dhaadannoo “Lafti Keenya, Lafee Keenya” jedhuun hooggantoonni paartichaa uumata kakaasaa turaniiru.

Hooggantoonni paartii kanaa seenaa Fincila Diddaa Garbummaa Oromoo bara 2014-2018geggeeffame keessatti qoodaa olaanaa kan qaban yeroo ta’u, yaadannoo bara dhihoo kan ta’e hooggantootni paartichaa walakkaa ol mana hidhaafi mana murtii gidduu marmaaraa turuusaaniiti. Akkasumallee mana hidhaa keessa taa’uun xalayyoota garaagaraa rogeeyyiiwwan Middiyaatti erguutiin qabsoo Oromoo geggeessaa turaniiru.Haalota rakkisoo hedduu keessatti qormaata jireenya dhuunfaa hoggantootaa miidhuu danda’ullee dabarsaanii, bara jijjiirama ammarraa ga’aniiru.

Sochiin paartichaa waggoota lama dura ture ho’aafi malaalchisaa ta’ullee yeroo dhihoo asitti laafaa dhufuufi sochiin mullataan godhamuu argamuu

dhabuusaatiif sodaafi shakkii hawaasa keessa jiru adda baafachuuf, sagantaa Ilaafi Ilaamee keenyaatiin dura ta'aa paartichaa /KFO/ kan ta'aan Pirofeeser Mararaa Guddinaa faana turtii taasisneerra. Gaaffileen nuti isaaniif dhiheessinellee, gaaffiwwan deggertoonni isaanii akka sodaatti miidiyaalee Hawaasaarratti dhoobaniifi qaamaan nuuf himan ture. Ilaafi ilaameen keenyas akka armaan gadiitti dhihaatera. Itti dhihaadhaa!

Hagayya 16/ Waaree booda sa'a 09:42-10:06/ Guyyaa Roobii Lalisaa Indiris Adamtu dubbise.

GP: Jalqabarratti afgaaffii keenyaaf hayyamamoo ta'uu keessaniif guddaa isin galateeffachaa kallattiidhaan gaaffii keenya kan jalqabnu, haala sochii paartii KFO ammaa waliin wal qabsiifneetu.

Paartiilee Siyaasaa Oromoon qabu kanneen Biyya keeessa turan keessaa, paartiin qabsoo kara nagaa gochuun Oromoo dammaksuu yookaan kakaasuutiin uummatasaa faana afaan diina jala taa'ee hawaasa ofii wajjin falmachuusaatiin jaallatamummaa guddaa argatee ture KFO'n, dabalataan ammoo paartiiwwan Oromoo keessaa muuxannoo Biyya keessatti qabsaa'uu qabaachuudhaan, caasaa hedduu godinaalee Oromiyaa hunda keessa kan qabupaartiin kun, amma yeroo dhihoo asitti callisa guddisaa jira. Callisuun KFO kun, gaaffiin Oromoo deebii aragteera jedhee amaneetu moodhiibbaa mootummaan utuu hawaasni quba hin qabaatin irratti gochaa jiru waan jiraateefi?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Rakkoon ati maqaa dhoofte lachanuu ni jira. Dhiibbaam Mootummaan Paartii keenyarratti taasisus nurraa hin dhaabbanne. Nutis ammoo, mootummaan kun karaa baayyee waan dhiibamuuf akka duriitti, akka hin barbaachifneen dhiibuu jibbinees riphneerra. Akka malee mootummaa kana dhiibuun ammoo mootummichaafis nuufis balaa waan qabuuf yeroo tokko tokko obsuu yaalla. Akka duuris ammoo iyya hin baayyisnu. Ta'us garuu nutu dhiibbaa mootummaa hirrise malee, mootummaan nu dhiibuu hin dhiisne. Namni keenya godinaalee Oromiyaa garaagaraarraa hidhamaa jiru. Geggeessitoonni KFO Wallaggaa, Harargeefi Gujii akkasumallee bakkeewwan birootti hidhamaafi butamaa jiru. Dhiibbaan geggeessitoota paartii hidhuu caale jiraaree? Kunis dhiibbaadha jechuu kooti. Inni guddaan garuu, akkuman siin jedhe yeroo rakkoo tokko tokko callisuudhaan hojii keenya hojjechuu nuuf wayya. Mootummaan lafa hin qabatin jiru kunis yoo itti iyyinee, dhiibne innis kana caalaa saba keenyatti rakkoo fiduu danda'a jennee waan sodaa qabnuuf tasgabboofneetuma hojii hojjechuurra jirra.

GP: Dhiibbaan isinirratti godhamus, dubbatachuufi uummata dhageessisuu dhiisuun fedha keessan sababa maaliif ta'uu danda'e?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa:iyyuma hirrisuuf jenneetu. Girigirriin mooraa qabsoo Oromoo kanaas akka callisan nama godha.

GP: Dhimmi callisuu paartii keessanii, yookaan akka durii ifaan socho'uu dhabuu KFO, hawaasa yookaan deggertoota KFOtiif yaaddoo ta'ee jira. Dhimma kanas mirkaneessuuf, namoota tokko tokko dubbisuuf gaafanneerra. Akka isaan ibsanittis, KFO'n waajjiraalee isaa banuurratti, Sagantaa siyaasa isaa barsiisuu irratti, miseensa horachuu irratti akka durii miti amma laafeera. Akka duriis socho'aa hin jiru. Jechuun yaaddoo qaban ibsatu. Yaaddoo kanaaf deebiin isin qabdan ni jiraa laata?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Lakkii hojii isa durii caalaattiyyuu amma bal'aa hoojjechaa jirra. Garuu dur yennaa mootummaa wajjin walitti buunu iyyis itti dabalama ture. Sagaleen keenyas kanaaf guddatee dhaga'amaa ture. Jabana kana garuu,amma danda'ametti tasgabboofnee iyya hirrisnee hojiitti jirra malee, hin rafne. Akka durii sanas iyya hin baayyisnu jechuu kooti.

GP: Kanaan dura paartiin KFO qindoomina paartiilee siyaasaa kan biroo waliin si'a lamaaf Filannoo Biyyaalessaa irratti hirmaateera. Filannoo sanarrattis sagalee baayyee argatus, sagaleen jalaa hatamee injifatamaa tureera. Haala kanarra dhaabannee yoo ilaalle, filannoo biyyaalessaa baranaa irratti, sagaleen nuuf kennamu haqaan lakkaa'amee ni dabarra jettanii ni yaadduu?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Egaa harki hanna bare cal jedhee dhiisa jedhanii yaaduun nama rakkisa. / kolfaanii gara haasaa isaaniitti deeba'an/Utuudhuma Mootummaan nan barbaada jedheeyyuu, harki hanna bare qabeenya namaa nyaachuu erga baree cal jedhee galee ciisa ilaalcha jedhus hin qabnu. Nutis egaa amma dandeenyetti uummatni korojoosaa akka eeggatuuf ni barsiifna. Nan yaadadhaa filannoo bara 2007 ijoolleen karaa Amboo kanaa waa'eedhuma sagalee hatuu kanaaf :

"Hattuu Horii,
Hattuu Sangaa
Abbaatu beekkataa
Hattuu korojoo
Hattuu sagalee
Sabatu eeggataa"

jedhanii sirbaa turan. Egaa akka amma ilaalluttis,...

Gara fuula 15tti naanna'eera



Fedhasaa Taaddasaa Guutaa
Pirofeesera Gargaaraa

Uumama ulfoo Magaalaa Buraayyuu: **Tulluu Eegduu**

Jiruufi jireenya saba tokkoo keessatti duudheffannaa, barteefi aadaan qoodaafi bakka bal'aa fudhatee jiraata. Duudheffannaa saba tokkoo keessattis, ayyaaneffannaa, kabjuu, safeeffachuudhaan waan hawaasni tokko irratti waliif galee kabajatu ni jiraata. Maqaafi akkaataa ibsaa garaagaraa qabaatus meeshaawwan Ulfoo, bakkeewwan ulfoo Oromoon hoodatu hedduudha. Bakkeewwan Ulfoo Oromoo Tuulamaa keessaa tokko kan ta'e, Ulfoo Tulluu tokkichaa waliin ilaalla.

Buraayyuun godina addaa naannawaa Finfinneetti argaman keessa tokko taatee imala gara lixaatti godhamuuf ulaa ba'umsaati. Akka waajjirri Aadaafi Turiziimii magaalaa Buraayyuu qoratetti, magaalli kun bara 1946 nama Giraazmaach Roobii Kallachaa jedhamaniin hundoofte. Ta'us moggaasa maqaa 'Buraayyuu' jedhurratti yaadota sadiitu jiru. Isaanis: Tokkoffaa dhuma jaarraa 18ffaa keessa sanyii Oromoo Tuulamaa keessaa gosti Buraayyuu lafa Aannee Diimaa jedhamee waamamu irra jiraachaa akka turaniifi maqaan Buraayyuu jedhus kanarraa ka'uudhaan kan moggafame ta'uusaatu dubbatama.

Lammaffaan yeroo ammaa bal'inaan fudhatama argateefi ragaan hedduun kan mirkaneessuudha. Innis maqaan 'Buraayyuu' jedhamu kan moggafame yeroo durii mukti gurraachi 'Buraayyuu" jedhamu akka tureefi maqaa magaalichaas muka kanarraa akka moggafamedha. Daldaltoonni gara lixaati gara Finfinnee dhufaa turan haara kan galfatan, yoo itti dhi'e kan bulan, akkasumas, beellama walitti qabatanii kan wal argan, mukkeen buraayyuu jedhamu naannoo kanatti argaman jalatti akka ta'e ragaan jiru ifa baasa. Jechi "Buraayyuu sadan jalatti wal argina" jedhus, kanuma kan mirkaneessudha. Mukkeen sadan buraayyuu jedhamanii beekaman kan argaman Waajjira Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu duuba gara dhihaatti akka ta'eefi mukkeen kun ammallee lamaan isaanii kan jiraniifi tokko kufee kan argamu ta'uun isaa hubatamee jira.

Yaadni sadaffaan akka falaasama wayiiti. Bara durii haayyonnifi jaarsoliin seeraa kan tumaniifi dambii baasanii kan raggaasisan beekumsa qaban kan waliif qoodan muka guddaa magaalaa kana keessatti argamu jalatti ture jedhama. Kanumarraa ka'uudhaan iddoo itti walga'an kana "Bu'uura hayyuu" jedhamee kan waamamu eegalee adeemsaan 'Buraayyuu" jedhamuun jedhama. Yaadni kun garuu kaan waliin walbira qabamee yommuu ilaalamu ta'innaa waan dubbatame fakkaata. Sababnisaa, jechoota walitti diigaluun kaa'uun kun duraan baay'ee beekamaa waan ture hinfakkaatu. Yeroon gaafadhe, ragakennitoonni (informant) baay'eenis jecha kana hinfudhatan. Garri caalaan kan itti waliigalan yaada tokkoffaafi 2ffaadha.
Bara Mootii Hayila Sillaasee sirni buclhiinsa 'Axibiyaa Daanyaa' jedhamu hundeeffamee ittiin bulaa turan. Buraayyuunis yeroo kana keessa Bulchiinsa Ganda Qonnaan Bulaa afur jalatti qoodamtee bulaa kan turte ta'uu ishii odeeffannoon maangudootarraa argame ifa godha. Isaanis: Gafarsaa Gujee, Gafarsaa Sigaameedaa, Gafarsaa Buraayyuufi Gafarsaa Corrisaadha.

Bara mootummaa Dargii keessammoo buraayyuun caasaa bulchiinsaa haaraa argatte. Yeroo san keessatti gaashaan 20 ganda tokko ta'a ture. Haala kanaan: Gafarsaa Buraayyuu Gaashaa 30, Gafarsaa Corrisaa Gaashaa 20, Gafarsaa 'Sigaameedaa' Gaashaa 20, Gujee Qarsaa Gaashaa 33 qabdi turte. Bulchiinsa gandaa keessatti Magaalaan Buraayyuu gandoolee jahaan gurmooftee akka jirtu ragaan WAT magaalichaarraaargame ifa godha. Isaanis: Ganda Gafarsaa buraayyuu, Buraayyuu Kattaa, Gafarsaa Gujee, Gafarsa Noonnoo, Malkaa Gafarsaafi Lakkuu Kattaati.

Tulluu Eegduu

Godina addaa naannoo Buraayyuutti umama ulfoo adda addaatu argamu. Tulluun, malkaan, bosonni, bakkeewwan ulfoofi ujubni kaleessa turan harra hinjirres jiru. Kanneen keessaa asii gaditti waa'ee tulluu eegduutu ibsamee jira..
Obbo Abarraa Waaqatolaa jedhamu. Ganda Gafarsaa Noonnoo, araddaa sangootaa jedhamu keessa jiraatu. Bakki isaan itti odeeffannoo naaf kennan 'Hurufa Ciisaa' jedhama (Nafxanyaan 'Ashawaa Meedaa' jechaa turte, har'a maqaa Oromoo ganamaatti deebi'eera). Namni kun bara 1948 dhalatan; amma umrii jaatamii sadii (63) keessa jiru. Sirna nama nyaataa mootummaa Haayila sillaasee keessatti nama cunqursaan irra ga'edha.



Tulluu Eegduu (Gaafa 25/07/2019 kaafame)

Mootummaarratti fincila kaaste jedhamanii mana barnotaa kutaa 8ffaa akka ariyaman dubbatu. Sanas maatii waamanii mana barumsaa kamittillee barachuu akka hindandeenye mallatteessisan. Ergasanaatii maatii biratti deebi'uun jireenya qotee bulaa keessatti guddatan. Obbo Abarraan har'a abbaa ijoollee 12ti.

Seenaafi aadaa Oromoo abbaa isaaniirraa barachaa akka guddatan dubbatu. Har'allee Godina Addaa Magaalaa Buraayyuufi nannooshee keesssatti maqaalee Oromoon ganama naannooofi itti moggaasee ittiin waamaa turetti akka deebisaniif nama shoora olaanaa taphachaa jiran ta'uu dubbatu. Umama ulfoo Oromoo naannoo kana jiranis ragaa qabatamaan yoomessa keessa jiru waliin walqabsiisanii natti himan. Obbo Abarraan seenaafi aadaa abbasaanii obbo Waaqtolaa Roobaan hora Finfinnee loon obaasanii galaa akka turan itti himuusaanii dubbatu. Uumama ulfoo naannawaa kanaa keessaas waa'ee 'Tulluu Eegduu' akka asii gadiitti ibsan.

Tulluun Eegduu maali?

Oromoon tulluutti ba'ee waaqa kadhata. Dhimmoota hawaasummaas raawwataa aadaa jiruufi jireenyasaa geggeeffataa akka ture beekamaadha. Sunis, amantaa Oromootiin hidhata qaba. Oromoon Waaqani hundaa ol akka ta'etti amana. Namni nama caalu akkuma jiru, lafti lafa caalus jira. Innis tulluudha! Kanaaf, Oromoon lafa lafa caalu filatee, tulluutti ba'uun Waaqa isa uume kadhataa ture; har'as itti jira.

Tulluun Eegduu gara Kibba Lixaa magaalaa Buraayyuutti argama. Kellaa yeroo dhaabatan gara harka bitaatiin gamatti mullata. Daandiin gara Hoolotaatti geessus tulluchatti waan marsu fakkaata. Yeroo ammaa kana nafxanyaan'mannaaggashaa taraaraa' jettee waamti.

Akka Obbo Abarraan jedhanitti, tulluun eegduu Oromoof tulluu seena qabeessa. Yeroo birraa tulluu kanarratti masqala ayyaanessaa turan. Kanas sangaa dullacha achirratti qaluun achirratti nyaatanii dhuganii gammadu. Farda garmaamsisu, nitaphatus. Wal'eebbisu! Sana boodas, walga'ee dhimma jiruufi jireenyasaa mariyatanii waggaa haaraatti achumatti akka walargan hawwii gaarii qaban waliif ibsanii addaan galu.

Irreechi Arfaasaas achi gubbaatti geggeeffamaa ture. Akka aadaa Oromootti irreeffannaan Waaqaafi galata galchuufi kadhachuudha. Gosoota Irreeffannaa Oromoo keessaa irreechi tulluu kan kadhaati. Bonni dheeratee hongeen akka hinbuuneef tulluutti ba'anii yeroo Waaqa kadhatan bokkaan rooba. Tulluu eegduurrattis kanumatu godhamaa ture. Silumayyuu, tulluu kanarra horatu jira jedhama. Jalasaatii akkuma bishaan burqu irrisaas jiidhaadha jechuudha.

Ummanni Oromoo naannoo kana jiraachaa turan Tulluu Eegduutiin nikakatu; ittiin waadaa walgalchus jedhan. Yeroo nama tokko dhugaa akka inni baasu barbaadan ""Eegduun siqabe!"" jedhu. Jechamni kun kakaa kaksiisuufis nifayyada. Namni jecha kana dhaga'es dhugaa baasa. Waadaa gale sanas hincabsu. Kunis, humni guddaan (ayyaanni aangoo qabu) Tulluu Eegduurra jiraachuu amanuu isaanii mullisa. Kana malees, waan fedhasaanii maqaa tullichatiin Waaqa kadhatanii akka argatantu himama. Kanarratti ragaa qabatamaa Obbo Abarraan dubbatan kunooti:

Obboleechi abbaa kiyyaa maqumtisaa Tulluu jedhama. Kana kan jedhameef qabata wareega tulluu eegduun godhameeti. Haati abbaa kiyyaa yeroo Amboo dhuftu 'Gaarri kun maalidha?' jettee gaafatte. Isaanis, 'Tulluu Eegduu jedhama' jechuun deebisanii-if. Jennaan ''Yaa Waaqa tulluu kana uumtee ani nama gara biraatii dhufee, yoo ati ilma naaf kennite tulluu kanarrattan hammachiifadha' jettee kadhatte jedhama. Waggaasaattis ilma ilma deechee, akkuma waadaa seente hoolaa bilbilaa qabattee tulluu kana baatee hammachiifatte. Daa'ima dhalate kanaafis''Tulluu' jedhamee maqaan ba'eef. Achumaan Tulluu Roobii jedhanii waaman. Tulluun Eegduu tulluu seena-qabeessa ta'uu kanafaatu mullisa...

Akkoon raga-kennaa kanaa nama naannoo Ambootti dhalattedha. Isheenis, misirrummaan akkuma dhufteen Tulluu Eegduu kana agarte. Tullichi maal akka jedhamu gaafannaan itti himan. Haammachiifannaan daa'immanii achirratti akka raawwatus gurra buusan. Sanarraa kaateeti maqaa Tulluu Eegduutiin ilma godhachuuf Waaqyyoon kadhatte. Yoo dursitee ilma deesses tulluu kana gubbaa baatee akka hammachiifattu wareega wareegde. Akkuma isheen kadhattes Waaqayyo waggumasaatti ilma kenneef.

Ilmi yeroo dhalatu akka aadaa Oromootti qaalluu geessanii hammachiisuutu jira. Hammachiisni mucaaf maqaa baasuufi eebbisuu ofkeessaa qaba. Carraan muucichaa gara fuulduraas sanaan murta'a jedhamee amanama. Qaalluun hammachiisa raawwachiisu abbaa muudaati. Abbaan muudaammoo sirna gadaa keessatti bakka guddaa qaba. Namni kun waaqaafi namoota gidduu dhaabatee jira jedhamee amanama. Arrabnisaa kan dubbates Waaqni nitaasisa. Kan inni eebbise ni'eebbifama; kan inni abaaremmoo ni'abaarama jedhamee amanama. Kanaaf daa'ima dhalatuuf hiree gaarii akka inni dubbatuufi eebbisee maqaa baasuuf itti geessu. Maqaan guyyaa sana ba'uuf ayyaanaa mucaan sun irra dhalateen hedama. Raawwiin sunis hammachiisaa jedhamudha. Akka Obbo Abarraan jedhanitti, mucichi maqaa tulluu sanaan kadhatamee waan argatameef maqaansaa tulluu ta'e. Tulluun lafa lafa caaludha! Maqaa sana baasuufiinis mucichi akka nama caaluufidha.

Yaadota olitti ka'an kanarraa kan hubannu Tulluu Eegduurratti Oromoon ayyaana masqalaa akka ayyaanessuufi sirna ammachiisaa akka irratti raawwatudha. Kana malees, gugsii fardaa gubbaa tullichaarratti taasisa. Sirbee ragadee gammadaa ture. Irreechas itti geggeeffata. Kun hundi erga nafxanyaan dhufee seenaa ta'e. Oromoon lafa ofiirratti aadaafi duudhaasaa raawwachuuf heyyama qaama biraa eeggate. Kan Tulluu Eegduus adda miti. Waanuma Oromiyaa guutuu keessatti ta'utu irratti dalagame jechuudha. Tullichi nafxanyaan qabamee, bataskaanni 'madaanaalemii' jedhamu irratti ijaarame. Ijaarsi sun kan raawwatame bakkuma Oromoon dur sirnasaa itti raawwatuttidha. Awwaallis achitti akka hingeggeeffamneef 'gadaamii maaramii' dhaaban. Akka Obbo Abarraan jedhanitti, Oromoon qe'ee ofiirratti awwalama. Bataskaanni kunimmoo lafa seenaafi aadaan Oromoo wawwaaturratti waan ijaarameef awwaalumtillee achitti akka hingeggeeffamne taasisan. Nannoo kana ilmaan Oromootu jiraata. Awwaalli kan achitti geggeeffamuu yoo ta'emmoo seenaafi maqaa Oromootu awwaala gootota sanarratti dha'ama. Harra tulluun kun bakka jireenysa moloksootaati jechuudha. Seenaafi aadaa Oromoo qofa miti achii kan bade. Maqaan tulluu sanaallee kan Oromoon 'Tulluu Eegduu' jedhee waamu sun 'mannaaggashaa taraaraan' jedhamuun jijjiirame. Oromoonis itti irreeffachuu erga dhaabee bubbuleera. Erga nafxanyaan biyya fudhatee raawwiin tokkollee achitti akka hingeggeeffamne dhorkamee guutummaatti to'annaa amantaa ortodoksii jala oole.

Walumaagalatti, Tulluun Eegduun Oromoof bakka seena qabeessa. Oromoon achirratti masqala qalee gammadee ayyaaneffata. Yeroo bonni dheeratummoo tulluu kanatti ba'ee irreeffachuun Waaqa kadhata. Harra garuu sana dhorkameera. Tulluun kun guutummaatti harka nafxanyaa galee jiraachuu hubatamee jira. Bataskaanni irratti ijaaramee jiraatus naannoo kanattillee awwaalli akka hingeggeeffame ta'eera. Sababnisaa, gadaamiin maariyaamii tulluu kanarra jira. Qabata sanaan namoonni naannoo kanaa yoo du'anillee asitti akka hinawwaalamne dhorkaman jechuudha. Kun saammicha manni amantaa bakkeewwan ulfoo Oromoo irratti gochaa jiru nutti agarsiisa. Saammichi akkanaa naannoo keessanitti raawwatame jiraa? Kana dhaabuuf eenyutu maal gochuu qaba? Itti fufa...

Fuula 11 irraa kan naanna'e

sabni keenya yeroo sagaleensaa hatamu callisee ilaala jennee hin yaadnu. Abbaan fedhe haa filamu, garuu sagaleen saba keenyaa akka hin hatamne amma dandeenye ni hojjenna. Sabni keenyas kana beekuutu irra jiraata. Warri sagalee hatuudhaaf leenjiirra jiranis kan beekuu qabu. Akka dhaamsaatti isaaniifis waan ani qabu, sagalee sabaa hatuun yakka guddaadha. Yakki ADWUI'n waggaa 27 hojjechaa ture keessaa tokko sagalee sabaa hatuudha. Sagalee sabaa hatuunis safuu saba keenyaa wallaalluudha. Ijaa kanaaf nuti kana boodagaafa baanu, sagalee sabaa hatuun haa dhaabbatu jenneetu gabaa baana jechuudha. Sabni keenya abbaa barbaade haa filatuu garuu sagaleensaa hatamuun irra hin jiru. Isa kana egaa, warri mootummaas, dabballeen mootummaas beekuuti irrra jira. Mootummaan akkuma duratti bare sagalee hatuuf qopha'aa jira taanaan kisaaraan baroota darbe isaan mudate ammas irra deebi'ee isaan akka mudatu beekuu qabu.

GP: Haalli yeroo ammaa akka Biyyattiitti darbee darbee mullachaa jiru, keessattuu nama hidhuu, ajjeesuu, labsii Koomaandi Postiifi kkf'faa utuu jiruu, filannoon baranaa geggeeffamuusaa irratti dhiibbaa hin qabaatu jettuu isin? Yoo akka carraa ta'ee sababa tasgabbiin dhabameef filannoon darbarfamehoo maaltu ta'a jettu?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Nuti filannoon kun guyyaa karoorfamerraa sa'a tokkoyyuu akka darbu hin barbaannu. Wanti nuti kana jennuufammoo, sabni keenya hanga yoonaatti nama filateen bulaa waan hin jirreefi. Uummatni keenya akka aanaattis, akka godinaattis akka Biyyaattis haa ta'u nama filateen buluu qaba. Kanaaf kana caalaa yeroo filannoo dheeressuun, akkuma barretti saba bulchinaa jedhu yoo ta"e malee, sabni nama sagalee hin kenniniifiin buluu hin fedhu.Kun ta'uunsaa amma yoonaattuu yakkadha. Kana caalaammoo kannuti, warruma mootummaayyuu ballifnee gorsuu barbaannu, mootummaan kun filannoo dhufuun alatti carraa hin qabu. Filannaan dhufu darbinaan biyyi kun gara hin taanetti deemti. Oromiyaanis ni jeeqamti. Kana gubbaatii ammoo kisaaraa malee bu'aan argamu hin jiru. Bakka baayyeetti yeroo deemnu, sabni kan nuun jedhu, jijjiiramni as hin geenyeedha. Jijjiiramni saba bira ga'uudhaaf karaan biraa hin jiru. Jijjiirama saba bira geessisuuf, nama uummatni itti amanee filateen uummaticha bulchuudha. Sabni tokko nama itti amnee, abalu naaf aantummaa qabaa, na keessaa ba'ee, miidhamakoo, rakkookoo ilaaluu hin jaallatu jedhee kan amanu filachuu danda'uutu irra jira. Kana gochuuf ammoo karaan filatamaan tokko filannoodha. Kanaaf filannoon baranaa rakkoo malee adeemsifamuutu irra jiraata. Mootummaan kana didee, filannoo barakanaa yoo ceesise waan dhufuu simachuuf qopha'aa ta'uutu irra jiraata.

Gullallee Post:Akkuma baratame Mootummaan filannoo baranaa irratti yoo sagalee isiniif kenname hate, isinis akkuma baroota darbanii callistanii filannoo itti aanu eeggattu moo maal gochuuf qophooftaniittu?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: ADWUI'n sagalee hannaatiin eessa ga'uun akka danda'amu, muuxannoosaa bara 2007 irraa fudhachuu qaba. Sagalee sabaa hatanii, nagaan tarkaanfachuun akka hin danda'amne mootummaanis beeka. 2007 sagalee sabaa hateekan abidda ofitti qabsiise ADWUIdh. Jaarraa 21ffaa keessa, dorgomaan tokko sagalee 100% aragdhe jechuun labsuun uummatatti qoosuudha. Kanaaf, PDO'nsagalee sabaa hatanii lama buluun akka hin danda'amne OPDOrraa barachuu qaba. Kun ammoo doorsisa miti. Warri mootummaa kunis waan naannoosaafi waan isarratti odeeffamullee sirriitti beekuutu irra jiraata. Amma torban kana kitaaba lamaan tokko dubbiseen ture, isa tokko dubbisee fixeera. Mata dureensaa 'Ye taxalafee Tigil' jedha. Hiikkaan isaas 'Qabsicha Butame' kan jedhudha. Kitaabnichi waan baayyee kan nuti beeknus, hin beeknes hedduu kaasaa ture. Qabsoon sabaa kun butameera yookaan nama karaa deemaaf kennameera jedha. Egaa qabsoo sabaa kana attamitti butame, eenyuutu bute isa jedhu baruuf, warri mootummaa kunillee utuu dubbisanii dhugaa jiru baruun sabatti as ba'anii waan baayyee hubatu jedheen yaada. Kana jechuunkoos, filannoon baroota darbaniif irra deddeebiin hatamus, har'ayyuu qabsoo sabaatiin mootummaan uummataan filatame dhufuu dhiisuunsaa, qabsoon sabichaa hatumaasaa agarsiisa jechuu kooti. Kanas utuu dubbisanii ni hubatu. Kitaabni kan biraan ani amma dubbisaa jiru tokko ammoo 'Ye Iyyaadig Qulqulat Guzoo" kan jedhudha. Innis 'Adeems Irraangadee ADWUI' kan jedhudha. Kitaabichillee rakkoo mootummaa kanaa kessattuu kan waggaa 27 asii maal akka fakkaatu kan himudha. Walumaa galatti kanin jechuu barbaade, mootummaan waan isarratti odeeffamuufi danqaa itti ta'u baruuf haala naannoosaa ilaaluun alattillee, sagalee uummataaf iddoo laachuutu irra jiraata. Egaa filannoo bara kanaa jechuun kan 2012 akka kanaan dura hannaan akka hin dabarreef rakkoo isaanii, dhibee isaaniif yeroodhaan qoricha argachuuti irra jiraata. Isaaniillee akiimiin ni barbaachisa jechuu kooti. Qorichi isaanii ammoo dhugaatti amanuu qofa.

GP: Dhimma paartiilee Siyaasa Oromoo gara tokkottii fiduu keessatti, Paartiin KFO fi ABO gara tokkotti dhufuun isaanii miidiyaa hawaasummaa gubbaatti haasa'aama ture. Walitti dabalamuudhaan paartii tokko ta'uuf adeemtu oduun jedhus jira. Mee waan sana nuuf ibsuu dandeessuu?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Walitti dabalamuun paartii tokko ta'uu jechuu miti. Kanin afaan guutee isinitti dubbachuu dandsa'u, KFO fi ABO 'n wal gubbaatti kan dorgomu natti hin fakkaatu. Sagaleen saba keenyaa akka hin hiramnetti, bakka adda addaatti dorgomna jechaa jirra. Isaanis kana beeku; nutis kanuma beekna. Garuu waa'ee walitti dabalumaarratti, akkamitti wajjin hojjennaa, maal goona isa jedhuuf gara fuuladuraatti kan ilaalamudha. Garuu waamichi ani paartiilee siyaasaa Oromoo kan biroof godhu, isaanis dhufanii 'MADIRAK' gamtaa nuti amma keessa jirrutti akka dabalamanidha. Yoo dhufan haala kanaan ballifnee wajjin hojjechuusni dandeenya. Mooraa qabsoo Oromoo keessatti wanti deemaa jiru kun akka tasgabbaa'u, akka hin taanettti akka luka qabnee wal hin kuffisne, warra ODP's dabalannee amma dandeenye miira wal kabajuufi wal danda'uu yaalii godhamaa jirus milkeessuuf utuu walitti dhufnee gaariidha.

GP: Akka rogeeyyiin ODP tokko tokko jedhaa jiranitti, ireechi hora Finfinnee bara kana kabajame, deebii gaaffii Oromoo kan Finfinnee waliin wal qabatuuti jedhu. Dabalataanis ministeerri Muummee Oromoo ta'uunsaa gaaffii abbaa biyyummaa deebi'uudha jedhu. Isinoo gaaffileen kun deebii argataniiru jettanii amantuu?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Gaaffiin Oromoo deebii hin arganne. Kanammoo rogeeyyii paartichaarraa osoo hin taane, afaan Obbo Lammaa Magarsaarraa yeroo isaan Ugaandaatti haasa'aniyyuu kan dhageenyedha. 'Gaaffiin Oromoo deebii hin arganne, nutis deebisaa hin jirru.' Jechuun Obbo Lammaan dubbataniiru. Lammaan ammoo namoota jijjiirama kana fidan jedhamu keessaa isa hangafa. Kanaafuu gaaffiin Oromoo tokkoyyuu hin deebine ilaalcha jedhu malee deebi'eera kan jedhu hin qabnu.

GP: Paartiileen siyaasa Oromoo hedduun ODP dabalatee, injifannoo kana kan argamsiise nuyii jechuun yeroo wal jifatan ni mullata. KFO'n garuu kanas sanas hin jenne. KFO'n qeerroo gurmeessuu, imaammata qabsoo baasuu keessatti ga'ee ba'ate hin qabumoo, maalif dubbatachuu dadhabe?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Dhugaa dubbachuuf paartiileen Siyaasa Oromoo hunduu gamaanis gamanaanis qabsoo Oromoo keessatti gumaacha godhaniiru. Haa ta'u malee, nuti gaafuma dhaabbata kana hundeessine irraa kaasee, liigii Dargaggoo Oromoo gurmuu jedhamu qabna turre; ammas ammoo qabna. Warri Liigii sana olaantummaan hooggganan baayyeen isaanii, hidhamaa dararamaa turan. Akkasumas ammoo bitamaallee turaniiru. Liigii sana keessatti qeerroofi qarree hammachiisuun deemaa turreerra. Dhaabni keenya gaafuma hundeffamurraa kaasee, dargaggoon Oromoo akka qabsaa'u, akka falmatuufi gaaffii mirgaa gaafatu gochaa tureera. Kanaaf sochii qeerroo baroota darbanii keessatti, hirmaannaa olaanaafi hooggansa olaanaa Oromiyaa mararratti waraqaa Miliiyona 3 ol facaasuun, uummata dadammaksuukeessatti kan qabu nuyi. Kanaaf ammoo ragaan keenya diinas firas ta'uu danda'a. Qabsoo Oromoo keessatti, kan akka KFO'tti qooda qabuyyuu hin jiru. Miseensonni keenya hedduun Qaallittii, Maayikalaawwiifi Qiliinxootti dararamaa turaniiru. Miseensa olaanaa Dhabbata keenyaa kan ta'es, mana hidhaa Qaallittittii du'eera. Kanaaf qabsoo baroota darbanii keessatti qooda olaanaa qabaachuu keenyaaf ragaan, Qaallittiifi Qiliinxoodha.

GP: Mootummaan kun gaaffii Oromoon Finfinneerra qabu cinaatti dhiisee, faallaa qabsoo Oromoo kan ta'an warreen Finfinneen kan Oromoo miti jedhan ammoo dirree ballisaafii jira. Dhimma kanaafis fakkeenya kan nuuf ta'u, Gaazexeessaa Iskandir Naggaa, mana maree seeraan alaa dhaabuun maqaa 'Baala Adaraa' jedhuun deemaa jira. Manni mareen kunis, Oromiyaan Finfinneerraa homaayyuu faayidaa argachuu hin qabdu jedhee amana. Mootummaan mana maree kanarratti tarkaanfii fudhachuu dadhabuunsaafi callisee ilaaluunsaa dhiibbaa geessisu hin qabuu?Akka hayyuu siyaasa tokkootti isinwaan kanarratti mee maal jettu?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Wanti akkasii kun Oromoo ittuu kakaasa malee hin laaffisu. Jaallannus jibbinus ammoo, Finfinneen saba Miliyoona 50 harka jirti. Dabalataanis ammoo dacheen Finfinnee handhuura lafa Oromoo irratti argamti. Kana ammoo ODP'n deebii kennuu dadhabus, nuti gaafa angootti dhufnu akkamitti akka furuu dandeenyu bareechinee beekna. Garuu, ODP'n callisee ilaaluunsaa sirriis natti hin fakkaatu. Tarii sadarkaa afaaniitti illee deebii kennuu dadhabuun ODP maalif akka ta'e hin beeku. Jaraa wajjin hidhata waan qabaniifi rakkatiniituu laata jedheesnan shakka. Garuu akka sabaatti wanti nuti gochuu qabnu, Oromoon gaaffiinkoo naaf haa deebi'u jedhee gaafachuu ittuma fufuu qaba.

GP: Miirri tokkumaan Oromoo ce'umsa kana keessa mullataa jiru akka duraa sana kan wal amantaa afi jaalala qabu miti. Wal qooduufi wal shakkuutu argamaa jira. Kun maddisaa maal ta'innaa?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Dhugaadha wanti mullachaa jiru jira. Mootummaanis Oromoo addaan ciree bituuf yaalaa jira. Kun ammoo, sababa sirnichi ce'umsarra jiruuf ta'uu mala. Ta'us garuu, qeerroofi Oromoon utuu wal qooduu baatee bayeessa. Nuti akka dhaaba keenyaatti tokkummaa sadii uumuuf yaalaa jirra. Inni 1ffaan,

Ilaafi ilaamee

Tokkummaa saba keenyaati. Sabni keenya kudha tokko ta'ee wal hiree dhiisiitii tokko ta'eeyyuu galma ga'uu dadhabaa jira. Kanaaf tokkummaan saba keenyaa baayyee murteessaadha. Tokkoomuun dirqama jiraachuu sabichaati. Paartiileen siyaasaa garagaraas yoo tokkummaa sabichaa eeguu baatan hunda keenyaaf kasaaraadha. Kanaaf tokkummaa sabichaa irratti ejjennoo wal fakkaatuun socho'amuu qaba. Tokkummaan 2ffaa nuti barbaannu, tokkummaa qeerroo keenyaati. Wanti mootummaan qeerroo bakka garaagaratti hiruuf yaalu kun gadheedha. Paartiileen siyaasaas qeerroo hirmaachuurra, mootummaanis dantaa hin taaneen qeerroo sossobuuf yaaluurra, qeerrooo tokko taasisuu irratti hojjechuutu gaariidha. Yoo akkas hin taane, humna qeerroo laaffisaa jiru jechuudha. Humna qeerroo laaffisuu jechuun ammoo, kufaatii ofitti butudha. Ammaaf Oromoon raayyaa inni qabu Qeerroo qofa. Tokkummaan qeerroo eeguun hunda keenyaaf hojii manaa ta'uu qaba. Tokkummaan 3ffaa nuti barbaannu, tokkummaa dhaabbilee siyaasa Oromooti. Dhaabbileen siyaasaa Oromoo waan bu'aa qabuufis bu'aa hin qabneefis luka qabnee wal harkisuurra, luka waliif taanee waliif deemuu danda'uu qabna. Aadaan waggaa 50'f nu waliin ture dhaloota itti aanutti darbuu hin qabu. Akka isa Oromoon "Foon lafa jiruuf, Allaattiin samiirratti wal fixxi" jedhuu sanaa, angoo nu harka hin jirreef goodaatti wal danquu hin qabnu.

Bara dargii keessa beekaan Oromoo jedhamu hunduu, iddoo afur sadiitti wal hiree wal qolachaa ture. Sababuma sanaafis garbummaatu as ce'e. Adda addummaa keenya yerosiif jechas, mootummaan dargii hayyuu Oromoo isa tokko ciree godhatee, isa tokko laaqana godhatee, isa tokko ammooirbaata godhachuun, beekaan Oromoo nu ol jiran hedduun ajjeefaman. Nuti warri isaan boodaa ammoo hidhaatti galuun injiraan lakkaa'uutti galle. Keessattuu qabsaa'onni Oromoo amma lubbuun jirru hedduun isaanii yeros hidhaa turre. Ammas sanatu ta'uuf deema. Kanaaf tokkummaan paartiilee siyaasaa hedduu murteessaadha. Tokkummaa jechuun ammoo paartii tokkicha ta'uu qofa miti. Amma danda'ametti wal danda'uu, wal kabajuufi wal cabsuu dhiisu. Yoo jabaatan walitti dabalamuu, dadhabamu ammoo wal utubuutu nurra jiraata. Isinis miidiyaaleen Oromoo amma jirtan, kallattii utuu hin qabatin kanarratti hojjedhaa. Nutis karaa keenya amma dandeemnyu ni hojjenna. Kanaachi paartiileen Oromoo gara tokkotti dhufuu baannaan, kisaaraa hamaa keessa seenuuf deemna. Nutis carraa arganne hundattidhimma tokkummaa Oromoo sadan kanaa akka sagalee macaafa Quqlqulluu yookaan Quraanaatti nibarsiifna.

GP: Pirofeeser guddaa galatoomaa jechaa, dhumarratti dubbistoota barruu Gullallee Post Afaan Oromootiif dhaamsi isin qabdan ni jiraa laata?

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Waan ani jedhe kana keessatti namni martuu akka hirmaatun barbaada. Tokkummaan Oromoo yoo hin jabaatin, wanti dhufu isa durii caalaa ulfaachuu mala. Tokkummaan keenya meeshaa waraanaa keenya waan ta'eef, guddaanis xiqqaanis, wallaalaanis, beekaanis tokkummaa Oromoo waan miidhurraa of haa eeggatun jedha. Kanuman dhaamuu barbaada.

GP: Hayyee Pirofeeser yeroo nuuf kennuun yaada keessan waan nuuf hirtaniif, maqaa dubbistoota Barruu Gullallee Post Afaan Oromootiin guddaa isingalateeffanna; galatoomaa!

Piroofeeser Mararaa Guddinaa: Homaa miti isinis galatoomaa!



Sodaa koo sitti himuu?

\- - -

"Oolmaa keetu ulfaatee.."
Sirba jedhu banannee
Harka tokkoon barruu
Tokkoon mudhii wal qabannee
Walaloo Haacaaluu fi
Yeedaloo onnee kee hordofaa
Yeroo jaalalaan guutnu
Mana onaa fi qofaa,

Xiyyeeffattee ilaalteettaa?
Yeroo qaamni kee anarra marsu
Akka gaaddidduun keenya
Hawwaa kana miidhagsu.

(Sodaa koo sitti himuu?)

Yeroo ati akkas iftu
Akka nuti; boollatti of hin geessine
Aduun sitti inaaftee
Akka of hin balleessine.

Abboomaa Margaa

Lalisaa Indris Adam

OF ILAALLEE

“Seenaan bara Lij.Iyyaasuu tokko lamaan bara Dr.Abiyyi keessa irra deebi’amaa jira.”

IRRA DEEBII SEENAAFI YAADDOOSAA…

Bara 1880 (Saddeettamoota) keessaa jabana bulchiinsa mootii Yewaannis keessatti, mootonni Walloo hedduun lola mootota habashaa waliin godhaniif sababni ka’umsa ta’aa ture amantaa kiristaanaa hordofuu dhabuufi Oromoo ta’uu mootota Wallooti. Haalota sana keessattis dirreewwan waraanaa garaagaraatiin mootonni kutaa walloo adda adda wareegamaa turaniiru. Dhawata dhaawataanis mooraan mootota walloo sarbamaa dhufee, Itiiyoophiyaan haaraa har’a jirtu kun ijaaramte. Moototni Walloo bebbeekamoon muraasnicarraa lubbuun jiraachuu isaaniif jecha harka laatanii yookaan angoo xiqqoo mootii habashaa jalatti isaan hojjechiisu argachuuf yeroo haalli itti hammaatu maqaafi amantaa isaanii jijjiiruuf dirqamaa turaniiru. Isaan keessaas namni akka fakkeenyaatti jalqabarratti yaadatamu, Maahammad Alii abbaa Lij Iyyaasuudha.

Maahammad Alii bara 1883 yeroo mootiin Yewaannis waraana hamaa uummata Oromoo Walloofi Raayyaa irratti banu, fira fakkaatanii Yewaannisitti dhihaachuudhaan uummata isaanii Walloo baraaruuf dirqamani. Yeroo kanas mootiin Yewaannis abbaa kiristinnaa isaaniif ta’uun, Maammad Alii amantaa Musiliimaarraa gara Kiristaanaatti jijjiirsisan. Ergasii kaasees maqaan isaa Maammad Alii jedhamu hafee, Raas Mikaayelitti gedderame. Achumaan qabiyyee lafa Walloo qabachuun mootii Minilik jalatti Itiyoopiyaatti waamamee buluu eegale.

Raas Mikaayel /Maammad Alii/ humna jabaa waan qabuufis Minilik isa sodaatee, itti soddoomuudhaan firummaasaa jabeeffate. Haala kanaanis Intala Minilik kan taate, Shawaarragaa Minilikiin Raas Mikaayelitti heerumsiisan. Haalota wal fakkaataatiin mootummootaafi geggeessitootaan alattillee uummatni hedduun fedhiisaanii malee eenyummaa isaanii gatanii sabummaa biraa fudhachaa turaniiru.

Kabajamtoota dubbistoota Barruu Gullallee Postii,kaayyoon barreefama kanaa inni guddaan seenaa baroota darban keessatti raawwatameefi yeroo ammaa kanas irra deebiin mullachaa jiru wal bira qabuun, kan kaleessaafi har’aa agarsiisuun qiyyaafannoo kaa’udha. Bara ammaa kanas seenaan bara Lij.Iyyaasuu tokko lamaan bara Dr.Abiyyi keessa irra deebi’aa jira. Kanaafis ammoo taateewwan bara Lij Iyyaasuu turan akkasumallee seenaawwan dhuunfaa Iyyaasuufi Ministeera Muummee Dr.Abiyyiin wal fakkeessan,kitaaboota seenaafi ragaawwan adda addaa heeruudhaan akkasumas hayyuu seenaa dubbisuudhaan kutaa kana jalatti kan ilaallu ta’a.

Wal fakkeenya seenaa Lij. Iyyaasuufi Dr. Abiyyi

Walfakkeenya sirna bulchiinsa bara Lij. Iyyaasuufi Dr. Abiyyiin addatti qulqulleesinee barreessuuf, hayyuu seenaa kan ta’e Dr. Birraatuu Qana’iidhaaf, gaaffii “Seenaa Mootota Itiyoopiyaa keessatti, kan Lij.Iyyaasuufi Dr.Abiyyiin wal fakkeenya ni qabu jedhamee dubbatama. Isinoo akka hayyuu seenaa tokkootti wal fakkeenyi jara kana lamaanii maali jettanii yaaddu?” jedhu dhiheessineefii, deebii isaan nuuf laatan akka armaan gadiitti keenyeerra.

Lij. Iyyaasuun duubeen maatii abbaa isaatii, amantaa Musilimaa kan hordofan yeroo ta’u, haati Iyyaasuu deesse garuu, intala warra Shawaa kan taate hordoftuu amantaa Ortodoksiiti. Abbaan Iyyaasuu Maammad Alii kan jedhamu yeroo ta’u, Oromoota Walloo guutummaatti amantaa Musiliimaa hordofan keessaa dhalate. Kana jechuunis Iyyaasuun dhiigaan Oromoodha jechuudha. Dabalataanis Lij. Iyyaasuun sagalee uummatni isaaf laateen kan filame osoo hin taane, sirna Minilik kan duraan ture itti fufsiisuuf sirnichuma keessaa filata-

mee kan baʼedha.
Bara angoo waggaa 3 keessatti, Iyyaasuun seerota Biyyattii kanneen akka olaantummaa saba tokkoo mullisuu, amantaan tokkichi jiraatee amantaawwan kan biroo balleessuu, mootummaatti aanee angoon harka Qeesii Bataskaana Ortodoksiin murteeffamuu, afaan amaaraatiin alatti afaanota kan biroon barnoonni barsiifamuuf mirga dhabuu, seera hidhamaa /yakkamaa/ dararuu yookaan hiraaruu fi kkf akka jijjiiraman taasise. Addattuu amantaan Musiliimaa bara bulchiinsa Minilik keessa hedduu kan dhiibamaa ture,bara bulchiinsa Iyyaasuutti garuu hafuura baafachuun mirga quraana barsiisuu fi Masgiida ijaaruu argateera.

Dabalataan ammoo, Iyyaasuun miirri biyyummaa yookaan Itiyoopiyumaa saboota biyyattii keessaa warra tokko qofaaan akka hin toʼatamneef, teessoo isaarraa kaʼee Biyyoota garaagaraa kanneen Itiyoopiyaa keessatti argamanirra deemuun amilee sabootaa jabeessuun isaan keessaas haadha warraa fuudhuun firummaa uumaa tureera. Akkasumallee qabxiin guddaan Iyyaasuun tolche, angaaʼota yookaan namoota angoo gurguddaa qaban kan duraan turan, Xaayituu Buxxul haadha warraa Minilik yookaan akkoo Iyyaasuu dabalatee angoorraa isaan geggeessuun humna haaraa dargaggoota ofitti dabaluu eegaluusaati. Taʼus garuu, angaaʼota dullacha kanneen Oromoo taʼan warreen akka Habte Goorgis Dinagdee /Abbaa Malaa/ fi Mokonnon Guddisaafaa angoorraa utuu hin kaasin dhiise.

Sababa jijjiiramoota ani hime kanaatiifis uummataan carraa jaalatamuu aragateera. Dargaggoonnis isa jaallachuu eegalan. Taʼus ammoo diina hedduus horateera. Keessattuu, kallattii kaabaa kanaan akkasumas qeesota Ortodoksiifi warra Manzii kanabiratti hedduu jibbame. Ololli garaagaraa, ʻIyyaasuun kiristaanummaa dhiisee Musiliimummaa fudhate. Lafa Bataskaanaa fuudhee, warra masjiidaaf kenneʼ jedhus ballinaan irratti odeeffame. Iyyaasuunis olola kanaaf iddoo utuu hin laatin hojiisaa itti fufe. Ololli sunis gara gochaatti geddaramuutiin isa fonqolchuun dandaʼame. Fonqolchi mootummaasaatiis bifa qawweetiin taʼuu baatullee, yeroo inni hojiif gara Bahaatti deemu teessoo mootummaasaatii dhaaluun isa toʼannaa jala oolchuu dandaʼan.



Suuraa Lij.Iyyaasuu

Jechuudhaan seenaa Lij. Iyyaasuu gabaabinaan erga nuuf himanii booda, taateewwan bara Bulchiinsa Dr.Abiyyi Ayimadiinis gabaabsanii “Dr.Abiyyiinillee wantoonni isa mudataa jiran kun keessattuu yaaliin fonqolchaa irra deddeebiin godhamaa jiru, jibbi paartiilee kaaba biyyattii keessatti hundeeffaman isaaf qabaachaa jiraniifi haalli inni itti gaaffii amantoota Musiliimaa deebisaa jiru akkasumas Oromoo taʼusaa dabalatee, miira biyyummaa inni uumuuf yaalaa jiru kun kan bara Lij.Iyyaasuu faana wal isa fakkeessa.” Jechuudhaan Dr.Birraatuun wal fakkeenya mootota kana lamaanii dubbatu.

Ragaawwan Interneetiifi midiiyaalee hawaasaa garaagaraa irraa qindeeffanneenis, wantoota Lij. Iyyaasuufi Dr.Abiyyi Ayimadiin wal fakkeessan muraasa isiniif dhiheessina. Seenaa Lij.Iyyaasuu armaan olitti dhihaate buʼura godhachuun taateewwaniifi Seenaa jireenyaa Dr.Abiyyis akka armaan gadiitti dhiheessina.

Maqaan Lij.Iyyaasuun amma akaakaatti yoo waamamu, Iyyaasuu Maammad Alii jedhama. Kan Dr.Abiiyi faana maqaa Akaakileetiin wal isaan fakkeessa. Innis ammoo Dr.Abiyyi Ahimad Alii taʼusaaniiti. Dabalataanis duubeen maatii Iyyaasuu hordoftoota amantaa Musiliimaa yeroo taʼu, kan Ministeera Muummee Itiyoopiyaa bara ammaallee akkasuma. Lij.Iyyaasuun kara Abbaa isaatii Oromoo walloo yeroo taʼu, haati isaa amaara shawaadha. Maatiin Dr.Abiyyis akka ragaan Wikipidia irraa arganne mirkaneessutti, Abbaan isaanii Obbo Ahimad Alii Dheeraa Oromoo yeroo taʼan, haati Ministeera Muummee Itiyoopiyaa Dr.Abiyyis Aaddee-Tezeta Wolde kan jedhaman ammoo sabummaan Amaara taʼuu isaanii mirkaneessa.

Dabalataanillee Dr.Abiyyi Ahimad bara bulchiinsa isaanii keessa, gaaffilee Musiliimotaaf deebii laachuun amantaa Isilaamaas kabaja isaaf malu kennuun qixa amantaa kan biraatti akka kabajamu akkasumas hidhamtoonni sababa ilaalcha siyaasaas haa taʼu kan biroof shororkeessaa jedhamanii fuuncaan harkattitolchamee mana murtiitti akka hin dhihaanne taasisaniiru.Haaluma wal fakkaatuuneegdonni Ministeerota Reppaabilikaa jedhaman bifa haaraatiin akka hundeeffamu taasisuutiin gurmuu nageenyaa haaraa dhaabaniiru.Lij.Iyyaasuunillee bara mootummaa isaa keessa amantaan musiliimaa akka mirga argatu taasisuun cinatti, seera ʻquranyaaʼ kan yakkaman fuuncaatiin hidhamee mana murtiitti akka dhihaatu godhu jijjiiruun, poolisii magaalaa Finfinnee

OF ILAALLEE

kan jalqabaa hundeessuun nageenya amansiisaa uumuuf yaalee ture.
Addumaan mootota kana lamaan wanti wal isaan fakkeessu ammoo, lachan isaanii mootummaa uummataan utuu hin filatamin uummataan jaallataman ta'uu isaaniiti. Akkasumallee mootonni kun lamaan sirna garboomfataa uummati nuffe keessaa ba'uun maqaadhuma sirna sanaan bulchuu itti fufuu saaniiti. Lij.Iyyaasuun guutummaa guutuutti ta'uu baatus hooggantoota dullacha yyis sababa amantaa Musilimaatiif gaaffiiwwan isaanii deebiseef bakka tokko tokkotti jibbiinsi mullataa jira. Hiriira mormii gaafa7/8/2019 Biyya Isiraa'elitti ba'ame irratti dhaadannoon mormii "Dr.Abiyyi Kiristaana fakkaatee nu gowwomse" jedhu irra deddeebiin dhaga'aamaa ture.
https://www.youtube.com/watch?v=TRNkrA2zFlc

Yeroo sanatti, Lij.Iyyaasuu sababa Oromumaasaa dabalatee mormiin Oromummaasaatiif, Dr.Abiyyiin quunnamaa jiru ta'uusaaf ragaadha.

Irra deebii seenaa akkamittiin gaaromsuun dandaa'ama?

Egaa wal fakkeenyi mootota kana lamaanii akka kanaan yoo ibsamu, irra deebii seenaa raawwatamaa jiru kanarraa Dr.Abiyyi maal barachuu qabu? Dogoggora Iyyaasuun yerositti godhe maal maal hubachuutu isaaniif mala? Gaaffi jedhu, hayyuu seenaa



ta'an hedduu isaanii angoorraa hari'ee humnaa haaraa wajjin hojjetaa ture. Bara bulchiinsa mootummaa kanaa keessas angaa'ota duraanii geggeessuun humni haaraa gara duraatti akka dhufan ta'aa jira.

Sababoota jijjiirama kana fiduu isaaniitiin wantoonni isaan mudatanillee wal fakkeenya kan biraati. Lij. Iyyaasuun sababa amantaa Musiliimaaf mirga biliisummaa amantii laateef sabootaafi hordoftoota amantaa kan birootiin jibbameera. Dr.Abihedduun garaagaraa isa quunamaa turaniiru. Mormiin kunis angaa'ota mootummaa duraan turanirraa eegalee, hanga uummata kaabaa kanneen hordoftoota amantaa Kiristaanaa ta'an hunda hirmaachisuutti qaqqabee ture. Mormiin yeroo ammaa Dr.Abiyyiin quunamaa jirus, yaalii fonqolcha mootummaarraa kaasee hanga lubbuu angaa'otaa balleessuutti kan qaqqabaa jiru kun, arrabsoowwan eenyummaa waliin wal qabatan kan toora miidiyaalee hawaasaa irratti dhaga'amu hedduun isaa jibba sababa Dr.Birraatuu gaafannee turre. Deebiin isaaniis akka gadii kanatti ka'aameeraatii itti dhihaadhaa!

Lij.Iyyaasuun yeroo sana angaa'ota hedduu angoorraa kaasee, warren Oromoota'an kanneen akka Habte Goorgis Dinagdee dhiisuun isaa, dhumarra isa nyaate. Lij.Iyyaasuun angoorraa akka kaafamuuf namoota ga'ee olaanaa taphatan keessaa inni duraa,...

Gara fuula 26 tti naanna'eera

Jildii 1ffaa, Lak.2 Onkololeessa 2012
Lalisaa Indiris Adam'tiin

BAANDII BILISUMMAARRAA HANGA GAAZEXAA URJII HUNDEESSUUTTI...

Afgaaffii Artiist Daagim Mokonnon Waliin

Artist Daagim Mokonnon maqaa jaalalaa Kiilolee jedhamuun kan beekamu, weellistoota Oromoo waggoota 15 dura, sagalee uummata isaanii ta'anii qilleensa aartii Oromoo qabachuun adeemaa turan keessaa isa tokko. Artist Daagim Mokonnon hundeessitoota baandii Biliisummaafi gaazexaa Urjii keessaas nama tokkicha yeroo ta'u, aartistoota akka Eebbisaa Addunyaafaa waliin warra 'riiba'inii' muuziqaa ammayyaa tarsaasuun sadarkaa muuziqaa Oromoo ceesisedha. Artistiin kun yeroo ammaa kana jireenya baqattummaan biyya alaa kan jiraatu yeroo ta'u, ayyaana irreecha hora Finfinnee bara kanaa kabajachuuf gara Oromiyaatti dhufee jira. Nutis carraa argannetti fayyadamuun sagantaa Oguma keenyaa jalatti, turtii isa waliin taasifneisiniif dhiheessina.
Fulbaana 11/bara 2012

GP: Weellisaa Daagim Mokonnon baga nagaan gara biyyakee jaallatu, Oromiyaatti nagaan deebite jechaa, Barruu Gullallee Post wajjin afgaaffii gochuuf waan hayyamamaa taateefis galatoomi. Gaaffilee keenya bu'uraatti utuu hin seenin dura, haala dhalootaafi akkaataa guddina kee waa akka gurra nu buustu si gaafanna.



Artist Daagim: Duraan dursa keessumaa Gullallee Post naa gootanii na dubbisuu keessaniif hedduun isin galateeffadha. Gullallee Post miidiyaarratti arguun maqaasaallee kanan jaalladhu kanarratti hiree argachuunkoofis ulfaadhaa.Gara gaaffii keessaniitti yeroon deebi'u, bakki dhalootakoo Wallagga Magaalaa Gimbii jalaa Baadiyyaatti.Ta'us ammo egaa umurii daa'ummaammattin gara Finfinnee kana Wasiilakoo bira barnootaaf dhufe.Egaa jireenyikoo ammaa kunis sanarraa eegale.

GP: Umurii daa'imummaatti achii baatee gara Finfinnee dhufte erga ta'ee, Daagim mucaa baadiyyaatimoo Magaalaati jechuu dandeenya?

Artist Daagim: Ani mucaa Magaalaatis, Baadiyyaatis. Akkakoo Baadiyyaatti dhalatanii magaalatti guddachuu jechuun ayyaantuu ta'uu jechuudha; shan beekettii ta'uu jechuudha. Waa hedduu beektas, bartas.Ta'us garuu ani magaalatti utuu hin taane Baadiyyattin of waama.Waan si dhibu jireenya magaalaatti baruun yeroo gabaabaa narraa fudhate yeros.Baadiyyaatti yoo dhalattu, sagalee qamalee, jaldeessaafi simbiraa dhaga'aa guddatta.Akka itti qotan akka itti araman, akka itti firii mukaa kutattee nyaattuillee argaa guddatta.Barumsaaf yeroon as dhufus ammo jireenya magaalaa dafeen bare. Egaa ati waan feete jedhii na waami malee ani mucaa Baadiyyaati. /Kolfa/

GP: Yeroo baadiyyaatii baatanii gara Finfinnee dhuftan mee umurii daa'imummaa sanatti waan isin mudate maalfayi? Nutti himuu dandeessuu?

Artist Daagim: Akkan magaalaa Finfinnee dhufeen wasiillikoo mana barumsaa dhuunfaa naannoo Jaan-Meed-

aa /Hurufa Boonbii/ jiru tokkon seene.Ani yeroo sana daa'iman ture. Ta'us ammoo rakkoo guddaatu narra ga'e. Umurii ani keessa jiru sun umurii ijoollummaa waan ta'eef, tapha nan jaalladhan ture. Haa ta'u malee garuu sababan afaan Amaaraa hin beekneef, ijoollee wajjin waluma lolaan oola. Waan si dhibu keessaa yeroo sana sababan Oromoo ta'eef maqaa 'Gaalloo' jedhu naaf moggaasaniitu ittiin na waamu turan. Yeroo boqonaatti ijoolleen barattoonni wal hari'anii yoo taphatan anaaf waan ofirraa na dhiibaniif qophaakoon dabarsan ture. Waan isaan na jibbaniif gaaffii natti ta'a ture. Afaan isaanii dubbachuuf yoon yaalus natti kolfu turan. Anis ammo dubbachuurra dhiisuu filadheen maalif akkasaan na jibban buusee baasa ture. Egaa dhiibbaan sunis akkan sabboonu na godhe. Boodanammoo utuman Finfinnee jiruu, Obbo Isaayyas Hordofaa, Saamu'eel Dhaabaa, Badhaasaafi Jireenyaa Ayyaanaafaa wajjinan wal bare.Isa booda gara Baanbis jedhamtu kanatti deddeebinee aniifi Jireenyaan wal arguu eegalle.Haaluma sanaan egaa, Raadiyoo Itiyoopiyaa sagantaa Afaan Oromoorrattis tola-ooltummaatiin hojjechuu jalqabne.Sagntaan nuti irratti hojjennus, Diraamaadhaan ture.

GP: Jireenyaa Ayyaanaa kanati jettu isuma weellisaa Oromoo sana kan mootummaan Waayyannee butee, bakki buuteesaa dhabamedhaa?

Artist Daagim: Eyyee isuma. Bara sana yeroo Diraamaa hojjennu, barreessuunis taatota ta'unis hojjechaa turre. Waan nama dhibu, Taatota shamarranii gaafa dhabnu ofiidhuma keenyaa sagalee qallisnee akka Durbaraatti hojjechaafaa turre. Diraamaa Raadiyoo ani barasana barreessee hedduu jallatame, mata dureensaa "Heeruma Galgalee" jedhama ture. Ergasii as kan Jireenyaa Ayyaanaa barreesse ammoo " Daboo" jedha ture. Diraamaan kun egaa xiyyeeffannoon isaa afaan guddisuu ta'us qabiyyeensaa siyaasuma ture. Inni kankoo aadaa fuudhaafi heerumaa keessa da'atee ergaa biliisomuu hin hafnu jedhu dabarsa ture. Yaadnisaas ammo Galgalee intala jedhamtu kan heeruma dharraatu garuu hin eerumin jirtu tokko akkaataasheen itti eerumuu dandeessu seenessa ture. Kan Jireenyaa ammoo humna tokkummaa, gamtaa'inaafi waliin ta'uu barsiisa ture.Egaa hojii kanas ijoollee Oromoo Yuunvarsiitii jiran biratti hedduu jaallatamaa ta'e. Hojiin sun kamisa kamisa waraabamee, Dilbata qilleensarra oola.Egaa anaaf karaan gara Artistummaatti ana fide inni jalqabaa Diraamaa Raadiyoo Itiyoopiyaa kana ture.

GP: Bara keessan sana keessa weellistoonni Oromoo kan afaan Oromoo sirbanii kaaseta hojjetan baayyinaan hin jiran turan. Kun amilee isin kaaseta hojjechuuf qabaattaniif akkam ture? Keessumaa nama fakkeenya godhattanii faana dhooftan ni qabdu turtanii?

Artist Daagim: Wanti akkas jedhamu hin jiru. Kaasetni Afaan Oromoollee hin jiru jechuun ni danda'aama. Kan jirus qubaan lakkaa'am. Kun ammo dhiibbaa mootummaafi dammaquu dhabuu hawaasa yerosiis ni dabalata ture. Haa ta'u maleemmoo kaaseetoota qubaan lakkaa'aman yeroo sanaa keessaa, Abitawuu Kabbadaa, Zariihun Wadajoo, Mitikkuu Tarfaasaafayi. Nan yaadadha, Mitikkuun kaaseta haaraa baaseetu, magaalaa Finfinnee keessa bakkeewwan garaagaraatti Poosteriisaa mamaxxansee jira.Nuti ammo isanni Afaan Oromootiin maxxanfameef gammadnee itti deddeebinee bakkanni maxxanfametti ilaalla turre. Poosterii sanarratti suuraa Mitikkuu ijasaarra, hidhiisaarrafaa kukkutanii argina.Yeroo kanagaa garaan inuma nu gubata ture.

GP: Egaa adeemsi itti aanee ati jalqabde gara har'aa kana dhufte maal fakkaata?

Artist Daagim: Raadiyoo Itiyoopiyaarraa gara addunyaa muuziqaatti dhufuuf yoon ka'u, weellistoota Oromoo iyyaafachuun eegale. Aadde Ilfinash Qannoo barbaaden argadhe. Yeroo sana isheen baandii poolisii keessa hojjetti turte. Isheenis gara muuziqaa kanaatti na butaa dhufte. Anis jabaadhumanakka lakkoobsa faranjiitti bara 1990 Kaaseta jalqabaa mata dureensaa "Agadaa Birraa" jedhu baafachuuttan dhufe. Welluun sun ba'ee utuu hin turinidha kan Dargiin kufee Addi Biliisummaa Oromoo biyya keessa gales.Yeroo dargiin kufu sanatti ani qeerroon ture.Umurii dargaggummaa kana keessa egaa beetta mitiiree /kolfa/ Gmmachuu guddaatus natti dhaga'ame egaa.Gullalleetti dhaqnee qabsaa'ota keenya ilaalla turre. Ittis dabalamnee qooda fudhachuu eegalleerra.Qooda guddaa ba'annes.
Isa dura garuu, utuu gara ce'umsaatti hin dhufin bu'aa ba'iibara dargii keessatti sirboonni afaan Oromoo keessa darban dubbachuun barbaada. Haalli yerosii akka ammaa kana miti; hedduu rakkisaa ture.Rakkinni kunis ammo sirba afaan Oromoo qofarrattimiti, afaanota amaariffaan alatti jiran kamuu yoo sirba ittiin hojjette barri sun hin hayyamu ture.Yoo akka carraa hayyamemmoo, walaloosaa gara amaariffaatti hiiktee, warra waldaa muuziqeessitoota Itiyoopiyaaf akkasaan sakatta'anitti laatta.

GP: Warri Waldaa Muuziqessitoota Itiyoopiyaa sun bar asana kan isaan sakatta'aan maali?

Artist Daagim: Siyaasakaa /kolfa/ bara Dargii sana keessa sirba qeenxee gad dhiisuu wanti jedhamu hin jiru, sirba 12 kaaseta kirrii tokkorratti hejjetamee gad dhiifama. Sirboota kana keessas ammoo sirbi waa'ee Abiyootii

/Warraaksa/ himu tokko jiraachuu qaba. Gara haasaa kiyyatti siif deebi'uuf egaa, kaaseta jalqabaakoo sana hojjedhee xumureen nama walaloosaa gara Amaariffaatti naaf hiiku dhabee rakkadhe.
Ulaagaan hiikkaasaa inni tokko ammoo walaloo gara walalootti hiiktee dhiheessuudha.Ani Daagim ammo Amaarinyaa kanatti homaa hiika hin qabu.Kanaaf nama gara afaan Amaaraatti naaf hiiku dhabee hedduun rakkadhe. Sababa sanaaf muuziqaankoo lafarra harkifataa ture.Kanaaf jechas nama afaan Oromoos afaan Amaariffaas beeku argachuuf akka maleen rakkadhe. Kanaafis odeeffannoo tokkon dhaga'e, barsiisaa Tafarii jedhamu nama Oromoo tokko jiraachuusaa dhaga'ee isa barbaacha deeme. Egaa yeroo sana Barsiisaan nama waan hunda beeku nutti fakkaata.Barsiisaan kunis gammachuudhaan narkaa fudhatee akka naaf hiiku waadaa naaf gale.Ta'us garuu walaloodhaan hiikuu hin dandeenye ture.Jecha tooraan eeganii galumsaan hiikuun ulfaataa akka ta'en hubadhe.Barsiisaan sunis utuu hin hiikin naaf deebise.Isa booda iyyaafannoo namaatiinan Koloneel Saayilee Dagaagoo argadhe.Koloneel Saayileen hedduu nama jabaadha. Sirboota amaariffaafi Afaan Oromoo hedduu nama barreessanidha. Walalookoo sanas bareechanii naaf hiikan. Akka carraa ta'ees isaan waldaa Muuziqeessitoota Itiyoopiyaa keessaa warra sirba sakatta'an keessaatooko turan. Sirbakoo sana rakkoo malee akka naaf darbuuf itti mallatteessanii naaf laatan. Waan si ajaa'ibu, yeroo sana sirboota 12 keessaa sirba abiyootii tokko makuun dirqama ture. Animmoo hin qabun ture.Koloneel Saayileen garuu sirbakoo isa "Hoomaa reebee yammamaakoo, hoomaan kankoo hoomaa reebe" jedhu akka sirba Abiyootaawwii /warraaksa Dargiitti/ naaf mallatteessan.Isa booda Kaastnikoos gad dhiifame jechuudha.

GP: Kaaseta sana keessatti sirbi cigoon mootummaa dargii dheekkamuufi dhufaatii ABO himu tokko jira ture. Sirba sanasumatu barreesse barreessee, yeedaleessee?

Artist Daagim: Eyyee. Sirbootakoo hunadyyuu anumatu barreessee, yeedaleessa. Kaaseta yerosii keessatti ammoo sirba isa "Isheen eenyu isheen (2)" jedhu tokko dibbeen sun ni barbaachisa jedhanii, Koloneel Saayileetu itti naaf dabale.

" ...Sababa kanaafis kaayyookoo milkeessuufan dhokadhe malee sodaaf miti. "

GP: Bu'aa ba'iin si quunname, walaloo sana gara amaariffaatti nama hiiku dhabuuke qofa turee?

Artist Daagim: Egaa Artistii Oromoo tokkoo rakkina inni keessa darbe kan suutaa hin ta'u. Ni heddummata.Bara ani kaaseta jalqabaa sana baase, rakkinni gama jireenyaa qofaan anarra ga'eyyuu akka malee guddaa ture. Bara sana keessa yeroo Mootummaan Dargii ilmoo dhiiraa waan jedhamte mara gara waraanaatti humnaan qabee ergu ture. Anis egaa jara jalaa dhokachuuf mana naman hin beeknee keessa ji'a afuriif magaalaa Finfinnee keessa dhokadheen taa'e.

GP: Waraana ta'uu ni sodaatta turtee?

Artist Daagim: /Kolfaa/ Lakkii. Ani yeros Kaaseta Afaan Oromoo hojjedhee sirba afaan Oromoo baasuu waanan barbaaduuf onnee kiyyarraan aartii Oromoo barbaada.Sababa kanaafis kaayyookoo milkeessuufan dhokadhe malee sodaaf miti. Yeroo sanaMana Muuziqaa 'Sinqinash' kan naannoo Piyaassaatti aragmu wajjin waliif mallatteessineetu, isaan mana kiraa fuudhanii naannoo Finaansii kana dhoksuudhaan ji'a afuriif akkan jiraadhu na taasisan. Yeroo sana egaa gad ba'ee daabboo bitachuullee hin danda'u. Yoo akka carraa jarri mana muuziqaa sun Poolisii naaf erganiin akka waan firasaatti isa faana deemeen daabboo bitadha ture.Kanaachi sa'a 24 guutuu manicha keessa ukkaamfameen ta'a.Nyaatas ammo jara warra mana sanaatu dhoksaan naaf fida ture. Yeroo sana egaa firootni koos, isan barumsarraa goree gara aartii Oromoo kanatti gore waan itti hin tolleef gargaarsa narraa dhaabanii turan. Namni na iyyaafatu abbaa mana muuziqaa sanaa kan ta'e Obbo Addaamuu qofa ture. Egaa utuu kaasetni sun hin ba'in rakkoo hamaatu na qabate egaa. Hedduun rakkachaa ture.Ta'us ammoo ani ofiikoo utuu hin taane Afaan Oromoo boriin ilaalaa ture.

GP: Erga kaasetni sun ba'eehoo, akkam taatan?

Artist Daagim: Kaaseta xumuree wagga lamaafan taa'e. Jireenyis natti ulfaatee, bakkan itti galu, lafan oolu, waanan nyaadhu dhabee yeroon abdii kutadhutti Abbaan Kaarruu na qaqqabate. Abbaan Kaarruu seenaa Muuziqaa Oromoo qofa keessatti utuu hin taane, seenaakoo keessaas qooda qaba.

GP: Abbaan Kaarruu eenyu?

Gara fuula 29tti naanna'eera

MANNEEN BARNOOTAA DHUUNFAA NAANNOO OROMIYAA QAJEELFAMA NAANNOO KAMII HORDOFU LAATA?

Seenaa mootota habashaa keessaattii Afaan Amhaaraa qofti akka ittiin dubbatamu,barsiifamu,barreeffamuf dhimmi itti ba'ama ture.Eenyummaan,aadaan,duudhaanifi afaan saba tokkoo akka calaqqisufis waggoota heedduuf irratti hojjetamaa as ga'e. Kunis afaan,duudhaan,eenyummaan sabaaf sablammootaa akka awwaalamuf akka dhokatuuf ol aantummaan Afaan Amhaaraa ba'ee akka mullatuuf hojiin bal'aan hojjetamaa akka ture seenaan darberraa hubachuun ni danda'ama.

Haallii kunhammaachaa dhufuun Oromootni quuqama sabummaa qaban gochicha mormuufi cabsuun qubeen Afaan Oromoo akka bocamuuf qabsoo eegalan.Qabsoon gama qubee Afaan Oromootiin jalqabame guddatee manneen amantaafi waldaaleen akkasumas jaarmiyaalee Oromoo garaagaraa qoodasaanii ba'aniiru.Adeemsota qabsoo garaagaraa keessattis afaanni Oromoo qubee mataasaa qabaatee afaan barnootaa naannoo Oromoo akka ta'u taasifamuu danda'e.adeemsa kana keessattis aarsaa lubbuutii hanga godaansaatti kan qabsaa'otni kaffalan.

Kun uummata Oromoo ifa baasuu,uummata barsiisuu,dadammaksuuf caalmaattii uummatni Oromoo akka sabaatti afaan isaan baratee eenyummaa,duudhaafi afaan isaan akka boonuf wantoota taasisan keessaa isa tokko waan ta'eefNaannoo Oromiyaa keessattii akkaataa sirna barnootaafi heera Mootummaa Federaalaa hordofuun manneen barnootaa idileefi dhuunfaa naannoo Oromiyaatti afaan dhaloota naannichaan sirni baruufi barsiisuun eegalame.
Eegalamuufi heera naannoo Oromiyaatiin mirgi afaan dhalootaan barachuuf laatame bu'ura taasifachuun barruun Gullallee Post manneen barnootaa dhuunfaa Naannoo Oromiyaa keessatti barsiisaa jiran ulaagaa sirni barnootaa Naannoo Oromiyaa baase hordofuun barsiisaa akka jiran adda baafachuuf Hogganaa Itti Aanaa Biiroo Barnoota Oromiyaa Obbo Alamaayyoo Asaffaa waliin haasaa gabaabaa waan uummatni keenya adda baafachuu qaban irrattidubbisee jira; isinis itti dhiyaadha.Haasaan isaaniis akkuma jirutti barreeffama armaan gadiitiin isniif dhihaata.

"Manneen barnootaa dhuunfaa yoo jennuu kallatti adda addaan kan ibsamanidha.Manneen barnootaa dhuunfaa jechuun kan abbaa qabeenyaa tokko qofaan hunda'aan jechuu utuu hin taane haalli ijaarsa isaanis abbootii amantaan, abbootii qabeenyaafi dhaabbilee misoomaan kan ijaaramanta'u danda'a.Warreen dhaabbileefi gurmuu garaagaraatiin hundeeffamanis gartuu/catagory mannen barnootaa dhuunfaa jalatti ramadamu.

Egaa manneen barnootaa kun gaafa ijaaraman ergama mataa isaani qabu. Kaan amantii mataa isaani dhoksaan baballifachuuf,kaan ammoo madda dinadgee taasifachuf,irra heedduun isaanimmoo aadaa,duudhaafi afaan isaani akkaata itti guddifachuufi babballifachuu danda'aniif itti yaadamani kan hojjetanidha.Kaan ammoo akkaatuma walii galtee hayyama isaanitiin ulaagaafi sirna barnoota naannoo keenyaa hordofuun kan barsiisanis ni jiru.

Haala qabatamaa yeroo darberraa yoo fudhannees manneen barnootaa dhuunfaa naannoo magaalaatti kufamanii turan.Kun ammoo dhiibbaa guddaa naannoo keenya keessatti uumaa dhufedha.Akka har'aa osoo hin taane uummanni keenya heedhuunis baadiyyaa jiraatu. Waggootan as dhiyoo ammoo sabni keenya jireenya baadiyyaa irraa gara magaalaati siqachaa dhufuun jireenya isaa magaalaa godhachuu eegaleera.Manneen barnoota kunis sirna kana qofaa keessatti hin hundeeffamne. Kaan isaani sirna duraa keessaa kaan ammoo sirnuma kana keessa ayyaama Mootummaa Federaalaa argataniin kan banamaanidha.

Kanaaf manneen barnootaadhuunfaa kun naannoo magaalaatti Afaan Amaariffaan barsiisaa turan.Irra caalmaan isaanis kallattii sirna barnootaa,qajeelfamafi ulaagaa biiroon kaa'een osoon hin taane Federaalaafi Bulchiinsa Magaalaa Finfinneerra kallattii baruuf barsiisuu fudhatu.Parsantaan guddaanis jalqabaa kaasani afaan Amhaariffaan barsiisu.Faallaa kanaan ammoo ulaagaaBiiroon Barnootaa Oromiyaa baaseen kan barsiisanis jiru.Akka heera bulchiinsa mootummaa naannoo Oromiyaattis Manneen barnootaa afaan,aadaa,duudhaafi safuu uummata Oromoo hin kabajneefi sirna barnoota naannichaa

hin fudhanne hayyaama irraa fuudhuutiin akka cufaman yookaan akka hayyamni irraa haqamu, kan ulaagaa kaa'ameen barsiisan ammoo Biiroon akka jajjabeessuuf walitti fufiinsaan hordoffii gochaa jirra.

Haa ta'u malee kan nama dhibu manneen barnootaa dhuunfaa kun irra heedduun isaani maqaa internaashinaalaa jedhun maalummaafi eessaa dhufee sirna barnoota isaanii hin beekamnetu Naannoo Oromiyaa keessatti barsiisaa jiru.Isaan kana irratti ol'aantummaa seeraa fudhachuun akka cufatan taasifamee jira.Akkaataa sirna barnootaa naannichaanis manneen barnootaa kutaa 1-8 afaan Oromoon akka barsiisanifi kallatti sirna barnootaa naannichaa fudhachiisuuf adeemsa eegalleerra.

Manneen barnootaa hanqinaalee gama afaan Oromoo hordofuu dhabuufi sirna barnootaa naannichaa hordofuu dhiisuu isaanii mirkanaa'e irraahayyamni isaanis haqameera. Sababni isaas ragaa ifa gochuu dhabuu isaani,manneen barnootaa istaandardii hin eeggannee jechuun qulqullina manaafi bakka oolmaa baratootaa ga'aa kan hin qabane,qajeelfamootafi dambii naannichaa kabajuu warra dhaban, ragaa sobaa manneen barnootaa kennan hordofuun hayyamni isaani guutummaatti akka haqamu ta'eera. Fakkeenyaaf mana barumsaa 'EVEREST'Magaalaa Sabbataatti argamu akeekkachiisa yeroo heedduu kennamus tuffii afaanichaafi aangoo Bulchiinsa Naannoo Oromiyaa waan cabseef akka cufatu murtaa'era.Manni barumsaakun sirna barnoota bulchiinsa magaalaa Finfiinnee hordofuun afaan Amhaaraa qofa barsiisu. Ragaa sobaa barattootaaf kennuu, qajeelfamaafi dambii ittiin bulmaata Biiroo Barnoota Naannoo Oromiyaa waan cabseef hayyama haqsiisuun barbaachise.Keessattuu bara darbe qorumsaaf gara Magaalaa Finfinneetti osoo barattota geessaa jirani kallattiin harkaaf harkattii qabamee jira. Kanaaf bara kana hayyamni isaa haqamuu danda'eera.

" Manneen barnootaa dhuunfaa afaan, aadaa, duudhaafi safuu uummata oromoo hin kabajneefi sirna barnoota naannichaa kan hin fudhanne irraa hayyaamni isaani haqamaa jira. "

Tarkaanfin kun magaalaa Adaamaa,Asallaa,Laga-xaafoottis bifuma wal fakkaatuun manneen barumsaa ulaagaa hin guutne hayyamni isaani akka haqamus ta'eera.Kun ammoo hanga isaan aadaa,seenaa,duudhaafi afaan akkasumas qajeelfama sirna barnootaa Naannoo Oromiyaa kabajani barsiisanitti jabaatee itti fufa.Garummoo faallaa kanaan manneen barnootaa dhuunfaa akkaataa dambiifi qajeelfama naannoo keenya hordofan jajjabeessuf biiroon keenya cinaa dhaabbata." jechuun I/A/Biiroo Barnoota Oromiyaa obbo Alamaayyoon haala qabatamaa manneen barnootaa dhunfaa Gullallee post waliin gaaffif deebii taasisaniin ibsanii jiru.

Dhumarratti gaaffi maayii obbo Alamaayyoof dhiyeessineen manneen barnootaa Afaan Oromoo Naannoo Oromiyaan alattti eessatti baratamu,akkaatan kenniinsa isaa hoo maal fakkaata?jennee gaafanneef akkas jechuun deebisan.

'Biyya Itoopiyaa jedhamtu kanaaf hundeen uummata Oromooti.Waanuma siyaasaaf ta'e osoo hin ta'iin ilmaan Oromoo biyyaa kanatti naannoo inni hin jirre hin jiru.Naannolee mara keessatti haa xiqqatu malee Afaan Oromoo ni dubbatama.Kanaaf Naannooleefi bulchiinsa magaalaa qabnu keessatti guutummatti kennamuu baatus parsantaa guddaan kennamaa jira. Naannoo Amhaaraa godina tokko guutuu keesaatti Afaan Oromoon barsiifamaa jira,Harar harki caalu Oromoo waan ta'eef afaan Oromootin barsiifamaa jira,Gambeellaa keesatti bara kana jalqabameera; Beneshaangul keessatti bara 2011 mana barumsaa 11 keessatti baratamaa turee bara kana ammoo mana barumsaa 20tti ol guddisuuf karoorfaannee itti deemamaa jirra.Dirre Dawaan durumaaniyyuu dachee Oromoo waan ta'eef keessatti baratamaa jira.Keessattimmoo haala addaan bulchiinsa magaalaa Finfinneetti bara 2010 mana barumsaa 10 bara 2011 mana barumsaa 26 bara 2012tti ammoo mana barumsaa 115 barattootni 40,000 galmaa'ani jiran.Isaan kun akkaatuma

barattoota naannoo Oromiyaatti kitaaba wal faakaatan barsiifamu.Kanaaf bakka uummatni keenya jiran hundatti mana barumsaa afaan Oromoo banuun mirga sabni keenya afaan isaan baratu mirkaneessuuf akka hojjetan obbo Alamaayyoon ibsani jiru.

Kanuma hordofuun manneen barnootaa dhuunfaa Naannoo Oromiyaa keeessa jiran dhugumatti akkaataa sirni barnootaa naannichaa qajeelchuun fudhatanii barsiisaa jiruu?jechuun mana barumsa 'school of paradise hill' bulchiinsa magaalaa Buraayyuutti argamurraa yaada mirkaneessituu fudhachuufis haala jirurratti daarikteera mana barumsichaa dubbisnee wanti adda baafanne faalla yaada Biiroo barnoota Oromiyaati.

Manni barumsaa 'school of paradise hill'jedhamu kun damee lama magaalicha keessaa kan qabu yoo ta'u lamaan isaani afaan Amhaariffaa qofaan kan barsiissanidha. Ijoolleen mana barumsaa kana keessatti baratan ilmaan ilmaan Oromootti kan heeddummatanifi sabootni biroos ni argamu. Obbo Masarat Shantamaa barsiisaafi hogganaa mana barumsaa kanaati. Manni barumsaa kunhayyamallee bulchiinsa magaalaa Buraayyuurraa afaan Amhaariffaan barreeffamee kan kennameef ta'uu ibsuun kan haaromsamees afaanuma kanaan ta'u dubbatu. Barattootni ilmaan Oromoo osoo hin jaallatin dirqamanii afaan ormaan barachaa jiraachuus obbo Masarat gullallee postitti himanii jiru.Kun kan agarsiisu quuqamni hooggantoota Biiroo Barnootaa bulchiinsa magaalaa Buraayyuu gad-bu'aa ta'uufi dhimma afaan Oromoo irratti callisaan bira darbamuu akkasumas qajeelfama kabajuu dhabuu isaaniiti.

Egaa nutis ulaagaa Biiroon Barnootaa Oromiyaa akka naannootti baasee hojjetaa jiruufi manneen barnootaa naannicha keessa jiran wal cinaa qabnee ilaalleen garaagarummaafi hanqinni akka kanaa mullatus bakkeewwan biraattimmoo ulaagaa guutani ni barsiisu jenne yaadna. Manneen barnootaa dhuunfaa xiyyeeffanno mootummaa dhabanii afaan ormaan Oromiyaa keessatti barsiisan irrattis xiyyeeffannoon mootummaa akka ta'uu hawwii keenya!

Galatoomaa

Fuula 20 irraa kan naanna'e

IRRA DEEBII SEENAAFI YAADDOOSAA…

Habte Goorgis Dinagdee ture. Dabalataanis erga Iyyaasuun angoorraa kaafamee, mootiin kan biraan muudameetii, abbaan Iyyaasuu loltuu hedduu qabachuudhaan 'maalif ilma koo angoorraa kaastu' jedhee Walloorraa gara Finfinneetti yoo dhufu, kan isa gowwomsee waraanni Ras.Mikaayel /Maammad Alii/ dadhabuun akka waraana sagalee irratti mo'amu taasise Habte Goorgis Dinagdee ture.

Kanaaf Dr.Abiyyillee angaa'ota uummata miidhan hedduu angoorraa kaasus, warren tokko tokko dagatee haa ta'uu beekaa barcuma gubbaatti dhiisee jira. Warren kun ammoo carraa Habte Goorgis Iyyaasuurratti qaqqabsiise isarrattis fiduu waanti isaan dhorku waan hin jiraanneef, utuu seenaa Iyyaasuurraa baratee of eeggatee gaariidha.

Inni kan biraan ammoo, Iyyaasuun tokkummaa biyyattii ijaaruuf yeroo yaalaa turetti, warren faallaa isaa ta'an ammoo tokkummaa mormitootaa jabeessuudhaan, olola garaagaraa akka irratti hoofamu gochaa turaniiru. Dabalataanis jibba eenyummaa isarratti labsanii amantaa da'oo godhataa turaniiru. Iyyaasuun garuu, xiyyeeffanno isaa tokkummaa biyyaa qofarra godhee utuu socho'uu dhumarra ijaarsa jaraatiin nyaatame. Ammallee Dr.Abiyyi diina alaalaa caalaa kan bobaasaa bira jirturra ija kaawwachuutu irra jiraata. Caalmaatti ammoo orma gammachiisuuf jecha tokkummaa biyyaa faarsaa ooluurra, qe'eetti deebi'ee tokkummaa sabasaa /Oromoo/ yoo jabeeffate isaaf wayya. Sababnisaas Oromoon yoo wal hin harcaasu ta'e, mootummaasaa eeggachuuf humna ga'aa ni qabaata. Tokkumaa Oromoof bakka laachuun hojjechuu malee, akka Iyyaasuu yoo sabasaa dagate, boodarra kan isa nyaatu warra har'a faarsamaa jiran kanadha.

Egaa seenaan of-ilaalleedha;keessatti of ilaalu. Wantoonni mootota kana lamaaniin wal fakkeessan hedduun kunillee adeemsa kaleessaarraa isa har'aa bareechachuf karaa waan tolchuuf, carraan bulchiinsa uummati jaallate kan Iyyaasuu waggaa sadiitti (1913-1916) fashaleessuun, garbummaa Oromootti umurii dheeresse sun ammallee akka dabalamee hin dhufneef, Dr.Abiyyis ta'u geggeessitoonni olaanoon seenaa Lij.Iyyaasuu akka daawwitiitti ilaalllachuutu irra jiraata. Galatoomaa!

TAATEEWWAN

IRREECHA BARANAAFI YAADANNOO GAAZEXEESSAA



Ayyaanni irreeffannaa hora Finfinneefi hora har-Sadee bara kanaa taatewwaan garaagaraan yaadatamaa oole. Keessattuu irreessi hora Finfinnee dhiibbaa ilmaan Oromoo karaa hundaan irratti duulameemurtii erga argateenbooda magaalaa guddittii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Finfinneetti haala ho'aan kabajame. Raafamaafi sodaa nageenyaa haala qabatamaa yeroo ammaan wal qabatee mul'achaa jirun rakkoon ni uumama jedhamee shakkamaa turus tumsa qaamota nageenyaa,lallaba abbooti gadaa,foolleewwaan,tasgabbii hirmaattotaafi deggersa Bulchiinsa Magaalaa Finfinneefi Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaan nagaan akka xumuramu ta'eera.

Ayyaanni kunis Oromoota biyya keessaafi alaa akkasumas saboota ollaafi daangaa biyyatti daangessaan irraa kabaja ayyaana guddicha Oromoofqabaniin hirmaannaa ho'aan kabajamee oolee jira.Ayyaanni kunisuummata Oromoof akka waggaa haaraattii kabajamuu isaan sabootni kun michummaaf gammachuu uummata Oromoof qaban addatti agarsiisaniru. Keessaattuu lammiiwwaan ilmaan kush adda durummaan ayyaana irreeffanna Oromoo irreessa hora Finfinnee irraatti argammuun quuqama obbolummaafi wal cinaa dhaabbachuun yeroo kamiyyuu caalaa rakkinaafi gammachuu waliin qooddachuu akkaataa danda'amu mullisani jiru.

Kun ammoo saboota jibbinsa uummata Oromoo qabaniif agarsiiftuudha.Yeroon kun saboota kanaaf yeroo barbaachisaa ta'us akkaata itti ijaaramuufi wal tumsuun danda'amu irraatti hojjetamuu akka qabus nama agarsiisa.

-Kaan ammoo daangaa ollaa biyya Keeniyaafi Somaaliyaa akkasumas guutu addunyaa irraa bobba'uun ayyaana irreeffannaa hora Finfinnee irrattii argamaniiru.Kun obbolummaa isanii mullisuun ayyaanni kun uummata Oromoo bira darbee Addunyaaf ayyaana guddaadha. Namootni yeroo tokkotti miliyoonaan ba'ee bakka tokkotti akkasin heeddummaatani ba'aniayyaaneffachuun Afirikaarraa

isa guddicha ta'uus midiyaaleen biyya keessaaf idil-addunyaa gabaasaa turan. Kun ammoo dhugaan uummata Oromoo gama heeddumminaa,-jaalalafi kabajaa sabootaaf qabu kan agarsiisuufi kan waggoota heedduf awwaalamee turekan ifatti baasedha.
Egaa guyyaa kana akkuma kaan ayyaaneffachuuf bobba'u kaan ammoo dhaamsa golee Oromiyaa keessa jiru waliif dhaamaa olanii jiru.Dhaamsi kunis ajandaa addaa dhimma Oromoofi Oromummaa irrattikaraa nagaa hokkorafi wal'aansoo hin qabneen sagalee isaanibakka ummanni bal'aafi miidiyaaleen jiranitti dabarfachuuf dhimma itti ba'u.Ayyaana kana irrattis isuma kana agarre.

Akkuma beekamu haalli nageenya naannoo Oromiyaa bakkeewwan garaa garaatti wal fakkaataa miti. Godinaalee 21 keessaa irra caalaan isaani ajaja komaandi postii jala jiru.Keessaattuu godinaalee lixa Oromiyaafi kibba akkasumas godina addaa Naannoo Amhaaraa saba Oromoo Walloo,daagaa Shawaa bahaa fi Bulchiinsa Magaalaa Dirre Dawaatti haalli nageenyaa tasgabbaa'aan hin mullatu. Kanumaaf hirmaattootni ayyaana irreessa hora Finfinneefi hora har-Sadee bakka uummatni bal'aniif humni dargaggeessaa jiruttidhaadannoowwaan akka "ajjeechaan lixaaf kibba Oromiyaarraa dhaabbachuu qaba,labsiin maqaa komaandi postii da'oo godhachuun sabboontota Oromoofi qabsaa'ota (dhugaa,maanguddoota,ijoollota umuriin xiqqaa hidhaaf hin geenye),gudeeddaan qaamotii nageenyaan dubartoota keenyarratti raawwataa jiru haa dhaabbatu,Oromoo addaan qooduun haala bulchiinsa sirna Wayyaane keessa barame ammas irra deebiin nurrattiraawwataamaa jiru haa dhaabbatu. Tarsiimoo dinni qoqqoodee nu bitaa ture maaliif mirkaneessina?" Jechuun sagalee isaani ol kaasani dhageessifataniiru.

-Dabalataaniis alaabaan uummata Oromoo kanOromoon jalatti hiriree waggaa heedduuf itti hidhamaa,itti reebamaa,biyyarraa hari'atamaa,qaamaaf qalbii itti dhabaa, alaabaa Oromoon Oromummaa isaa qofaanitti salphaachaafi itti du'aature qaamotni nageenya hirmaattota irraa guruun namoota alaabicha kennuu didanis gara mana hidhaatti geessaa turuusaansaanii yaadannii ija gaazexeessaatiin taajjabame ture. Uummatnis alaabaa akka eenyummaa isaatti ilaalu kanaqaamni nageenyaa irraa funaanuusaafsagalee mormii dhaggeessisaa turaniiru.

"

Silaa qaamni aangoorra jiru alaabaa dhiigaan as ga'e kana jala dhaabbachuu hin qabu ture.

Alaabaa kanaaf qabsaa'ootni Oromoo heedduun bakki buuteen isaani dhabameera. Ija itti gochuuf agartuu isaani dhabaniiru; du'a gadhee du'aniiru; mirgi namummaa isaani irraa mulqamee namoota aangoo yeroo barbaadaniin lubbuun isaani tokkittiin deebii hin qabne haarsaa ta'eera. Qabsoo uummatni keenya taasisaa tureefi itti jirun alaabaan kun faajjii biyyaalessa Oromiyaa akka ta'uufi gaaddisa saba Oromoo akka ta'uuf xiqqaa guddaan abbaaf ilmi dabree itti darbee handhuura Oromiyaa magaalaa Finfinneetti akka ol ba'ee mul'atuuf lubbuu heedduu itti dhabee asiin ga'e. Alaabaan kun alaabaa dhaabaa qofa jennee hin fudhannu. Alaabaa ibsitu aadaa, eenyummaa, seenaa, duudhaa uummata Oromooti jennee fudhanna. Silaa qaamni aangoorra jiru alaabaa dhiigaan as ga'e kana jala dhaabbachuu hin qabu ture. Yaadnnoo gaafa sanaa ta'ee wanti hedduu nama ajaa'ibu tokko, akkaataa deebiifi dubbii poolisoota alaaba kana namarraa hiikanii ture. Qaamotni nageenya akka qoosaatti ilaaluun "alaabaa gandaa qabattanii kan yaatan maalif alaabaa biyyaalessaa hin qabattan?" jechuun ijoollota hamilee dha'uf yaalaa turaniiru.

Gochi akka kanaa kun ammoouummatni miira biraa keessa akka senaniif yaalii ta'e ture. Kunis qaama nageenya hundaan raawwatame jechuu baannus akkuma kaan quuqama sabummaa qaban gaafa sana nageenya eegsisuuf tattaafataa turam, warreen kunis rakkoo uumuuf yaalan jennee yaadna.
- Qabsaa'aan mirga namoomaafi sababa qabsoo Oromoon miila isaa lamaan dhabe qabsaa'aa Kaffiyaalow Tafarraas ayyaana kana irraati argamuun bakka irreeffanna uummata Oromoo ganamaa irreessa hora Finfinneetti irreeffatera. Qabsoo mirga abbaa biyyummaa Finfinneefi sarbamuu mirga namaaf dubbachaa turen qabamee mana hidhaatti dararamaa turuun isaa ni yaadatama. Qabsaa'aa Kaffiyaalow'n yeroo ammaa gaaffiiwwaan Oromoon gaafatee itti hidhamaa,biyyaa itti ba'aa,qaamaa qalbii itti dhabee muraasni deebi'uu jalqabuun bakkichatti argamuu isaan barrun keenya akka qalbiin ilaaltu ta'eera.

-Artisti Nohoo Goobanaas ayyaana guddicha hora Finfinnee irratti irreeffachuun galata waaqaaf galfataniiru.Artist Nohoon yeroo ammaa rakkoo fayyaa kan qaban yoo ta'u ayyaana kana ijaan arguufi qaamaan ammoo irratti argamuu isaani ibsuun waggoota heedduf tokkummaafi walabummaa Oromoof qabsaa'uu isaanin ifa daandii bilisummaa geessu arguu bo'ichaan ibsaniiru.Walleewwaan warraaksaa onnee gootummaafi tokkummaa saba Oromoof wellisaa turen Oromoon lagaaf qee'een ,gosaafi sanyiin wal qooduu akka hin qabne wallee isaan dhaammachaa turuun isaa ni yaadatama.

- Ayyaana Irrecha Hora Finfinnee irrattis ija tuuristootaafi irreeffattoota hedduu kan hawwate, gochaawwan kaadhimummaa raawwatamaa turedha. Sagantaaleen cidhaa bakkuma ayyaana kanaatti raawwatamaa turan akkuma jiran, ayyaana kana sababeeffachuudhaanis kaadhimaawwan walii qubeelaa waliif gochaa turanillee mullataniiru.

Irreecha hora Finfinneefi Arsadeen alatti dabalataanis ayyaana Malkaa Ateettii haaluma wal fakkaatuun kan ayyaaneffaatame yoo ta'u sagaleen wal fakkaanis dhaga'amaa ooleera.Dhuma irratti warreen sagalee dirmanna saba Oromoo kibbaaf lixa Oromiyaaf dhageessisaniif qaamota nageenyaa gidduutti wal dhabdee uumameen namootni muraasni qaamota nageenyaan to'annoo jala kan oolanif haarri summaa'aan gadhiifamera.

Gama biraan ammoo Onkololessii 2/2012 gammachuu Muummichi Ministeeraa badhaasa Nooveli nageenya akka addunyaatti argatan sababeeffachuun kutaalee Oromiyaa heeddu keessatti hirirri nagaa adeemsifamaa turameera.Faallaa kanaan ammoo rakkoo biyyaa keessa guutummaatti osoo hin furamiin gammachuu hin qabnu jechuun dargaggoonni Irreessa Malkaa Ateetti argaman sagalee mormii dhageessisaa olani jiru.

-EgaaayyaanniIrreessahoraFinfinnee,MalkaaAteeteefihorahar-sadeetaatewwaanjajjaboo of keessattihaammachuunhirmaattootniayyaanichaabifaqindaa'aata'eenuffataaadaafiqabeenyaOromummaaurgeessanindabaalamanioolaniiru.

TaateewwanIrreechaatiinwalqabateewantihaaraanqalbiinamootahedduubooji'uunraajeffachiiseinnikanbiraan toora miidiyaa hawaasummaarratti ayyaana irreechaa waliin wal qabatee qalbii namoota heedduu wanti hawwate tokko ammoo, namni tokko qofaa isaa irreeffechuu isaati. Innis Tasfaayee ykn maqaa moggaasa Oromoon kenneef Gadaa jedhamuun nama beekamudha. Gadaan lammii biyya Eritiraa yoo ta'u jaalalaaf kabaja ayyaana irreeffaanna Oromoo irraa qabuun qophaa isaa biyya Eritiraatti qarqara galaana nam-tolchee ollaa magaalaa biyyittii irreeffateera. Suuraa Irreeffannaasaa sanas tora miidiyaa hawaasummaarratti dhoobuun namoota heedduu raajeffachiisuun hangam quuqamafi jaalala saba Oromoof qabaachuu isaa kan agarsiisudha jechunis namootni yaada isaani fuula faacebook isaa jalatti akka barreessaniif karaa baneera.

Gama biraanammoomirgiabbaabiyyummaaFinfinneeaddattiakkamirkanaa'uufheeddummina,nagaa,safuu,duudhaa,kabajasabniOromooqabuhirmaattootniayyaanicharrattimirkaneessuuisaaniibarruunGulallee Post AfaanOromooguyyaajalabultiirraakaaseewaanuummaniOromooayyaanabakeewwaanlamaanittidabarseilaaleetaajjabeera.

HoraaBulaa

Fuula 23 irraa kan naannaʼe

Artist Daagim: Artist Adimaasuudhakaa. /Abbaa Lataa/ Jireenya abdii kutannaarraa na fudhatee waggaa ja'aaf ofitti naqabee, mana xiqqoo ofii itti galu keessa na jiraachise. Sidhiba egaa, amallisaa, gootummaansaa, sabboonummaansaa akkan jabaadhee kaaseta itti fufu na godhe. /IJa imimmaan calaleefi sagalee gaddaan/ Har'a utuunni lubbuun jiraatee waan waliin dabarsine sana waliin odeessinee natti tola ture. Abbaan Kaarruu…/Callisa xiqqoo/ Lubbuusaa haa maarukaa maaln jedha malee!Inni Abbaa olmaakooti.

…Abbaa Kaarruu akkan nama ta'u hawwa ture. Mullatnisaa guddina aartii Oromooti. Qe'ee inni jiraatuufi namoonni inni wajjin hojjetu heddun utuusaan 'Gaallaa' ittiin jedhani, innis arrabsaa, isa dullaan barbaachisu dullaan hari'aa nama ofis sabummaasaas kabachiisee jiraachaa turedha. Inni nama xiiqii jaallatudha. Xiiqii jechuun isaaf nama aannan dhugudha. Xiiqii jaallata.

GP: Waan bara mootummaa ce'umsaa keessa ta'e haa haasofnumee. Mee sochii ala sanaa keessatti ga'een aartistootaa maalfaa ture?

Artist Daagim: Yeroo san agama muuziqaa Oromootiin baandii gurguddaa sadiitu ture. Baandiileen kunniinis, Baandii Gadaa fi Biliisummaadha.Inni sadaffaan ammo, Baandii 'BOBA'dha.Baandiiwwan kana taanee socho'aa turre.Baandii Gadaa faana utuma hojjechaa jirruu, sababa baayyina weellistootaaf jecha garaBaandii Biliisummaa hundeessuutti dhufne.Rakkoo aartistootaa furuufillee guguddachuun baandii gaarii akka ta'e hubanne.

GP: Yeroo kana ABO'n deggersa isiniif ni taasisa turee?

Artist Daagim: Yeroo sana ABO'n nu dhiisee ba'eera bar. Sababnumti nuti walitti gurmoofnee socho'uu jalqabneefiyyuu qaabataa waan dhabneefidha.Artistiin Oromoo rakkoo maallaqaa qaba.Yoo du'e bakka itti awwaalamuwaan hin qabneef, isa kana furra jenneetu wal walitti dhufnee hayyoota faana mari'annee wal qabachaa dhufne.Deggersa sabboontota garaagaraatiinis jabaannee, Gaazexaa Urjiis itti dabaluun qaama pirojektii keenyaa goonee hundeessuurra qaqqabne.Namoota Gaazexaa Urjii hundeessan keessaas ani isa tokkon ture.Tsafaayee Dheeressaa, Dr. Dawud, Obbo Baqqalaa, Waakshum Baacaafii Aadde Ilfinash Qannoo dabalatee jechuudha. Egaa wan isin hubachuu qabdan, yeroo namni tokko nu keessaa hidhamu, nama kan biraa

alaa ofitti butaa bakka nama hidhamee guutaa deemaa turre.
Baandii Biliisummaafi Gaazexaa Urjii maallqaan jabeessuufis aarsaa hedduu kaffalle. Pirojektii sana gara Aksiyoonaatti jijjiiruun namni tokko qarshii kuma tokkko tokkoon akka bitatu, kan isaa oliin bituu danda'us akka itti hirmaatu taasisne. Aksiyoona sanas seera qabeessa taasifnee guddisuuf Obbo Bayyanaa Abdii nama seeraa waan ta'aniif akka nu deggeraniif gaafanne isaanis tole nuuf jedhanii seera nuuf qabsiisan. Isa malees weellistoota Oromoo kudhan taanee, wallee qeenxee tokko tokko walitti fiduun Kaaseta hojjenne.Kaaseta sanas gara qarshii kuma 100tti gurgurree, deggersa Baandii Biliisummaafi Gaazexaa Urjiif taasifne.

GP: Namoota yeroo sana isinii wajjin qabsaa'aa, hojjechaa turanii har'a lubbuun hin jirre keessaa namoota addatti yaadattan ni qabduu?

Artist Daagim: Qabsaa'otni yeroosanaa kan wareegaman namoota hedduudha. Keessattuu du'a suukkanneessaa kan du'e lakkoofneeyyuu fixuun nutti ulfaata. Hundisaaniis aarsaa kaffalaniiru. Seenaa isaanii baasuu kan qabu qorattootan jedha. Ta'us garuu gama qabsaa'ota weellistootaatiin namni ani yeroo mara yaadadhu, Usmaayyoo Muusaa, Eebbisaa Addunyaa, Jireenyaa Ayyaanaa, Beekumaa Toliinaa, Habataamuu, Yoosef Gammachuutii hanga mucaa dheengadda ajjeesan / Daadhii Galaan/ sanatti. Du'a weellistoota Oromoo garaa na nyaata. Utuu waan hojjetaniin boonanii hin jiraatin, utuu sabasaaniif oliifi gadi fiiganii wareegamu. Sanuu wareegama hamaa…/Sagalee gaddaa/ Dhiifama yoon miira keessa galeef na ofkalchaa! /Callisa xiqqoo/
Du'a Eebbisaa Addunyaaf namni sirriitti keessa beeku ammallee mootummaadhuma kana keessa ni jira. Du'isaa hedduu garaa na nyaata. Sababnisaammoo akkaataanm du'asaa itti yaadamee waan ta'eef adda ta'ee natti mullata. Aduu Eebbisaa ajjesan sanapoolisii taraallee utuu hin taane, Raayyaa Ittisa Biyyaatu daandii cufee, konkolaataa karaarraa dhabamsiisee bariidhaan akka nama waraana guddaa geggeessuuf qophaa'etti duulanii Eebbisaa ajjesan.Sababni isaan murtii akkasii godhaniif garuu amma har'aa gaaffii natti ta'a.sababnisaa warra kaana qabanii hidhu malee kallattiidhaan hin ajjeesan ture. Eebboo garuu akkasitti ajjeesan.Kun ammo itti yaadamee ta'usaati.Guyyaan gaafichjaa Jimaata ture.Ani naannoo Imbaasii Ameerikaa waanan jiraadhuuf durseen dhaga'e.Akkuman dhaga'eenis namootaaf bilbiluuf yoon yaalu, bilbilli namooita hedduu cufaa ture. Akk carraa Ajajaa Kumaa /shialaqaa/ Darajjee nama jedhamu fira Eebbisaa natti fakkaatu, isaaniif bibilbileen bakka reeffisaa geeffame gaafadheen deeme. Hospitaala Minilikiin deemee Ajajaa Kumaa Darajjee argadheen isaanisgara kutaa reeffa Eebbisaan jirutti na geessan. Anis faayyaa Eeebboo kanaan duraa beekun alatti, yeroon reeffasaa argu imimmaaniiin of dhiqeen kuta garaa dhiiraa, mudhii jabeeffadheen Ajajaa Kumaa Darajjeefi _____Goobanaa gaazexeessituu ETV yerosii wajjin achuma Hospitaalicha fuuladura deemnee, maallaqa wal walitti buusnee Saanduqa Reeffaa bitne… Waa'een Eebbisaa itti yaadamee du'usaati malee, kan du'e bar namoota hedduudha. Biyyuma kana keessatti, saboonni jiran martuu weellistoota hedduu qabu. Garuu kan ajjeefamuufi hidhamu weellisaa Oromoo qofa. Kun bar ittuma yaadamee waan godhamudha. Mee yoo dhugaa dubbanne duris ammas weellisaan ajjeefamu kan Oromoo malee maaltu jira? Hin jiru. Kun mootummaan Oromoos uummatnis ammallee qaama aartiifi afaan Oromoo sodaaturratti hin dammaqin jiran jedha ani.Seenaadhuma addunyaa keessatti biyya artistiin Gitaaraafi Maayikii qofa baatu qawweedhaan itti ajjeefamu Itiyoopiyaa qofa. Alangeen yookaan qacceen adabbii murtii Weellistoota Oromoo maalof rasaasa ta'a?

GP: Atilleen egaa du'a Eebbisaa booda baayyee biyya keessa hin turre baruma sana booda biyyaa baate. Siinillee jarri mootummaa kun si qabuuf akka si adamsaa turan ni odeeffama. Mee akkaataan biyyaa ba'ukee akka kam ture?

Artist Daagim: Ani hireen ittiin biyya kanaa ba'ee baayyee waan nama ajaa'ibudha. Eebbisaan ajjeefamee utuu hin turin, aartistoonni Oromoon hedduu nu adamsuu eegalan. Anis egaa dhokachuufi dheessuu yeroon eegalutti, namni sabboonaan tokko lubbuudhuma artistii Oromoo tokko ollchuun qaba jedhee carraa DIV isaaf ba'e dabarsee anaaf laate.Anis achumaanin carraa biyyaa ba'uu argadhe.Jarri sun ammallee na dhibu dhugaadha; fayyaa haa ta'an haa jiraatan!

GP: Waggoota sagal dura 2002 keessa gara biyya kanaatti deebitee turte. Yeroo sana egaa Daagim OPDO ta'e jedhamee hedduuu odeeffame. Akkami wanni kun dhugaadhaa?

Artist Daagim: Eyyee dhuguma jedhaniiru. Silaa utuu ta'ee gaariidhaa garuu ani hin taane, hin ta'us /Kolfa/ Yeroo sana wanti gara biyyaa na fidee du'a Abbaa kiyyaati. Isa dura obboleessakoo kanan baayyee jaalladhu sababa tokko malee qe'ee keenya deemanii rasaasaaan ajjeesan.Sun hunduu Daagim gadda obboleessasaa waan dhufuuf yeros isa qabanna jedhasniitu ture malee, obboleessikoo namuma dhimma siyaasaallee hin qabne ture. Abbaankoo garuu du'a obbileessakoo na dhoksee waggaa booda natti hime. Ergasiis Abbaankoo du'e. Ani egaa yoo na qabatanis na haa qabatn jedheetuman du'agayii abbaakoof jecha gara biyya kanaa dhufe. Garuu yeros na qabatan utuu hin taane, maqaa naaf laatan. /Kolfa/ Egaa isa boo-

dammoo waggaa afur dura gara biyya kanaa dhufeen ture. Dhufaatiinkoo inni kun ammoo ilmakoo Angafaa Moosisaa Daagim jedhamu magaalaa Bishooftuu keessaa na jalaa butanii Maayikalaawwiitii hanga Qaallittiitti hidhan. Ani egaa garaa dhalaati waan ta'eef taa'uu hin dandeenye nan dhufe. Mana hidhaarra jooreen ilmakoof akka mirgi wabii eegamutti kadhachaa ture. Ta'us isaan na didani. Anis dhumarra abdii kutadheen gara alaatti deebi'ee sokke.Egaa walumaa galatti, waggoota 28 kana keessatti bu'aan ani argadhe Obboleessakoo ajjeesuusaaniifi Ilmakoo hidhuu isaaniiti. Kun hundi ammoo sababa balleessaa isaaniif utuu hin taane, sababakoon gadda maatiikoorra qaqqabedha.

Irra caalmaatti, yeroo sana waldaa Diyaaspooraa waan jedhamu wayii tokko sirba qeenxee waamicha Diyaaspooraaf godhu tokko weellistoota biraa wajjin hojjennee turre. Yaadni keenyas Diyaaspooraan Oromoo dhufee lafa alagaan saamaa jirturratti akka invest godhu ture malee, OPDO ta'uu hin turre. Haa ta'u malee maqaan nuti arganne OPDO jedhame.Garuu ani inveestera utuu hin taane, Diyaaspooraa kakaasuufan akka Artistiitti ga'eekoo ba'achuu ture. /Kolfa/

GP: Erga biyyaa baatee Kaaseta baaste qabdaa?

Artist Daagim: Ergan biyyaa ba'ee kaaseta laman baase. Walii galatti garuu, Albeema 8 nan qaba.

GP: Mee dhimma aartii yaadni ittiin xumurru muuziqaan Oromoo guddateera jettaa?

Artist Daagim: Aartiin Oromoo dimshaashatti baayyina weellistootaan guddateera. Weellistoonni Oromoo bara ammaa kana kan durii caalaa baayyataniiru. Muuziqaan ammmoo gama walaloofi yeedalootiin hagas mara dorgomaa natti hin fakkaatu. Garuu weellistoota Oromoo ammaa keessas ammoo jajjaboon muraasni ni jiru.Garuu gama qulqullinaadhaan baayyee yaachisaadha Kana jechuun ammo tuffachuukoo miti.akkasaan kisaaraadhaan hojjetan nan beeka. Ta'us ammo qeeqni baayyeedhuma barbaachisaadha.Yoo qeeqaman sirratu jedhee waanan yaaduufi.Sirba jiraataa, umurii dheeraa qabu baasuuf qeeqa fudhachaa, yedalloollee sirreessaa, gamataadhaan hojjechaa deemuu danda'uu qabun jedha. Uummatni Oromoo wallee bareedaa adda baasee ni beeka. Walleewwan waggaa tokko keessatti heddummatanii ba'an keessaa sababni uummatni tokko filatee dhaggeeffachaa ba'uuf, filatee jaallachuusaa agarsiisa bar.. Kana kan fidemmoo hiree ammayyummaan fidedha. Namni akka fedhetti muuziqaa hojjeta bar. Amma manumakee teessee bilbilaan of waraabdee miidiyaa hawaasummaarratti gad dhiisuu ni dandeessa. Kun ammoo muuziqaan akka dorgomaa hin taane godhe.

" Aartiin Oromoo dimshaashatti baayyina weellistootaan guddateera. "

GP: Rakkoo kana furuuf ga'een weellistoota angafaa mee maali jettu?

Artist Daagim: Yoo weellistoonni bara ammaa ijaaramanii, isaan keessaas nama jabaafi weellisaa jaallatamaa of dura buusuun muuxannoo irraa fudhachaa, nus warra keessa bubbule kanas haala mijeessanii yoo waa akka garagaarruun nu gaafatan nuti ni deggera. Umurii keenya hunda kan aartii Oromoof laanne aartii Oromoo ol kaasuufi bar. Yoo danda'ame gar guddinaatti luuccessuuf walitti dhufuu ni yaalla. Mootummaanis ammo egaa gargaarsa gochuun dirqamasaati.Aadaa wal qeequufi wal faarsuus akka baratamuuf muuxannoo warra angafaaraa fudhachuu qabun jedha.Amma humnakoo ammo waldaa Artistoota Oromoo ni jira jechuu dhaga'eera. Isaaniin quunnamuuf anis yaada nan qaba fuulduratti.

GP: Daagim mee ammammoo seenaa Muuziqaa keessaa haa baanu. Artistiin Oromoo hojii aartii qofa utuun taane qabsaa'uu, falmachuu keessattillee ga'ee guddaa kaffalaa ture.Mee ati hojii qeerroo bara ammaa yoo ilaaltu, addumaan jijjiiramni jedhamu kun dhugummaan kan qasa'ameefidha jettaa?

Artist Daagim: Tokkummaa qeerroo, sochiifi warraaksi isaanii bu'aa dhaloota kaleessaati. Ta'us garuu dhalootni akka kanaa uumamuunsaa na gammachiisa. Jijjiirama jedhamu kanammoo egaa tilmaamuun hedduu natti ulfaata. Tilmaamaafi xiinxalasaa warra siyaasaaf dhiisnus akka hubannoo kootti, wanti qabsaa'ameef hedduun ammallee sichi deebii barbaada.Ta'us ammo wantoota mullatan tokko tokkorraa jijjiiramni kun kan nama gammachiisudha. Dhugaadhuma ifa jiru yoo ilaalle, hidhamaa hedduutu mana hidhaatii ba'e; ilmakoo dabalatee jechuudha. Jijjiiramni ni jira garuu gara boodanaa kana egaa wanti mullataa jirummoo nama shakkisiisa. Kana egaa warruma siyaasaaf haa dhiisnu.

GP: Kiilolee yookaan Daagim irraa

yeroo dhihootti maal haa eegnumee?

Artist Daagim: Karaa wallee ammas ittuman jira. Dhihootti kiliippii tokko gad nan dhiisa. Sirba aadaa Iluu Abbaa Booraa tokkos akkasuma dhihootti gad nan dhiisaa. Akkasumas ammo egaa kanin jalqabee deemuuf karoorfadhe sirba aadaa tokkos ni jira. YooWaaqni jedhee dhihootti sirbuma qeenxeedhaan wal arginan jedha.Yoo waaqni jedheefis, Irreecha Finfinneerratti waa jechuuf yaadaan jira.

GP: Dhumarratti waan qeeqxanis ta'e waan jettan qabduu?

Artist Daagim: Weellistoota angafaa nu dura turan, kaaseta tokko keessatti sirba afaan Oromoo tokkicha hojjechaa turanis aarsaa kaffalaniiru. Keessattuu, Obbo Birraatuu Lammaa, Haayiluu Disaasaa, Xilaahuun Gassasaa, Solomoon Dannaqaa, Abbabaa Tasammaa, Darajjee Zamaduufi warreen lubbuun hin jerre marayyuu galateeffachuun barbaada.Isaantu aarsaa kaffalee nu har'aa fide.Galatatu isaaniif mala.Warra lubbuun jiranii angafakoo ta'anis nan galateeffadha. Warreen boodana dhufnemmoo ammas haa jabaannun jedhagaa.

GP: Hayyee Kiilolee, turtii nu waliin taasifteef guddaa si galateeffanna.

Artist Daagim: Isinis hiree kana naaf kennuu keessaniif guddaa

galatoomaa!

Seenessa kanniisa wayii!
(Jette jettee Abboomaa)
- - -
Sa'aa kudha lama keessa
Yeroo lafti dhi'uu
Kanniisni dammeessaa oolee
'Wookii' gochuuf balali'u

Karaa bishaan Qabbannaa
Gaarreen ekkaarra labee
*Beeta mangistii yoo ga'u
Waan armaan gadii taajjabe

"Namootni amaleeffatan mi'aa sugaa
Daadhii dammarraatii hojjetame dhugaa
Iskistaa rukutaa--Cobsanii dafqa illee
Daadhii dabalachaa iyyisiisaa Birillee,
Kaan machaa'ee Masaanqootiin ragada
Kaan machaa'e sarbaa durbaaf sagada"

Yeroo kana argu achuma dhaabatee
Afaan kanniisaatiin kana of gaafate;

"Nagaa biqilootaa; itti marsee- goolee
Neektaarii wajjiniin kiisiingiirra oolee
Kanan keelloo barbaacha
Miilla koo dhoosuufi
Akka namni machaa'ee
Dafqa kootti qoosufii?"
Jedhee aaree
Of abaare.

(Addunyaa kanarratti)

Bu'aa gaarii argachuuf
Kan humna dhabu suma
Bu'aa ati fiddetti
Kan bashannanu kuma
- - -
*Beeta Mangistii- jechuun isa Dr. Abiy keessa jiru otoo hin taane mana daadhii beekamaa naannoo magganaanyaatti argamu tokkodha.
Abboomaa Margaa

Magaalonni Keenya Hanga Yoomitti Afaaniifi Foolii Alagaatti Madaqanii Jiraatu???

Waliin jireenya hawaasa tokkoo keessatti, akkaataa quubsuma uummataa yookiin buufata isaaniitiin moggaasa garaagaraa lamatu kennamaaf. Bakkeewwan bu'uraaleen misoomaa guutuu ta'an hin jirretti dabalataanis giddu gala daldalaa bakki hin taane, baayyinaan qote bulaafi horsiise bulaan kan keessa jiraatu Baadiyyaa yeroo jedhamu, bakki faallaa kanaa ta'e ammoo Magaalaa jedhamee beekama. Magaalaan bakka walitti qabama namoota baayyee, manneen jireenyaafi daldalaa itti heddummatuufi bu'uraalee misooma garaagaraa qabaachuudhaan giddu gala daldalaafi dhaabbilee barnootaa gurguddaa kan taatedha.

Uummatni tokkos magaalaa eenyummaasaa calaqqisiistu yookaan magaalaa kankooti jedhee waamu qabaachuun faayidaalee danuu isa argachiisa. Faayidaaleen kunniinis, namoonni dhimma garaagaraaf yeroo gara magaalittiitti dhufan eenyummaa, aadaafi ogummaa uummataa sanaa keessatti arguun uummata sana akka baran isaan godha. Dabalataanillee, uummatni abbentaa magaalichaa qabu, oomishasaa ofitti amantummaadhaan Magaalichatti dhiheessee akka gurguratu isa taasisa.Faayidaalee gama dinagdeetiin uummata sanaaf argamaniin cinatti, aadaafi afaan ofii keessatti dagaagsuun guddina duudhaa isaaniitiif gumaacha qabaachuunis isa tokko.Faayidaan inni ijoofi guddaan ammoo dhaabbilee gurguddaa Magaalichi qabu keessatti, tajaajiloota beekumsaas ta'u humnaa kennuun faayidaalee argachuufis carraan dursaa, uummata magaalichi kansaa ta'eef kennamuusaati.

Haaluma kanaan egaa, barroo kana keessatti magaalaawwan Oromiyaa keessa jiraniifi Oromummaan keessa jiran maal akka fakkaatan waliin ilaalla.Oromiyaan naannolee Itiyoopiyaa keessa jiran keessaa bal'ina lafaafi baayyina magaalotaatiin dursituudha. Ta'us ammoo magaalaawwan keessoo Oromiyaa jiran kunniin foolii Oromummaa isaan qaban hagas mara miti.Magaalaawwan sadarkaa Godinaatti bulan hedduu isaanii keessaa magaalaan afaan hojii isaanii Afaan Oromoo godhatan muraasa. Kaan isaanii, mana daldalaa tokkotti gortee waa bitachuuf illee yoo afaan Amaaraa hin beekin bakka sagaleen kee itti awwaalamudha. Manneen barnootaa dhuunfaan hedduunis afaan Oromoo akka gosa barnoota tokkootti barsiisurraan kan hafe, seera Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin bulanii, Afaan Oromootiin gosa barnootaa hunda kan barsiisan miti. (Dassee 2018)

Dhimma kanarratti, namni Abdii Maty jedhamu, toora marsarriitii 'Yeroo Blog' irratti mata duree 'Oromiyaa naannoo magaalaa goddoo hin qabne' jedhu jalatti akka ibsetti, "Oromiyaan alatti, naannoleen saddeettan Itiyoopiyaa keessatti argaman hundi magaala mataa isaanii keessatti guddina qabatamaa hedduu argisiisaa jiru. Naannoleen magaalaa mataa isaanii qabaachuun siyaasa, diinagdee, hawwaasummaafi dhiyeessi bu'uraalee jireenya barbaachisoo akka argataniif daran isan gargaareera… Finfinnee mitii magaalotumti xixiqqoon Oromiyaa keessatti argaman dhibbantaa 80 ol eenyummaa Oromummaa hin calaqisiisan." jedha. Akka ibsa nama kanaatti, naannoon Oromiyaa magaalaa keessatti of ijaareefi eenyummaasaallee keessatti guddisaa jiru hin qabu.

"naannoon Oromiyaa magaalaa keessatti of ijaareefi eenyummaasaallee keessatti guddisaa jiru hin qabu"

Dhugaa dubbachuufis yoo ta'e, naannoolee salgan Itiyoopiyaa keessatti argaman keessaa Naannoon eenyummaasaa magaalaa tokkorratti hin ijaarin jiru Oromiyaa qofa.Fakkeenyaaf Bulchiins Mootummaa naannoo Amaaraa magaalaa Baahar Daarii, Goondarfi Dassee keessatti eenyummaasaa gad fageessee ijaaree jira. Magaalota kana keessatti afaan hojiis ta'e barnootaa Afaan Amaaharaa qofa. Namni dirqama hojiitiinis ta'u fedhiin naannoo sana deemu afaan jaraatti dhimma ba'a.

Naannoo Somaalee Itiyoopiyaattis akkasuma, afaan hojiifi barnootaa afaan Somaaleefi Ingiliffaa qofaani. Afaan kana beekuu baannaan waajjiraaleen mootummaa naannoo sanaallee kannama hin keessummeessine ta'uusaanii, ragaawwan odeeffannoo tokko tokko kan mirkaneessanidha. Naannoleen akka Tigiraay fi Affaarillee amaluma wal fakkaataa, magaalota isaanii keessatti qabu. Asirratti wanti hubatamuu qabu, itti fayyadama afaanii qofa osoo hin taane calaqqisni eenyummaafi miirri abbaa biyyummaa naannoleen kunniin magaalaa isaaniirratti qaban to'annoo isaaniitiin kan mullatudha.



Eenyummaan isaanii yookaan sabboonummaan naannolee kanaa qabiyyee bulchiinsa isaanii keessatti dhibbantaa guutuun mirkanaa'uunsaa, mirga heerri biyyatti ka'etti dhimma ba'uu jaraa mullisa.Humni barate kan naannoo sanaa utuu magaalota jiranirratti hin qacaramin, namni naannoo kan biraatii gara isaanii deemellee carraa qacaramuu hin qabaatu. Yoo akka carraa namni naannoo biraa dhimma hojiif bakka sanadeemes, afaan inni itti dhimma ba'u afaan hojii naannoo sanaati. Waajjiraaleen mootummaa naannoowwan kunniinii afaan hojii naannichaatiin nama keessummeessu.

Eenyummaan naannoo Amaaraa magaalaa Bahardaar irratti ijaarameera. Eenyummaan saba Tigiree Maqaleerratti ijaarameera. Eenyummaan Sumaalee Jijjigaa irratti ijaarameera.Eenyummaan Oromoo magaalaawwan Oromiyaa keessaa bakka kamitti ijaarame yoo jenne, afaan guutnee dubbachuun nu qaanessa. Magaalaawwan gurguddoo Oromiyaa keessa jiran keessattuu warreen giddu gala daldalaa ta'aan kanneen akka Finfinnee, Adaamaa, Shaashemannee, Baatuu, Jimmaafi Dirre Daawwaa yoo ilaalle, eenyummaan Oromoo foolii magaalichaa keessaa urgaa'u kan warra kaniin kan madaalu miti.

Magaalaa Finfinnee:

Magaalaan Finfinnee magaalaa guddoo Oromiyaafi teessoon MNO kan keessatti argamu ta'us, eenyummaan Oromoofi manni Oromoo magaalicha keessaa mullatu gurraamala. Manneen barnootaa Afaan Oromootiin barsiisan muraasniyyuu ijaaramuun isaanii turtii waggaa sadii hin fixne. Dabalataanis hojjetoonni waajjiraalen Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanneen finfinnee keessatti argaman hedduun isaanii Afaan Amaaraatiin hojii isaanii geggeessu. Yeroo waliin dubbatanis ta'e, nama keessummeessan irra caalaan isaanii jalqabarratti afaan Amaaraa dubbatu. Beeksisaalee qacarrii waajjiraaleen Oromiyaa baasan hedduun isaa, galaalcha /gaazexaa/ afaan Amaaraa irratti, fidalaan barreeffamee kan ba'udha. Finfinnee keessatti sababni eenyummaan Oromoo jabaatee dhaabachuu dadhabeefis sababa dhiibbaa siyaas-dinagdeetiif Oromoon magaalicharraa haphachuusaa ta'us, kan waajjiraalee Oromiyaa magaalicha keessa jiranii nama qaanessa. Finfinneen alattillee magaalawwan biroo kanneen akka Adaamaa yoo ilaalles komiin keenya kan Finfinneen ol yoo ta'een ala kan xiqqaatu miti.

" …Sabboonummaa fiduun hangafa taanus, saboonni baayyina ummataan Oromoon gadii ta'aan qabeenya ofiirratti of ijaaruutiin Oromiyaa caalaa jiru. "

Magaalaa Adaamaa

Magaalaan Adaamaa magaalaa gurguddoo Oromiyaa keessaa tokko taatus, manneen barnootaa magaalicha keessa jiran hedduun isaanii Afaan Oromoollee kan barsiisan miti. Manneen daldalaa magaalicha keessa jiran hedduun isaanii, afaan Oromootiin hin gargaaraman.Konkolaataawwan magaalittiirraa gara bakka biraatti nama geessan illee, afaan Amaaraatiin imaltuu waamus, buusus. Adaamaa qofas miti; Shaashemannee keessattillee sochiin waggaa lamaa asitti jiru, abdii namatti horus ammallee afaan hojii magaalaa sanaafi mannneen barnootaa magaalichaa eenyummaa Oromoo caalaa, eenyummaa kan biraa ijaaraa waan jiran fakkaatu. Magaalaa Asallaa keessattillee, waajjiraalee mootummaarraa hanga Hoteelawwan gurguddoottii, afaan Oromoo namoota hin beeknetu itti heddumata.

Magaalaa Jimmaa

Magaalaan Jimmaas rakkoo kanarra hin wayyine qabdi. Waajjiraaleen mootummaa yeroo dhihoo asitti, rakkoo kana furuuf dhiibbaa uumuuf yaalanis, hanga ammaatti hin milkoofne. Magaalicha keessaa manneen daldalaafi manneen barnootaa hedduuun afaan Amaaraatti dhimma ba'u.Imaltuun tokko utuu deemuu yoo aduun itti dhihe, Hoteelatti goreeafaan Oromootiin dubbatee carraan mana siree argachuusaallee dhiphaadha. (Dassee 2018)

Magaalaa Dirre Dawwaa

Magaalaan Dirre Daawwaas Oromiyaa keessatti kan argamu ta'us, afaan inni irra caalaatti fayyadamu yeroo dhihoo asitti afaan Somaalee ta'aa dhufaa jira. Magaalaan giddu gala Muuziqaa Oromoo turte Dirre Daawaan yeroo ammaa kana afaan Oromoon keessatti haphataa jira.Manneen barnootaa hedduun afaan Somaaleefi Amaaraatti dhimma ba'u.manneen barnootaa muraasni kanneen afaan Oromoo barsiisan jiraatanis hagas mara barattootarratti dhiibbaa uumuu hin dandeenye. Eenyummaan Oromoo magaalicha keessaa ifee mullachaa tures, yeroo ammaa kana eenyummaa Somaaleetiin bakka bufamaa kan jirudha.

Gara fuula 38tti naanna'eera

Lalisaa Indris Adam



Waa'ee Keenya

MAAYIKALAAWWII

MUUZIYEEMII TA'EEFI MUUZIYEEMII MAAYIKALAAWWII TA'E!

Biyya keenya keessatti sirna Mootummaa sadii oliif manneen hidhaa bakka jiruun dhala namaa itti dukkanaa'u, abdiin ilmoo iyyeessaafi sabboontotaa bakka itti rinciceeffamu ta'uun tajaajilaa kennaa, akka ambaa seenaatti sirna mootummaa duraarraa gara mootummaa itti aanuutti darbanii har'a qaqqaban kanneen lakkoobsaan lakkaa'amanii dhuman miti. Manneen hidhaa aanaaleetii hanga Godinootaatti, godinaaleerraa hanga biyyaatti jiran hedduun bakka amalli badaan itti sirreeffamu utuu hin taane, bakka namni amala gaariifi sabboonummaa qabu itti ajjeefamanta'ee tajaajilaa ture.

Manneen amala sirreessaa kanneen xixiqqoo bakka shakkamaan tursiifamurraa eegalee hanga bakka yakkamaan itti sirreeffamuutti, mirgi dhala namaa sarbamuun, yakkamaanis, shakkamaanis wal qixa iddoo itti dararamaniifi hiraarfaman ta'urra darbee, namni fayyumaa guutuu qabu mana hidhaa seenee yeroo gad dhiifamu qaama hir'uu ta'uun kaan ammoo jiraansaa dhaqee du'aansaa yeroo maatiif galu argaa turuun keenya yaadannoo yeroo dhihooti.

Haalota sirnoota bulchiinsa darbanii keessatti taateewwan uummata gidirsuu, sabboontota hidhuufi ajjeesuutiin muffiin uummatni mootummaarraa qabu yeroo fiixeetti ba'aa dhufu, mootummaan ADWUI sagalee uummataafi gaaffii lammiiwwaniirraa gurra cufatanii adeemuun akka baayyee isa deemsisuu hin dandeenye yeroo barutti, manneen hidhaafi bakkeewwan dhalli namaa itti hiraarfaman kanneen akka Maayikalaawwiifi Qaallittii, Qiliinxoo irratti sororsa taasisuun, mirgi dhala namaa manicha keessatti dhiibamaa akka turelleesadarkaa mana mareerratti amanee dubbachuurra ga'uuf mootummaan biyyattii dirqamee ture.

Marii Koree giddu galeessaa ADWUI irrattis, manni hidhaa Maayikalaawwii cufamuudhaan akka Godanbaa / muuziyeemii/ ta'u waadaan galame. Akkum ajedhames manni hidhaa Maayikalawwii cufamuun haaromsa waggaan booda, Jalqabbii bara 2012 ji'a Phaagumee 1-4tti banamee akka uummtni daawwatu taasifame. Adeemsi mana hidhaa Maayikalaawwii gara Muuziyeemiitti jijjiiruus daawwannaa guyyaa afurii kanaan eegale jechuudha.

Manni hidhaa Maayikalaawwii bakka itti sabboontonni saboota biyyattii itti hiraarfamaa turan yeroo ta'u, keessattuu ijoolleen Oromoo, barattoonni Yuunvarsiitiifi sabboontonni Oromoo kanneen waan Oromoofi Oromummaa isaanii jaallatan bakka isaan itti ofiisaanii qoraan ta'anii boba'uun qabsoo Oromoo bilcheessanidha. Yeroo manni hidhaa Maayikalaawwii gara Muuziyeemiitti jijjiiramuun akka uummatni daawwatuuf banametti, barreeffamoota hidhamtoonni keenyan manicha irratti barreessaa turan hedduunsaa kanneen garaa nama nyaatan turan. Kaan isaanii ammoo, taateewwan hiraarfama manicha keessatti raawwatamuu keenyan manichaarratti sararanii barreessuun akka galmee seenaatti kan ol ka'atanidha.

Egaa manni hidhaa Maayikalaawwii manneen hidhaa biyyattii kan ilmoon Oromoo keessatti dararamaa ture keessaa isa tokkodha malee leexaa miti. Manneen hidhaa garaagaraa sirnoonni mootummaa darbanii keessatti ilmaan Oromoo hiraarsaa turan Qaallittii, Qiliinxoo, Xoollay, Sanqallee, Sharkalleefi Shawaa Roobitfi kkf hedduutu jira. Ta'us ammoo Manni hidhaa Maayikalaawwii buufata hiraarfamaa isa guddicha jedhamee kan beekamu yeroo ta'u, kutaawwan dukkanaafi kutaawwan reebichaa akkasumas kutaa qorannoo, toorchiin qoqqoodamee jiraachuunsaa manneen hidhaa kan biroorraa adda isa taasisa. Keessattuu, dirreen shakkamtoonni shororkeessummaa itti hiraarfaman inni beekamaafi tokkichi mana hidhaa Maayikalaawwii jedhamee beekamu kanadha.

Mirga hidhamaafi bulchiinsa mana hidhaa ilaalchisee qorannoo mata dureensaa "The Jailhouse Lawyer's Handbook" jedhu fuula 20 irratti, qabiyyee "Free Expression of Political Beliefs" jedhuun yaadota shakkamaa yookiin yakkamaa hidhuun wal qabatee ka'aan irratti qorannoowwan manneen hidhaa gurguddoo Adunyaa kanarra jiran irratti adeemsifame wabeeffachuun yoo ibsu, jaarraa 21ffaa kana keessa mirgi uumamaa namni tokko qabu dhala namaatiin sarbamuun qaanii ta'usaarra darbee gochi nama hiraarsuu yookiin gatii balleessaa namaaf nama ajjeesuu, hiraaruufi dararuu amala bineensummaan oli jechuudhaan qeeqa.

Gochoonni daraaraa, ajjeesuu, toorchii godhuufi mana dukkanaatti rakkisuu kan Itiyoopiyaa keessatti raawwatamaa ture kunis, baroota qabsoon Oromoo fiixeetti ba'etti afaan sossobbii Mootummaa ta'uudhaan manneen hidhaa yakki akka kanaa keessatti raawwataman akka cufaman



taasifame. Manneen hidhaan kun akka cufamaniif yeroo mootummaan miidiyaarratti waadaa galus gammachuun lammiilee biyyattii daangaa darbee ture. Miidiyaaleen biyyattiis wal harkaa fuudhanii, dookimenterii hojjechuun toora sabaa himaalee irratti uummata maganfachiisan. Turtii yeroo muraasaa boodas bara 2011 ji'a Phaagumee 1-4tti Manni hidhaan Maayikalaawwii Godanbaa /Muuziyeemii/ ta'ee akka uummatni Biyyattii daawwatu taasifame. Daawwannaa kanaanis yeroo lammataaf toorri miidiyaalee Hawaasummaafi Idilee gabaasa taateewwan mana hidhaa sanaatiin jaatanaa'an. Mootummaanis mana hidhaa Maayikalaawwii saaquun Muuziyeemii godhuusaa labsate.
Manni hidhaa Maayikalaawwiis toora manneen hidhaa Biyyattii keessaa ba'ee, dirree tuuristootaan daawwatamu ta'uun namoota kumaatamaan lakkaa'amanii guyyoota afuriif dawwatamaa ture. Haalli kunis taatee Biyyattii keessatti raawwatame isa malaalchisaa jedhamuun harka rukuchiisufis, wanti faallaa gocha sanaa ta'u garuu, Lixa Oromiyaa magaalaa Naqamtee keessatti mootummaa kanaan raawwatamus taateen sun uwwisa miidiyaa waan hin arganneef, amma mana hidhaa muuziyeemii ta'e sanaatti hafarsamuu hin dandeenye. Ta'us garuu, Muuziyeemiin guyyaatti daawwattoota dhibbaan lakkaa'aman keessummeessu Masaraan Kumsaa Morodaa yeroo manni hidhaa Maayikalaawwii Muuziyeemii ta'utti, inni ammoo Maayikalaawwii ta'uudhaan bakka dhalli namaa itti hiraarafamutti gedderamee jira.

Masaraan Kumsaa Morodaa magaalaa Naqamtee keessatti kan argamu yeroo ta'u, umurii waggoota 100 olii kan qabu ta'ee, bakka hawwata tuuristoota magaalichaa keessaas isa hangafadha. Bakki kun yeroo ammaa kanagaruu ji'oota 5 asitti, muuziyeemii ta'uunsaa hafee bakka ilmaan Oromoo itti

> **Finfinneetti Mana hidhaa Muuziyemii taasisaa, Naqamteetti Muuziyeemii mana Hidhaa taasisuun, gurraamala Oromoo garboomsuudha.**

hidhaman ta'ee jira. Raayyaan Ittisa biyyaa magaalicha qubsiifame Godanbaa kana keessa buufachuun kutaawwan seena qabeessa manicha keessa jiran mana hidhaa taasisanii itti tajaajilamaa jiru. Shakkamtooni maqaa ABOfi WBOtiin qabaman masaraa kana keessatti hiraarfamaa, reebamaa akka jiran jiraattonni magaalichaa ni dubbatu. Daawwachiistoota Masarichaa keessaa namni maqaansaa akka dha'amu hin barbaanne tokkos dhimma kana akkas jechuun dubbata. "Manneen xixiqqoofi guddaan mooricha keessa jiran buufata waraanaa ta'anii, boolli dukkanaa gad fagoo meetira 4 kan dur Kumsaa Morodaa namoota Gibira kaffaluu didan keessatti hidhaa ture amma ammoooo Qeerroo Oromootu keessatti hidhamaa jira. Dirreen wal qixxee lafti Bajjii mooraa masaraa kana keessatti argamus, qorraafi rooba keessatti harkaafi miilla dargaggootaa walitti hidhuun bakka isaan irratti reebaman ta'ee jira. Wanti nuti argaa jirru waan abdii si kutachiisudha." Jechuun dubbata.

Sababni Mootummaan Masaraa sana filatee mana hidhaa godheef ammoo maali, Biiroon aadaafi Tuurizimii Godinichaa yookaan Bulchiinsi magaalaa Naqamtee maalif dhimma kana furuu dadhabe? Jechuudhaan nama kana gaafannaanis deebiin inni laate "Wanti kun ajajuma gubbaarraa gad darbedha nuun jedhani. Mootummaan masaraa kana keessatti nama dararuuf filachuunsaa sababa lamaafi. Tokko uummatni magaalichaa masaraa kana seenaa ofiitti qabsiisee waan ilaaluuf salphaatti uummata aarsuuf yookaan abdii kutachiisuuf keessatti waan fokkisaa raawwataa jiru. Inni lammataan ammoo tarkaanfiin alaa nutti fudhatamu yoo akka carraa jiraateef, masaraa kana keessatti nurratti hin fudhatan. Masaraa kana waan uummatni jaallatuuf of jalaa hin barbadeessan jedhaniitu bakkicha filatan. Waan masaricha keessatti raawwata-



maa oolu abdiidhuma si kutaam. Ijoollee saafela qabanii dhufanii keessatti gudeedu. Reebu, hidhu/ kana baruma waaqni nurra dabarse haasofna" jechuun deebii kenne.

Egaa taateen kun taatee wal dha'aa gurri uummataa dhaga'uun adda baafachuu qabudha. Finfinneetti Mana hidhaa Muuziyemii taasisaa, Naqamteetti Muuziyeemii mana Hidhaa taasisuun, gurraamala Oromoo garboomsuudha. Isa tokko kofalchiisaa, isa tokko boossisuudha. Uummatni dammaqee dhimma kana himachuutu irra jiraata. Kaan ammoo diraamaa mootummaa kana qofa ilaaluu osoo hin taane, iyya waltajjii diraamaa duubaa dhagaa'amuufis gurra laachuutu irra jiraata.

Masaraa Mootummaa Saamsameefi Masaraa Mootummaa Paarkii Ta'e

Masaraan Mootummaa Minilik waggoota 120 oliif Mana Mootummaa qofa ta'uun sirnoota garaagaraa keessummeessaa ture Godanbaa dabalataa akka Biyyaalessaatti jiru ta'ee daawwannaaf akka dhihaatu taasifamee jira. Masaraan Mootummaa Biyyaalessaa Finfinnee naannoo Daalettii /Arat Kiiloo/ jirus godanbaa ta'uun daawwannaadhaaf akka saaqame uummatni gurraa qaba. Taateewwan kun hundinuu garuu, magaalaa guddittii Biyya keenyaa Finfinnee qofa keessatti kan raawwataman ta'ee itti fufaa jira. Adeemsi kunis gurraamala diimokiraatessuu yeroo ta'u, Mirgi yookaan biliisummaan mootummaan fidne jedhu warra magaalaa qofaafi akka nama jechisuu wantootni taasisanis akka gadiitti kaafamu.

Naqamteetti Masaraan Mootummaa durii /Kumsaa Morodaa/ bakka daawwannaa yookaan Muuziyemii ta'uunsaa hafee buufata Waraanaa akkasumas mana hidhaa ta'ee jira. Jimmaattis Masaraan Mooticha Abbaa Jifaar moofa'ee caccabaafi dulloomaa jira. Finfinneetti ammoo Masaraan Mooticha Minilik haareffamee daawwannaaf dhihaataa jira. Masaraan Minilik kun manneen durii kan Habte Goorgis Dinagdee /Qusee/, Minilik fi buufata keessummoota durii akkasumas galma guddicha Minilki Gibira keessatti funaanaa ture dabalatee ambaawwan seenaa Impaayera Itiyoopiyaa garaagaraa kan of kessatti qabatedha. Seenaawwan Masaraa Minilik kana keessa jiran hedduun isaanii seenaa garboomsaafi cunqursaa Minilik dhaadessanidha malee, waan saboota biyyattii ibsanillee kan qabatu miti. Ta'us garuu bakkeewwan bashananaa amma reef achi keessatti ijaaraman kanneen akka buufata Bineensotaa, Itiyoopiyaa Xiqqittii jedhamuun Naannolee salgan waantoota bakka buufaman bakka itti agarsiifamaniifii halluuwwan Itiyoopiyaa durii calaqqisiisan bakka itti ifanii mullatan ta'ee banamee jira.

Faallaa gocha kanaatiin ammoo masaraawwan mootota Oromoo Maccaa /Kumsaa Morodaafi Abbaa Jifaar/ akkaataa garaagaraan moofa'aafi dagatamaa jiru. Masaraan Kumsaa Morodaa bakka buufata Waraanaa ta'uun ilmoon Oromoo bakka itti hiraarfamu ta'ee, iji ambaawwan durii ilaalee gammaduuf achi seenu, reebicha alagaan ilmaan Oromoorratti raawwatu argee suukkanna'aa jira. Masaraan Abbaa Jifaaris dagatamuudhaan moofa'uufi caccabuun halluusaa gad dhiisuuf dirqamaa jira. Akkasumallee daandiin Dirreen Sheekanaa Huseenfi Holqa Soof Umar geessan caccabiifi jilbibbii kan nama deemsisan ta'unsaaniifi bu'uraaleen misoomsaa bakkichatti hirratanii jiran qabeenya abbaa dhabe isaan jechisiisa. Haala kana keessatti callisni mootummaafi faallaa fedhii Oromoo tirachuun mootummaa dhukkuba suuta sabboonummaa sabichaa ajjeesu ta'uusaa mullisa.

Rakkoofi ciniinsuun Uummata Oromoo lixaa, Bahaa, Kibbaafi Kaaba daangaa Oromiyaarra mullataa jirus, mootummaan Oromummaaf xiyyeeffannoo dhabuu kan agarsiisanidha. Kaabarraan Oromoonni Walloo iyya birmannaa hin qabne iyyaa jiru. Waldhaansoo gargaarsa obboleessaa barbaadu qofaa isaanii qabaa jiru. Kibbarraanis Oromoonni Gujiifi Booranaa hiraarfama waraana Mootummaatiin waan kanaan dura arganii hin beekne argaa jiru. Lixaafi Baha Oromiyaarraanis Oromoonni Wallaggaafi Dirre Dhawaa ulee Poolisii Mootummaatiin dirarrra reebamaa,



Waa'ee Keenya

bakka rukutaman yoo sukkuummatanis 'maalif sukkuummatteedhaan?" dabalata rukutamaa jiru. Mootummaan ammoo waltajjii Diraamaasaa ballisuun akka Biyyattii wantoota gammachiisoo ta'aan, manneen hidhaa Federaalaa Muuziyeemiitti gedderuun, Biyyaafi Biyya walitti araarsuun, Muuziyeemiiwwan federaala jala jiran kanneen akka Laalibalaafaa haaressuun, Maqaa biyyittii gaarummaadhaan waamuun jaallattootaafi finxaaleeyyota Itiyoopiyummaa faarsan mirqaansuun uwwisa miidiyaa maqaa gaarummaadhaan argataa jira. Waltajjii diraamichaa boodaan ammoo bakkeewwan seenaa Oromoo mana hidhaatti jijjiiraa, faallaa sabboonummaa Oromoo kan ta'e, ilaalcha biyyummaa impaayerichaa faarsaa, Oromoota daangaarra jiran dhiibuun lafa Oromiyaa gara saboota Impaayera biyyichaatti amananiif muree kennaa, nageenya Oromoota daangaarra jiranii sarbaa jiraachuusaa taateewwan armaan olitti kaafaman ragaa ta'uu danda'u.

Haa ta'u malee callisniifi wal jalaa riphuun uummata Oromoo bal'aa akka bidiruun qabsoo Oromoo gara walakkaa galaanaatti achi adeemtu taasisaa jira. Diraamaan mootummaa sagaleen boo'ichaa uummata isa iyyuu kolfa ta'ee akka dhagaa'amuuf taatoowwan babbareedaan dhihaataa jira. Uummatni ammaaf naannoo quubsumasaaatti rakkoon hin uumamin jiruus, iyyaafi boo'icha uummata daangaarraa caalaa, diraamaa kofalchiisaa mootummaan barreessee hojjetu qofa dhaga'uuf dirqamaa jira. Adeemsi kun garuu suuta, suuta erga harki mirgaa dadhabee booda harka bitaatti akka hin ceeneef, utuu gurri uummataa diraamaa mootummaa caalaa, iyya waltajjicha duubaa dhaga'amu dhaggeeffatee gaariidhan jedha.

Galatoomaa!

Fuula 34 irraa kan naanna'e

Magaalaawwan armaan olitti maqaa waame warren gurguddoo yeroo ta'an, magaalaawwan giddu galeessaa Oromiyaa keessa jiran kanneen akka Bishoftuu, Amboo, Naqamtee, Fiichee, Mattuu, Dambi Doolloofi Moyyaaleefaas ni jiru. Magaalaawwan kanneen keessaa, Dambi Doolloo, Roobee, Buraayyuu fi Naqamtee, tajaajila Afaan Oromoon kennuufi eenyummaa Oromoo keessatti ijaaruutiin kan komataman ta'uu baatanis, warren akka Bishooftuu, Gobbaa,Mattuu, Fiicheefi Amboo, Shaashemannee magaalaawwan Oromummaan keessaa urgaa'u ta'anii afaan isaan irra caalmaa itti fayyadaman Afaan Amaaraa ta'usaa, waraqaa Qorannoo Waggaariin MA isaa guuttachuuf Yuunvarsiitii Jimmaatti dhiheesse ni mirkaneessa.

Haaluma kanaan, magaalaawwan heddu keessatti barjaaleen dhaabbattoota garaagaraa yoo barreeffaman qubee Afaan Oromoollee seeraan kan hin eegnedha. Afaan Oromoo jalqabarra barreessuun dirqama waan itti ta'e qofaaf kan barreessanidha malee, odeeffannoo guutuu kennuu barjaa hin dandeenye maxxansu. Dhaabbata tokko beeksisuuf, mata duree yookaan maqaa dhaabbata sanaa erga barreessanii booda, ibsiotoota garaagaraa kanneen gadi fageenyaan waan sana ibsan afaan amaaraatiin kan barreessantu baayyata. Kun ammoo kaninni agarsiisu, magaalaa keessatti eenyummaan Oromoo ijaaramaa akka hin jirredha.(Wiirtuu 2016)

Rakkoo kana hundeerraa furuu kan danda'u qaama mootummaa qofa osoo hin taane, gareewwan hawaasaa garaagaraa hirmaachisuun ta'uu danda'a. Ilmi Oromoo tokko biyya isaa keessatti afaan isaan akka baratuuf maatiin barattootaa mana barumsaa Afaan Oromoo barsiisutti erguu, mootummaanis ammoo naannoo Oromiyaa keessatti afaan kan biraan barnoota hayyamuu dhiisu danda'uutu irra jiraata. Kana qofa miti; namuu afaan Oromoo akka dubbatuuf yookaan baratuuf yoo irraa bitnus itti gurgurrus afaan Oromoo dubbachuutu nurra jiraata.

Eenyummaan Oromoo magaalaa keessatti adda ta'ee ijaaramuu yoo danda'e, abbentaan magaalichaa harka keenya galuudhaan faayidaalee dinagdeefi guddina siyaasaas akka sabaatti argachuu dandeenya.Muuxannoo magaalaawwan xixiqqoo /aanaa/ Oromiyaa hedduu gara nagaalaawwan Godinaatti fiduudhaan dhiibbaa gochunisni danda'ama.

Bulchiinsi magaalaafi geggeessitoonni godinaalee yeroo uummata magaalaa walga'ii adda addaaf walitti qaban, akkuma naannoonTigiraay, Amaaraa, Somaaleen qabiyyeesaa keessatti afaan naannoosaatti dhimma ba'u, Naannoo Oromiyaa hunda keessattis afaannihojiiqabatamaadhaan Afaanuma Oromoo ta'uutu irra jiraata. Baqataan yookaan jiraataan naannoo kan biraatii dhufe, naannoo Oromiyaa keessa taa'ee tajaajila kaninni argachuu qabu Afaan Oromootini malee, afaan hojii naannoo kan biraatiin ta'uu hin qabu.

Dhaabbileen Amantii kamuu yoo afaan hojii naannoo sanaatiin dhimma hin ba'u ta'e carraan inni afaaniifi aadaa sabaa ukkaamsuuf qabu bal'aa waan ta'eef eeggannoon guddaan godhamuutu irra jiraata.Manneen barnootaa garaagaraa magaalaa keenya keessatti ijaaramanillee eenyummaa keenyaafi afaan keenya kan ol guddisan yoo hin taane, amma nama wareebeessa manatti guddifataa jiruuti. Dhalattoonni Oromoofi alagaa kan naannoo Oromiyaa keessatti dhalatanii guddatan Afaan hojii naannoo sanaa wallaaluun qaanii guddaafi ofirratti muguu uummatichaa agarsiisa. Akkasumas ammoo namoonni akkasii, uummata keessaa dhalatan tuffachuufi aadaa uummatichaaa dheessuutti akka dhufan godha. Kunimmoo eenyummaan uummatichaa kan biraatiin akka aguugamu wantoota taasisan keessaa isa tokko. Akkuma Oromoon "Muka abbaan kenne, hundeetti qirixu" jedhu ofiin ofirratti rafuun keenya badiif akka nun qaqqabsiisnetti ammuma dammaquutu nu brbaachisa.

Walumaa galatti, saboota biyyattii keessaa sabboonummaa fiduun hangafa taanus, saboonni baayyinaan uummataan Oromoon gadii ta'aan qabeenya isaaniirratti of ijaaruutiin Oromiyaa caalaa jiru. Kanaafmagaalotni Oromiyaa keessa jiran eenyummaa Oromoo giddu galeeffachuutiin kan guddatan yoo hin taane, abbentaan magaalichaa lafa qofaan ta'aa adeema. Kun ammoo dhaloota duubaan dhufutti ba'aa fe'uu waan ta'uuf, ammarraa kaasee xiyyeeffannoon addaa laatamee hojjetamuu waan qabudha.

Galatoomaa!

DIINAGDEE ITIYOOPIYAA

LIQII BIRRII TIRILIYOONA 1.5 BAATEE DU'UUF WIIXXIFATU

Barreeffama kana keessatti haala diinagdee Itoophiyaa jalqabarratti ni ilaalla. Itti aansee diingadee Oromiyaa akkam akka tahu xinxaala xiqqaa itti kennina.

Diinagdeen Itoophiyaa liqii irratti hundaa'e. Gabaasa diinagdee Mootummaa Itoophiyaatin galiin (GDPn) biyya kanaa harki 50 ol liiqii irratti kan hundaa'edha. Bu'uraaleen misoomaa hundi liiqiidhaan kan ijaaramaa jiranidha. Waa'ee Liiqii Itoophiyaa kana midiyaalee hedduun, dhaabbilee hedduun gabaasaa turan; jirus. Fakkeenyaaf torban darbe Gaazexaan Rooyiters diinagdeen Itoophiyaa liiqii irratti hundaa'e rakkoo hamaa seenuun isaa hin oolu jedheera. Kana malees dhaabbanni Trading Ikoonomiksi jedhamu kan waa'ee diinagdee Addunyaa tilmaamu Liiqiin Itoophiyaa galii Biyyattiin argattu (GDP) parsantii 65 akka dhuunfatu yoo himu, kunimmoo diinagdeen biyya keenyaa rakkoo hamaa keessa jiraachuu mul'isa. Rakkoo Hammaataa kana keessaa bahuuf gaazexaan Biluumbarg akkana jedha " Itoophiyaan boolloo (dhidhima) doolaara Biliyeena 10 keessaa baatu malee hin misoomtu" jechuun dhiyeessa.

Diinagdee biyya kanaa gaafa ilaallu liiqii guddaas tahee maallaqa guguddaa kan sochoosu qabeenyota mootummaan bulchuudha. Akka fakkeenyaaf Daandii qilleensa Itoophiyaa, Itiyoo Telekoom, Baankii Daldala Itoophiyaa, Baankii Misooma Itoophiyaa,

> "Biyyi kun liqii doolara Biliyoona 56 ol ofirraa qabdi."

Warshaalee qabiyyee mootummaa jala jiran kan akka Alkoolii Biyyoolessaa fudhachuun ni dandahama. Qabeenyi kun kan ummataa tahus kan itti fayyadamu ifatti warra mootummaadhaan hidhata qabani. Waggoota 27 darban keessatti qabeenya biyya kanaa kan elmee fixe dhaabbileen armaan olitti kaase kanaadha.

Biyyi kun liqii doolara Biliyoona 56 ol ofirraa qabdi. Liiqiin biyya alaa Doolara Biliyoona 26 yoo tahu, Liiqiin biyya keessaa ammoo Biliyoona 30 oliidha. Gara qarshii Itoophiyaatti Itoophiyaan Liiqii qarshii Tiriliyoona 1.5 ofirraa qabdi jechuudha. Liiqiin kun Diinagdee biyyaatti dhidhimatti gatuun isaa waan hin hafneef mootummaan kana booda Liiqii Idil Addunyaa keessattu kan dhala qaburraa of eeguu qaba. Kana malees diinagdeen biyya tokkoo kan guddattu Oomisha qabatamaadhan waan taheef seekteroota qonnaa fi waarshaalee babal'isuu irratti xiyy-

eeffachuu akka qabuudha.

Gabaasni mootummaa Gamtoomanii bara 2015 baase akka jedhutti Biyyootni liiqii guddaa baatanii jiran sadarkaan guddina isaanii itti fufiinsa akka hin qabneefi fuulduratti kufaatiin dinagdee akka isaanqunnamu ibsa. Sababni isaa ammo, Liiqiin biyya Alaatii dhufu kun investimentii sirnaan hin qabamne, kan bu'aan isaa dinagdee dhuunfaa dhiibu (Crowding out private sector) irratti waan baasii ta'eef jedha. Biyyoota liiqii hedduu qaban (highly indebted poor countries (HIPCs)) keessaa biyyi Itoophiyaa tun ishee tokkoodha. "Ethiopia, one of the developing countries, external debt is not simply unsustainable; even the higher debt relief would not bring the country within each of meeting its responsibility within the context of global poverty reduction goals. In line with this according to the World Bank classification of highly indebted economies, the country is one of the severely indebted low income countries (one of HIPCs)) jedha gabaasichi. Kana jechuun ammoo Biyyi kun sadarkaa Liqii alaayis yaa tahu keessaa liqeeffattee Oomisha oomishuu dandeessu, misooma gaggeessuu dandeessu bira tarteetti. Diinagdeen ishee dhukkubsateera jechuudha.

Diinagdee Itoophiyaa ammaa (Contemporary economy) kana nama dhiiga namaatiin ji'aa haga ji'aatti turuun walfakkeessu beektoonni seer-qabeenyaa(economics). Hundeeffama biyyattii kanaarraa yoo kaasne seenaan biyyattii mootoleen turan kadhaatti kan hin laafne, mootota Biyyoota alaa jala kaachuun gargaarsa funaanachaa turuu hima. Baroota darban 28ttanitti ammoo Maallaqni gargaarsaan funaanamaa ture doolara Biliyoona 30tti yoo siqu gabaasa bara darbe dhaabbatni Maallaqa Addunyaa (IMF, International monetary fund) baaseen maallaqni kun duub deebi'ee biyyoota alaatti galuu hima. Ummataafi Biyyaaf kadhatanii, ummata jalaa hatanii dhokfatu turan.
Istraateejiiwwan guddina Diinagdee himan lameenuu (Balanced growth theory fi unbalanced economic growth theory), diinagdeen biyya tokkoo oomisha isheetiin malee liiqiidhaan akka hin guddanne ni himu. Tiwooriin /Yaaxinni/ jalqabaa akka jedhutti aluma tokkotti bu'uuraalee misoomaa hundarratti invest goonee guddanna yoo jedhu, kan jalqabaa seektoroota filatamoo irratti invest goona jedhu. Liiqiidhaan biyyi guddate akka hin jirrees Yaaxinoonni /Tiyooriin/ lameenuu ni ibsu.

Kanaafuu Diinagdee kufuuf wixxifatu kan qaala'insi jireenyaa hawaaasa qorke kana sirreessuuf liiqii caalaa hojii qabatamaa irratti ciichuu, hattoota qabeenya dhoksan harkaa fuudhanii misooma ummataaf oolchuu, dureessummaa mootummaa hir'isuu, baasii mootummaan hojiilee bu'aa hin qabneef oolan fknf hojii siyaasaafi dabbalootaf oolchu hir'isuun akka diinagdeen bayyanatu gochuun ni danda'ama.
Itti fufa!

Barreessaan Maarid Addaamuu (MA Development Economics, MA Marketing Management, BA Economics, Baankerii , Barsiisaa Yunivarsitii)

Address:
meridtullu@gmail.com/0921210412